# AFSEENAAFI AFWALALOO WARRA JIDDAA: IJA AFOOLESSAAFI SEENGOOREETIIN

**YOOSEEF SHIFARRAA SANYII**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'E, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE.**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANOOTAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**AMAJJII 2017/2025**

**FINFINNEE**

# Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa: Ija Afoolessaafi Seengooreetiin

**Yooseef Shifarraa Sanyii**

**Gorsaa: Asafa Tafarraa Dibaabaa (PHD)**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (Ma) Guuttachuuf Qophaa'e, Muummee Afaan Oromoo, Og-Barruufi Fooklooriitiif Dhiyaate.**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Barnootaafi Qo'annoo Afaanotaa Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklorii**

**Amajjii 2017/2025**

**Finfinnee**

**Yuunivarsitii Finfinnee**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Og-barruu guuttachuuf Yooseef Shifarraa, mata-duree: Afseenafi Afwalaloo Warra Jiddaa: Ija Afoolessaafi Seengooreetiin Xiinxaluu irratti hundaa'uudhaan Kan dhiyaate sadarkaafi ulaagaalee Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

**Qorataa alaa: Taaddasaa Jaalataa (Dr) mallattoo _______ Guyyaa__________**

**Qorataa keessaa: Filee Jaalataa (Dr) Mallattoo ________ Guyyaa __________**

**Gorsaa: Asafa Tafarraa (Dr) Mallattoo _______________ Guyyaa __________**

**__________________________________________________________ Itti gaafatamaa muummee yookiin qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa(MA)**

## Axeeraraa

*Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa mata duree Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa: Ija Afoolessaafi Seengooretiin xinxaaluu dha. Kaayyoon qorannichaas afwalaloofi afseenawwan warra Jiddaa, seenaa namoota beebbeekamoo bu'uureffachuutiin, ragaalee afgaaffii, marii gareefi sakattaha barruu jiran irraa guuraman ija afoolessaafi seengooreetiin xiinxaluudha. Kahumsa qorannichaas, afseenaafi afwalaloo Warra-Jiddaa keessatti namooti bebbeekamooniifi kanneen dhaloota lafaa-dhufaatiif fakkeenya gaarii tahan hin qoratamin jiraachuu; qorannoofi quwannoon akka kanaas mala qorannoofi yaaxxina qorannoo afoola Oromootiif gumaacha tahee utuu jiruu gama kanaan qaawwi jiraachuufi qorannoo kana fakkaatuuf xurree kaahuun dha. Gaaffileen bu'uraa qorannichaa, Afwalaloofi Afseenaan namoota bebbeekkamoo Oromoo Salaalee Naannawaa Jiddaa keessatti himaman ija afooleessaafi seengooreetiin maal fa'i? Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga'ee maalii qabu? Namoonni bebbeekkamoon Oromoo Salaalee warra Jiddaa hiddi latiinsa isaanii maal fakkata? kan jedhanii dha. Odeeffannoon madda adda addaa kallattii garaagaraa irraa meeshaalee funaansa odeeffannoo armaan olitti heeramaniin walitti qabaman mala akkamtaatiin qoqqooduutiin boqonnaa afur jalatti xiinxalamanii jiru. Argannoo seenaan namoota hedduu karaa irraa maqee yookiin seenaan isaanii iddoo itti dhalatanii sirnaan kan hin barreeffamne ta'uu, seenaan gootata hedduu hojiin isaanii dhokachuufi dagatamaa dhufuu, seenaan namoota hedduu inni sirrii hin taane sabqunnamtii adda addaafi kitaabilee barnootaa sirna barnootaa haaraa keessatti maxxanfamaa jiraachuu, seenaana namoota hedduu hojiin isaanii akka ifatti bahu moggasni dhaabbilee garagaraa, daandiifi iddoo addaddaatti kan hin moggaafamne ta'uu, Afwalaloo naannawaa Jiddatti beekkaman hedduun isaanii ergaa garaagaraa qabaachuu, seenaan nammota beebbeekamoo tokko tokko mannneen barumsaa maqaa isaaniitiin moggaafamuu, hiddi latiinsa namoota bebbeekkamoo tokko tokko kan dagatame ta'uu, qorannoon namoota bebbeekkamoofi seenaan isaanii sirnaaan barreeffameefi qindeeffamee kan hin jirre ta'uu, afwalaloowwan naannoo Jiddaa keessatti Afaan Oromootiin kan hin barreeffamneefi yaadannoon yeroo adda addaatti namoota bebbeekamoo saniif taasimamu kan hin jirre ta'uu isaa ti. Akka yaada furmaataa qorannichaattis rakkoowan eeraman sun kallattiima argannoon agarsiisuun adeemsa keessa akka furaman kallattiin kaahameera.*

## Galata

Jalqabarratti jalqabaa hanga xummuraatti gargaarsa isaatiin dhamaatii baayyee keessa kan na ceesise ifaajee koo galmaan naaf ga'e rabbiin guddaan galateeffadha. Itti aansuun gorsaan kan na cinaa dhaabbatan Dr. Asafa Tafarraa Dibaabaa nuffii tokko malee adeemsa qorannoo kanaa milkeessuuf osoo yeroofi beekkumsa isaanii hinqusatin jalqabaa hanga dhumaatti yaadaafi gorsa isaanitiin najajjabeessuufi na qajeelchun milkaa'ina kaayyoo qoraannoo kootiif deeggarsi naaf godhan laayyotti kan dagatamuu miti. Kanaaf galata guddaan galchaaf. Gorsaan koo deeggarsi isaan naaf gadhan qorannoo koo bilchinaafi gadi faggeenyan naaf ilaaluun hanqinota jiran akkan fooyyeffadhuufi hubannoo koo akka cimsadhu waan riqicha naaf ta'ainiif isaan dinqisiifachaa beekkumsaafi amalli isaanii kun dhalootaf akka turu umrii dheeraan hawwaaf. Akkasumas, yeroofi humna isaanii anaaf jecha kan dhangalaasuun odeeffannoo bal'aafi yaada kaayyoo koo ittiin milkaa'u naaf kennuun kan na deeggaran maanguddootafi ogeeyyii dhimma qorannoo kanaa Aanaa Jiddaa odeeffannoo bal’aa naaf laataniif guddaan galateeffadha. Dabalataan, Milkaa'ina hojii qorannoo kootiif hanga dhumaatti na waliin turuun Yaadaan, yeroon, maallaqaafi humnaan na deeggaruufi na jajjabeessuun onnee natti uumteef haadha waarraa koo Barsiistuu Alamituu Kootuuf galannii ani qabuuf olaanaadha. Dhumarratti, hojii qorannoo koo keessatti deeggarsa odeeffannoo hanga beekumsa isaanii naaf qooduun akkasumas, odeeffannoo qorannoo kootiif ragaa gama waajjira isaaniitiin jiru naaf qooduun kan na cinaa dadhabaachaa turan hoogganaa Waajjira Aadaafi Turzimii Aanaa Jiddaa Obbo Asaamminoo Birraatuutiif galanni ani isiniif qabu dachaadha.

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


Axeeraraa ... i

Galata ... ii

BAAFATA ... iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1. Seensa ... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2. Ibsa Bakka Qorannichaa ... 3

1.2.1. Argamaafi Moggaasa Maqaa Aanaa Jiddaa ... 4

1.2.2. Haala Qilleensaafi Biyyee Aanichaa ... 4

1.2.3. Hidda Latiinsa Oromoo Tuulamaa Shanan Jiddaa ... 6

1.3. Ka’umsa Qorannichaa ... 8

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ... 9

1.4.1. Kaayyoo gooroo ... 10

1.4.2. Kaayyoo Gooree ... 10

1.5. Barbaachisumma Qorannichaa ... 10

1.6. Daangaa Qorannichaa ... 11

1.7. Hanqina Qorannichaa ... 11

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’AA BARRUUWWANII ... 13

2. Seensa ... 13

**2.1. 1. Maalummaa Afwalaloo** ... 13

**2.1.2. Amaloota Afwalaloo** ... 14

2.1.3. Faayidaa Afwalaloo ... 14

2.1.4. Gosoota Afwalaloo ... 15

2.2. Afseenaa ... 19

2.2.1. Amaloota Afseenaa ... 22

2.2.2. Faayidaa Afseenaa ... 24

2.2.3. Gosoota Afseenaa ... 26

2.3. IBSA YAAXINAALEE ... 28

2.3.1. AFOOLESSA ... 28

2.3.2. Yaadiddama Seenawaa (Historical reconstructional theory) ... 30
2.3.3. Yaadiddama Haalaa (Contextual Theory) ... 30
2.3.4. Yaadiddama Caasaa (Structurulist Theory) ... 31
2.3.5. Yaadiddamni Faaydeessummaa (Functionalism Theory) ... 31
2.3.6. Yaad-Rimee fakkoommii ... 32
2.3.7. Fakkoommii Mallattoo ... 33
2.4. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ... 34
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO ... 35
3.1. Gosa Qorannoo ... 35
3.2. Irraawwatama Qorannichaa ... 35
3.3. Madda Ragaalee ... 36
3.4. Mala Iddatteessuu Qorannichaa ... 36
3.5.1. Daawwannaa ... 38
3.5.2. Sakkatta'aa dookumantii ... 38
3.5.3. Af-gaaffii ... 39
3.5.3. Marii Garee ... 39
3.6. Malleen Xiinxala Ragaalee ... 40
3.7. Qindoomina Qorannichaa ... 40
BOQONNAA AFUR: XIINXALA DHIYEESSAFI HIIKAA RAGALEE ... 41
4.0. SEENSA ... 41
4.1. NAMOOTA BEEKAMOO AFWALALOOFI AFSEENAA WARRA JIDDAA KEESSATTI 41
4.1.1.2. Haala hidda maatii (warra) Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa ... 43
4.1.1. 3. Haala Gaa'ela Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa ... 44
4.1.1.4. Hojii Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Yeroo Ijoollummaa isaa fi Dandeettii Addaa inni qabu. ... 45
4.1.1.5. Akkaataa Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Gara Fiigichatti Seenuu Danda'e ... 45
4.1.1.6. Dorgommiiwwan Atileet Kumalaa Kumalaa Abbabaa Biqilaa Moo'ate keessaa Muraasa .. 46
4.1.1.7. Haala Miidhamuu Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa ... 47
4.1.1.8. Haala Du'a Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa ... 49
4.1.1.9. Ragaalee Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Aanaa Jiddatti Dhalachuu ... 49
agarsiisan ... 49

4.1.1.10. Sababa warri Abbichuu Atileet Abbabaa Biqilaa Keenya Jedhaniif 50
4.1.2. Seenaa Artiist Wasanuu Diidoo 52
4.1.2.1. Maqaa fi Hidda Sanyii Artiist Wasanuu Diidoo 52
4.1.2.2. Dandeettii Artiist Wasanuu Diidoo fi Sirboottan Isaa 53
4.1.2.3. Akkataa Artiist Wasanuu Diidoo itti gara sirbaatti seene 54
4.1.2.4. Afwalaloowwan Artiist Wasanuu Diidoo Keessaa Muraasa 56
4.1.2.4.1. Sirba Haadha Manaa Isaaf Sirbe 56
4.1.2.4.3. Sirba Yeroo Ofiisaafi Nama Dhuunfaa Faarsu 57
4.1.2.4.4. Afwalaloowwan Loonii 57
4.1.2.4.5. Sirba Abbaa Lafaa Mormuu fi Uummata Kakaasu 58
4.1.2.4.6. Sirba Yeroo Waaqa/Rabbi/ faarsu/ galateeffatu 59
4.1.2.4.7. Sirba Hojiif Hawaasa Kakaasu 60
4.1.2.5. Namoota Wasanuu Diidoon Leenjisee fi Hiriyoota Isaa 61
4.1.2.6. Haala Miidhamuu fi Du'a Wasanuu Diidoo 61
4.1.3. Seenaa Ajajaa Dhibbaa Hayila Maariyaam Gammadaa 64
4.1.4. SEENAA GOOTICHA WAAQJIRAA GAMMADAA 70
4.1.4.1. Haala Du'a Waaqjiraa Gammadaa 72
4.1.5. Afwalaloowwan Warra Jiddaa Namoota Bebbeekkamoo Keessatti. 74
4.1.5.1. Afwalaloo Weellisaa Wasanuu Diidootif Jedhame 74
4.1.5.3. Afwalalowwan Kumalaa Abbabaa Biqilaatiif Jedhaman Muraasa 75
4.1.5.2. Afwalalowwan Ajejaa Dhibbaa Haylamaaram Gammadaatiif Jedhaman 76
4.1.5.4. Afwalalowwan Gooticha Waaqjiraa Gammadaatiif Jedhaman 76
BOQONNAA SHAN : CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA 77
5.1. CUUNFAA 77
5.2. Argannoo 79
5.3. Yaada Furmaataa 80
WABILEE 81
Dabalee A. Gaaffii Afaanii Manguddoota Naannoofi Ogeeyyii Seenaa, Aadaa, Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa Beekaniif Dhiyaate. 84
Dabalee B. Gaaffii marii garee Manguddoota Naannoofi Ogeeyyii Seenaa, Aadaa, Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa Beekaniif Dhiyaate. 85
Dabalee C. Cheekliisiitii daawwaannaa 86

Dabalee D. Maanguddotafi beektota seenaa marii garee irratti hirmaata ............................................. 87
Dabalee E. Maanguddotafi Beektota Seenaa Marii Garee Irratti Hirmaata ........................................... 88
Suuraa1. Ajejaa Dhibbaa Haylamaaram Gammadaa ............................................................................ 89
Suuraa 2. Waaqjiraa Gammadaafi Haadha Manaa Isaanii Addee Urgee Galatee .................................. 90
Suuraa3. Haadha Manaa Wasanuu Diidoo, Muluu Masqalee ............................................................. 91
Suuraa 4. Artiist Wasanuu Diidoo ........................................................................................................ 92
Suuraa 5.  Kumalaa Atileet Abbabaa Biqilaa......................................................................................... 93
Suuraa 6.  Obboo Simee Biqilaa Obboleessa Abbabaa Qa'ee Warraa Abbabaa Biqilaa. ...................... 94

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1. Seensa

Qorannoon tokko adeemsa qorannoon tokko hordofuu qabu bu'ureffachuun kan gaggeeffamu yommuu ta'u, sababaafi kaayyoo gaggeeffamuuf kan dhuunfaa isaa qaba.yaada kana Dastaa (2013) Yaalew (2006) wabeeffachuun yoo ibsu qorannoon kaayyoo garaagaraatiif akka gaggeeffamuufi gosoonni qorannoo graa garaa kaayyoo mataa isaanii akka qaban ibsa. Innis, karaa ittiin rakkoo uumame tokkoof mala dhahuufi beekumsa haarawaa argasiisuuf kan gaggeeffamuudha. Qorannoo kana keessatti boqonnaa duraa keessatti qabxiilee akka seenduuubee qorannoo, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqinaafi ibsa naannoo qorannicha tartiibaan nidhihaatu. Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti aadaa, safuu, seenaa, falaasama, duudhaafi ogummaa saba tokkoo beekanii hubachuufi dinqisiifachuuf afoolaa sabichaa qorachuun kan nama hin hin mormisiisne ta'uu Fekede (1999:10) bareessee jira. Haaluman kanaan qorqannon kana afseenaafi afwalaloo irratti xiyyeeffachuun kan dhiyaatu ta'a.

### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni naannoo murtaa'e tokko keessa waliin jiraatu wantoota bu'uura eenyummaafi maalummaa isaanii ibsan ni qabaatu. Wantoonni hawaasni jiruufi jireenya isaani keessatti yeroo dheeraaf waliin qaban kun seenaa tahee dhalootaa dhalootatti darba. Seenaan kun immoo dubbii afaaniifi Afwalaloon daddarbuu mala. Kanarraa ka'uun, afseenaafi afwalaloon muuxannoo beekumsa hawaasni garee tokko keessa jiraatu bara dheeraaf waliin horate dhalootaa dhalootatti daddabrsuu keessatti faayidaa guddaa qabu. Afseenaafi afwalaloon gosoota afoolaati. Afoolli immoo beekumsa saba tokkoo dhalootaa dhalootatti kan daddabarsudha. Yaaduma kana hayyuun Javansina (1965:226) akka armaan gadiin ibsa:

> *Oral traditions are sourse of aspecial nature. Their special nature from the fact that they are 'unwritten' sourses couched in aform suitable for oral transmission, and that their preservation depends on the powers of memory of successive generations of human beings,*

Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli madda uumama addaati. Addumman uumama isaaniis kan dhufe barreeffamaan tahu dhabuufi afaaniin akka daddarbuuf haala mijateen kan fudhatameefi turtiin isaaniis dhaloota gara dhalootatti dandeetti sammuutti qabaachuu dhala namaa irratti kan hundaa'e tahu isaati.

Karaa beekumsi saba tokkoo ittin lufu keessaaa inni tokko afoola. Afoolli seenaa, aadaa, duudhaa, beekumsaa, amantaa, falaasamafi ilaalcha inni uumaafi uumamaaf qabu hunda isaa hawaasa sirna barreeffammatti bal'inaan dhimma bahaa hin turreef qooda olaanaa taphachaa kan tureef jirudha. Innis afaaniin qindaa'ee afaanumaan deebi'ee hawaasa sanaaf dhihaata. Yaaduma kana Fineegan (1992:17) akkaataa kanatti ibsiti, "*a form of art comprising different types of stories, proverbs, sayings, spells, songs, incantations and other formulas which employ spoken language as their medium".*Akka yaada barreessituu kanaatti ogafaan gosa artii kanneen akka af-seenaa, hiibboo, durdurii, mammaaksa, sirba, jechoota humna qabaniifi filatamoo ta'aaniin kan dhihaatanidha. Kana malees, ogafaan ogummaa dubbii afaaniitiin yeedaloon itti ba'ee yookiin bifa afseenaan yeedaloo malee beekumsaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffannoo kennuudha.Hayyuuwwan garaa garaa afoola kana bakka addaa addaatti qooduun ilaaluuf yaalaniiru. Yaaduma kana Tafariin (2010:180-184), kitaaba barruulee qormaata afaan Oromoo jildii10$^{ffaa}$ jedhamu keessatti, qoqqoodama afoolaa akkaataa kanaa gadiin ibsee jira. Afoola bifa af-hololoon dhihaatu (argaa dhageetti,sheekkoo, durdurii), kan bifa afwalaloon dhihaatu (af-walaloo jaalalaa, geerarsa, hojii, amantii, jilaa, fottotoo, mirrissaa, gaddaa)fi af-mammaaksi immoo (mammaaksa,hibboo)fi kk fa'aadha..

Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli bifa sadiin dhihaachuu danda'a. Innis, af-hololoo, af-walaloofi af-mammaaksadha. Afoola gooroowwan armaan olii kanatti qooduun afoolaa hiika sirrii kennuuf yaalii adda addaa gochuu isaanii argina.

Akka waliigalaattiAfoolli amala seenaa waliin walitti isa hidhu waan qabuuf, kallattii seenaatiin aadaa, duudhaa, safuu, eenyummaa hawaasa karaa irraa maqfamee barreeffame tokko qajelchuu keessatti akka salphaatti kan ilaalamu miti. Yaaduma kana jildii 1ffaa kitaaba Seenaa Oromoo hanga jarraa 16$^{ffaa}$tti jedhu (2012:9-10) keessatti hayyuu Janvansina wabeeffachuun akka armaan gadiin kaahaniru:

*Oral traditions had a part to play in the construction of the past. The importance of this part varies according to place and time. It is a part similar to that played by written sources because both are messages are key elements in historical recounstraction. When writing fails tradition comes on stage. This is wrong wherever oral traditions are extent they remain an indispensable source for reconstruction. They correct other perspective just as much as other perspective correct it.*

Akka yaada barreessaan armaan olitti barreesse irraa hubatamuu danda'utti, odeeffannoon afoolaan argaman akkuma odeeffannoo barreeffamaa ergaa akka dabarsaniifi ijaarsa seenaa darbe keessatti seenaa barreeffamaan jiru waliin akka ragaaleetti yoo xiinxalamu gahee wal qixa tahe akka qabaniif, seenaa jal'atee barreeffamee sirreessuun akka danda'aniif, mataa ofiitinis ittiin sirreeffamuu akka danda'an nu hubachiisa.

Aanaa Jiddaa keessa seenaa namoota bebbeekkamoo hedduut jiru. Haa tahu malee, rakkoo dhiibbaa adda addaa irraa maddeen dhugaa qabatamaan seenaa kun dhaloota hardhaa biratti dagatamaa dhufeera. Afseenaafi Afwalaloon Namoota Bebbeekkamoo aanaa Jiddaa keessatti kan argamu tahus seenaan kun dhaloota lafaa dhufaa kana biratti baay'ee beekamaa miti. Dhugaan qabatamaa seenaa kanaa ija afseenaafi afwalalootiin dhalootatti darbaa kan dhufedha. Dhugaa qabatamaa seenaa kanaa immoo qoratanii bifa barreeffamaatiin dhalootatti dabarsuun dirqama lammii barateeti. Kanarraa kahuun, qoratichi mata duree qorannoo "Afseenawwanfi Afoola warra Jiddaa: Bu'uura Namoota bebbeekkamoo Oromoo Salalee naannawaa Jiddaa Ija Afseenaafi Afwalalootiin jedhu irratti qorannoo kan gaggeessedha.

## 1.2. Ibsa Bakka Qorannichaa


Qorannoo hojjatamuu hunda keessatti dhimma galmaan ga'uu barbaddame galmaan ga'uuf iddoo qorannichi itti dalagamu murteessanii hojjachuun barbaachisadha. Qorataaniis iddoofi argama qorannoon itti gaggeeffamu adda baasee kan gaggeessedha. Qorannoon kun gan gaggeeffame Naannoo Oromiyaa godina Shawaa kaabaa Aanaan Jiddaa keessatti. Qorannichis Afwalaloo Afseenawwan Warra Jiddaa: Bu'uura namoota beebbeekamoon Oromoo Salalee naannawaa Jiddaa Ija Afooleessaafi Seengooreetiin Xiinxaluu Dhiyeessuu yoo ta'u, gandoota aanichi qabu keessaa gandoota afur irratti xiyyeefchachuun kan hojjatameedha. Argamni aanichaa, mooggaasni maqaa aaniichafii haalli qilleensa aanichaa akkasumas kaartaan aanichaa haala armaan gadiitiin kan dhiyaatu ta'a.

### 1.2.1. Argamaafi Moggaasa Maqaa Aanaa Jiddaa


Akka ragaan giddugala Istaatiksii Itoophiyaatti (2007), irraa argameen Aanaan Jiddaa Aanoota diigdamii lamaan Godina Shawaa Kaabaa, Naannoo Oromiyaatti argaman keessa ishee tokkoodha. Aanichi Magaalaa guddoo Sirxii jedhamtu qabdi . Aanaan Jiddaa kan argamu kallatti kaabaa Finfinneerratti kilomeetira 71 daandii Finfinneedha Fiichee deemu irratti. Aanaan Jiddaa teessoo maagala guddittii Fiichee irraa kiiloomeetira 64 fagaattee argamti. Aanaan Jiddaa karaa Bahaa Aanaa Alaltuufi Qimbibiit, karaa Kaabaa Aanaa Waacaaleefi Abbichuufi Nya'aa karaa Lixaa Aanaa Sulultaa, karaa Kibbaa Aanaa Barrakiin daangeeffama Waajjira Bulchiinsafi Itti Fayyadama Lafa Aanaa Jiddaa (2013). maqaan Aanichaa kan moggaafame maqaa ilmaan Galaan jahan : Jidda, Liibaan, Aabbu, Ada'aa, Warra Jaarsoofi Gaadullaa keessaa tokko kan ta'e Jidda irraayi. Qomoon Oromoo salaalee warra jiddaa bal'inaan Aanaa Jiddaa keessatti Qubatee argamu sanyii ilmaan Jiddaa kana.

### 1.2.2. Haala Qilleensaafi Biyyee Aanichaa

Akka ragaan giddugala Istaatiksii Itoophiyaatti (2007), irraa argameen Haalli qilleensa Aanichaa 100 % Baddaa, 0% Badda daree, 0 % Gammoojjii kan keessatti argamuudha. Lafti aanichaa walliigala 48,805.1 heektaara yoo ta'u lafti qonnaf oole 20538.67 heektaara , dheedichaaf 25335.25 heektaara, 583.76 heektaara iddoo mana jireenyaafi kanneen biroo, 383.7 heektaara dhaabbilee tajaajila hawaasaa kan uwwifameefi 583.76 heektaara lafa biqiloota bosonaatiin haguggameedha. Waajjira Bulchiinsafi Itti Fayyadama Lafa Aanaa Jiddaa (2013). Gosa midhaan adda addaa bal'inaa aanaa kana keessatti oomishaman : atara, garbuu, qamadii, atara, baaqelaa, xaafii, missira, talbaafi kan kana fakkaatan yoo ta'an beyladoonni bal'inaan horsiifaman: sangaa, dhaltiileefi jabbiloota (horii gaanfaa), re'ootafi hoolota (bushaayee), fardeen akka biyya keenyatti beekkaman fa'i. Uummani aanichaatiis hojiilee kanneen akka qonnaa, daldala, horii horsiisuufi dalagalee kanneen biro irratti bobba'uun. Uummatni aanichaa addatti kan ittiin beekamu horsiisafi yaabbii fardaa, soorata kanneen akka marqaa, cuukkoofi caccabsaa akkasumas kabajaaa dhala namaa ta'an xiiqaa guddaa osoo hin jedhen kabajuun addatti kan ittiin beekkamanii dha. (Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanichaa bara 2016).




**Kaartaa1: Godina Shawaa Kaabaa (Waajjira Addafi Turizimii Aanaa Jiddaa Bara 2016)**





**Kaartaa2: Aanaa Jiddaa (Waajjira Addafi Turizimii Aanaa Jiddaa Bara 2016)**

Kaartaa Godina Shawaa Kaabaafi Kaartaa Aanaa Jiddaa Waajjira Aadaafi Turiziimi Aanaa Jiddaa Irra Bara 2016 Argame.

### 1.2.3. Hidda Latiinsa Oromoo Tuulamaa Shanan Jiddaa

Akka ragaa Giddugala Aadaafi Turizimii Oromiyaa ibsutti, hiddi latiinsa Oromoo Tuulamaa Shanan Jiddaa haala caasaa kanaa gadiitti mul'atu kanaan kan dhiyaatu ta'a.




**Giddugala Aadaafi Turizimii Oromiyaa (2007)**

Akkataa caatoo armaan olii irratti ibsamuuf yaallametti ilmaan tuulamaa sadan  keessaa Daacci ilmaan sadii. Ilmaan sadan daaccii keessaa galaan ilmaan jaha. ilmaan jahan galaan keessaa jiddi ilmaan shan (shanan jiddaa)ti. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa shanan jiddaa irratti waan xiyyeeffatuuf shanan jiddaa tokkon tokkoon hangafarraa kaasee yoo ilaalamu akka armaan gadii ta'a.

**Kuraa**: akka ragaan odeeffannoo maanguddota qorrannoo kanarratti hirmaatan irraa argametti; ijoollee shanan jiddaa keessaa kuraan ilma hangafaati. Ijoolleen kuraa akka ilmaan jiddaa kanneen biro hin baayyatan. Sababni isaa kuraan ilma Alaltuu jedhamu tokko qofa qaba.

**Keekuu:** warri keekuu ilmaan kuraatti aananii shanan jiddaa keessaa lammaaf yoo ta'an; ilmaan shanan jiddaa keessaa kan baayyee latanii heddumataniidha. Keeku ilmaan afur siibaa, daga, ariyaafi waanyaa tokkon tokkoon isaanii ilmaan hedduu kan ofjalatti horatan yoo ta'u isaanis: siiba ilmaan shan burruusa, sirxii, goglee, nasriifi ganjoo qaba. Daga ilmaan shan goraa, godeettii, birboo, xaddeefi ejersa qaba. Ariyaan ilmaan torba qalaaxee, gololcha, elelle, golba, gaadullaa, wiijiifi gooliyoo qaba. Waanyaan immoo ilmaan afur nagoo, ukkiyyoo, agabaniifi waarisanee jedhaman qaba.

**Gaaleyyii:** gaaleyyiin ijoollee jiddaa shanan keessaa isa sadaffa yoo ta'u innis ilmaan shan qaba. Isaaniis aabbu, burraa gaangoo arrabsaafi argiisa jedhamu. As jalatti wanti hubatamuu qabu arrabsaan ijoollee shan jiddaa keesssa jiruufi aabbun jahan galan keessa jiru maqaatu wal fakkate malee tokkoo miti. Kanneen biros kan akkanatti wal fakkatu jirachuu ni danda'u.

**Arrabsaa:** ilmaan arbsaa ilmaan shanan jiddaa keessaa isa afraffadha. Arrabsaan ilmaan sadi qaba. Isaaniis: adaadii. Dabaliifi wakkeedha.

**Dooyyoo:** Dooyyoon ilmaan jiddaa keessaa isa shanaffaafi isa dhumaati. Horteen ilmaan dooyyoo akkuma ilmaan kuraa bal'inaan hin argaman haata'u malee akka raga manguddota odeeffannoo nuuf kennan irraa arganeetti ilmaan dooyyoo bal'inaan essatti akka argaman kan qorannoo biraa gadi fageenyann barbaadudh

## 1.3. Ka'umsa Qorannichaa

Qorattoonni waan garaagaraa irratti qorannoo geggeessuuf wantoonni isaanif kaka'umsa ta'u nijiraatu. Bu'uuruma kanaan qorannoo kana geggeessuuf ka'umsi beekumsi, afseenaa, afwalaloofi namoonni bebbeekkamoo hojiilee jabduu garaagaraa biyyaaf faayidaa guddaa qaban hojjatan akkasumas seenaa eenyummaan isaanii sababoota adda addaarraan kan ka'e dagatamaa dhufuufi dhiibbaan adda addaarra ga'uun badaa jiraachuufi saamichi seenaa namoota beekkamoo kun hojjataniif iddoon itti dhalataniifi hiddi latiinsa isaanii dagatamaa dhufuu isaati fakkeenyaaf namni beekkaman tokko iddoo itti dhalate dhiisaanii kan ofii taasisuun miidiyaa, kitabilee barnootasafi maxxansa garaagaraa irratti maxxansiisuufi sabqunnamtii garaagaraatiin raabsuun eenyummaafi seenaan isaa akka kan biraatti waamamu taasisuuf yaaluu fa'i fakkeenyaaf kitaaba Barnootan Afaan Amaariffaa kutaa 7ffaa kan naannoo Oromiyaa kan sirn barnootaa haaraatiin maxxanfame Shaambal Abbabbaa Biqilaa Naannoo Amaaraa magaalaa Dabra Biraanitti dhalate jedha.

Haaluma walfakkatuun kitaabni barnoota jabeenya qaamaa kutaa 10ffaa sirna baroota duriitiin maxxanfame akka ibsutti "Abebe Bikila was born in 1924 in a town called Jato about 130 kilometrs away from Addis Ababa, near Debre Birahan." Teshome and Muluneh (2005). Akka raga kanaatti Abbabaan naannoo Dabra Biraanitti dhalachuu ibsa. Haatu malee iddoon kun iddoo sirrii Abbabaaan itti dhalate hin ibsu. Kun immoo rakkoofi dhiibbaa mataa isaa qaba. Dhiibbaan kunis, dhiibbaa siyaasaa, amantiifi saamicha lafaa, saamicha seenaafi ammayyummaadha .Dhiibbaa sirna gitaa bittaa mootota biyya bulchaa turanii ummanni Oromoo duudhaafi eenyummaa akkasumasa seenaasaa kunuunsee dhaloota dhufu akka hindhaalchifne, eenyummaa nama biroo itti uffisuuf yaaluun seenaafi aadaan isaa akka dagatamu gochuu irraa kan ka'e, uummanni kun gama hawaasummaa, diinagdeenfi siyaasaan akka duubatti harkifamaa deemu ta'aa tureera. Dhiibbaan biroon immoo dhiibbaa amantiiti. Innis bakka seenaa hedduu akka Oromoon qooda keessa hinqabne fakkeessuun mana amantaa irratti ijaaruufii maqaa bakka seenaa kanneennii amantaan wal qasiisanii jijjiiruun barsiisaa turaniirufi finna darbaa dhufaan hawaasa kana burjaajessaa turaniidha. Ammas bifuma walfakkatuun dalagaa jiru.Kanarraan kan ka'e, ilaalchiifi hubannoo hawaasni bakkee seenaaf qabu gadi bu'aa tureera. Ammas caalaatti gadi bu'aa jira. Sanirra darbee sirni dhufaa darbaa kun duraan seenaa bakka sanatti dhugaan

dalagame dhiisanii kan biroo akka odeeffamu gochuun namoonni hedduun seenaa karaa irraa maqe akka hubatan godhameera.

Yaadoolee kaanaaf immoo wanti furmaata dhalootni lafaa dhufaan afseenaafi afwalaloon hawaasichaa labataa labatatti seenaafi ergaa isaa qabatee akka darbuuf akkasumasa hacuuccaafi irranfatamuu jalaa baraaruuf seenaa hawaasaa kana qoratanii dhalootaaf lufsiisudha. Kana malees, qorannoon kun seenaa gama afoolaafi afseenaan xiinxaluun ga'ee beeksiisuufi itti fufiinsa akka qabaatu qoratamee dhalootaa dhalootatti dabarsuufi olkaa'uuf ga'ee guddaa qaba. Haalli kun immoo, seenaan kun gama afseenaafi afwalaloonis ta'e akka hindagatamne taasisa.

Waluumaagalatti kahumsi qorannichaa afseenaafi afwalaloon warra jiddaa keessatti namooti bebbeekkamoofi kanneen dhaloota lafaa-dhufaatiif fakkeenya gaarii tahan hin qoratamiin jiraachuu, qorannoofi quwannoon akkanaa akka kanaas mala qorannoofi yaaxxina qorannoo afoolaa Oromootiif gumaacha tahee utuu jiruu gama kanaan qaawwi jiraachuufi qoraannoo kana fakkaatuuf xurree kaahudha.

Kanumaan wal qabatee gaaffiileen qorannoo qorannicha keessatti deebii argachuu qaban jedhee tilmaamu qoratichi akka armaan gadiitti kaa'eera.

1. Afwalaloofi Afseenaan namoota bebbeekkamoo Oromoo Salaalee Naannawaa Jiddaa keessatti himaman ija afooleessaafi seengooreetiin maal fa'i?
2. Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga'ee maalii qabu?
3. Namoonni bebbeekkamoon Oromoo Salaalee warra Jiddaa hiddi latiinsa isaanii maal fakkata?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu kaayyoo galmaan ga'uuf geeggeffamu qaba. Kaayyoon kunis gama lamaan kan ibsamu yoo ta'u, innis, gama kaayyoo gooroofi gooreen ta'a. Lamaan isaaniituu bifa armaan gadiin kan dhiyaataniidha.

### 1.4.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Afwalaloo Afseenawwan Warra Jiddaa: Bu'uura namoota beebbeekamoon Ija Afooleessaafi Seengooreetiin Xiinxaluu Dhiyeessuu yoo ta'u, kaayyoon gooree isaa immoo:

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

1. Afwalaloofi Afseenaan Oromoo Salaalee Naannawaa Jiddaa keessatti himaman maal maal akka ta'an ija seengooreefi afoolessatiin xiinxaluun dhiyeessuu

2. Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga'ee maalii akka qaban xiinxaluu

3. Namoonni bebbeekkamoon Oromoo Salaalee warra Jiddaa hidda latiinsa isaanii maal akka fakkaatu xiinxaluun dhiyeessuu.

## 1.5. Barbaachisumma Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa namoota waa'ee hawaasa Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga'ee maalii akka qaban xiinxaluu qorannoon irratti geggeeffamuu aadaa, duudhaa, falaasama, ilaalcha, eenyummaa, jiruufi jireenya fi kan kana fakkaatu qorachuu barbaadaniif karaa bana.

Qorattoota Afwalaloofi afseenaawwan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga'ee maalii akka qaban xiinxaluufi beekuu barbaadaniif yaada bal'aa kenna. Akkasumas, namoota dirree qorannoo Afoolaa, afseenaa, seenaa hawaasaafi kan kana fakkaatan irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif madda ka'umsaa ta'uun nigargaara. Dabalataanis, faayidaaleen gama afseenaafi afwalaloo namoota bebbeekkamoo seenaa amma jiruu kanaan wal qabatu kun irranfatamuu, baduufi geeddaramuu waan danda'uuf galmeessuun olkaa'uun labata dhufuuf teechisuuf ni tajaajila. Haaluma kanaan, bu'aawwan jajjaboo qorannoo kanaa keessaa kanneen armaan gadii ni agarmu jedhamanii abadatamu.

- ✓ Namoota Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga’ee maalii akka qaban xiinxaluu irratti hubannoo hin qabne, hubannoo itti uumuuf ni fayyada;
- ✓ Waajjirri Aadaafi Turizimii Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga’ee maalii akka qaban argatanii qorannoo biraa afseenaafi afwalaloo akka geggeessan akka ka’umsaatti ni tajaajila.
- ✓ Beekumsaa uummanni aanaa sanaa Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga’ee maalii akka qaban kanneen irratti qabu dabaluun akka kunuunsaniif haala mijeessa.
- ✓ Qaama hidda latiin Oromoo Salaalee Warra Shanan Jiddaa irratti hubannoo hin qabneef akka madda ragaatti ni tajaajilaa.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf daangaa akka qabaatu gochuun barbaachisadha. Sababni isaa, yaadni qorannichaa akka malee dhiphachuu yookiin bal’achuu danda’a. Kana irraa kan ka’e qorannoon kun utuu garmalee hinbal’atin yookaan hinxiqqaatiin gaggeessuuf, iddoofi fi qabiyyeen daanga’ee jira. Qabiyyeen qorannoo kanaa mata duree Afwalaloofi afseenaan Oromoo Salalee warra Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan ga’ee maalii akka qaban xiinxaluu: Xiinxala Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoo afur /4/ wal walqabatanii dhihaatan Ija Afoolessaafi seengooreetiin xiinxaluun dhiyeessuu yoo tahu bakkaan Immoo Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Jidda jedhamurratti kan daanga’edha. Raagaaleen qorannichaas, Aanaa Jiddaa Gandoota Filataman afur /4/ irraa kan funaanaman taha. xiinxalli qorannoo kanaa Aanaalee godina Shawaa kaabaa biroof hojjechuu dhiisuu danda’a. Kanaafuu, qorannoon kun Afwalaloofi afseenaan Oromoo Jiddaa namoota bebbeekkamoon wal walqabatanii dhihaatan afur /4/ irratti hundaa’udhaan kan daangeffamee dha.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon hojjatmuu kamiyyuu hanqinoota adda addaafi bu’aa bahii keessa darbuu qabaachuu danda’a. kun immoo gosa qorannoorratti hunda’uun adda addummaa qabaachuu danda’a. Akkasumas, hanqinni qorataan tokko keessa darbu qorataa biraa mudachuu dhiisuu danda’a. Kunis, mata dureen qorannoofi akkaataan deemsa qorataa biro quunnamu qorataa biraa irraa

adda ta'uu danda'a. Qorannoo kana keessatti hanqinoota qorataa mudatan keessaa dhimma rakkoo nageenyaa gandoota odeeffannoo funannnachuuf barbaddaman keessatti mudachuu namoonni odeeffannoon irraa funannamu yeroo barbaaddamanitti manatti argamuu dhiisuu, fi odeeffannoo ragaan kennamurraa of qusachuu, gandoota qorannoon keessatti adeemsifamu keessaaa oddeeffannoo walitti qabachuuf rakkoon geejjibaa waan jiruuf geejjiba biroo barbaachaaf baasiif saaxilamuu. Hanqina kana hir'isuuf bakka geejibni hin jirreetti lafoo deemuu, bakka danda'ametti immoo mootora kireeffachuun gandoota keessa naanna'uun odeeffannoon walitti qabamaa tureera. Baasii ilaalchisee maallaqa dhuunfaa gargaarameera. Walumaagalatti qorataan tooftaa garaa garaa fayyadamuun, yeroo ofii sirnaan qoqqooduun itti fayyadamuu, meeshaa barreessaafi koompiitara qaamolee adda addaa deeggarsa gaafachuufi qaama odeeffannoo kennan amansiisuun yeroo barbaaddametti akka argaman gochuun qorannoo isaa galmaan ga'uu danda'eera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’AA BARRUUWWANII

## 2. Seensa

Qorataan tokko mata duree qorannoo gaggeessuu tokkorratti qorannoo adeemsiisu sana irratti milkaa’inaan galmaan ga’uuf, yaada beektotaatiin deeggaramuun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2011:57) “Qorataan tokko mata duree qorannoo isaatiin isaatiin dhimmoota walqabatan kan duraan barreeffamee jiru sakatta’uun qabxiilee odeeffannoo dhimma isaatiin hidhata qaban addan baasuu, qindeessuu, gadifageenyaan xinxaluuf ibsuun qorannoo tokkoof yaada hayyootaan barreeffamee mata dureen walsimu sakatta’uun hedduu barbaachisaa akka ta’edha” jechuun ibseera.

Haaluma walfakkatuun hayyuun Berg (2011:19) dhimmoota sakatta’a barruu yemmuu ibsu, “Aliterature review is an account of what has been published on a topic by accredited scholars and researchers” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti sakatta’u barruu jechuun dhimmoota mata dureen wal qabatanii hayyootaan barreeffaman yemmuu ta’u, mata duree qorannoon irratti geggeefamu tokkoof bilchinaan itti gargaaramuun akka barbaachisu ibsa. Dabalataan, Dastaan (2013: 96) yaada isaa yemmuu ibsu, “Qorannoon geggeesinu ragaa beektootaatiin deeggaramee dhiyaachuu qaba.” jedha. Haaluma kanaan, mata duree qorannoo kanaa kan ta’e Afwalaloo Afseenawwan Warra Jiddaa: Bu’uura namoota beebbeekamoon Ija Afooleessaaf Afseenaan Xiinxaluu Dhiyeessuu jechuun kan walqabatu, qabxiiwwaan Afoola jalatti argaman kanneen hayyoota adda addaan barreeffaman sakatta’uufi qindeessuurratti xiyyeeffata.

## 2.1. 1. Maalummaa Afwalaloo

Afwalaloon hojii kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee bifa amala muuziqaa qabuun kan dhiyaatu yommuu ta’u afaaniin labataa tokko gara labata biraatti kan daddarbuudha jechuun hayyoonni garaagaraa ni eeru**.** haata’u malee afwalaoof hiikaan tokkichi kana jedhamee irratti walii galame hin jiru yaada kana hayyuun Zarihuun (2007) beektota garaagaraa wabeeffachuun yoo ibsu, “*ስነጽሁፍ በኪነጥበብ ዘመነታሪክ ብዙ የኖረ በመሆኑ እነደየዘመኑ ፍልስፍና እነደየዘመኑ ገናን የክነጥበብ ፈለግ እንደየገጣሚውና እንደየስነጽሁፍ አዋቂው አተያይና የኪነጥበብ ዝንባሌ የተለያዩ ብያኔዎች ሲሰጡት ቆያተዋል። ከዝህም የተነሳ ሁልአቀፍ የሆነ አንድ ወጥ ብያኔ ይህ ነው ብሎ ለመጥራት ቀላል አይሆንም*” jedha. Akka yaada kanaatti afwalaloon umrii dheeraa kan qabuufi akkatumma beektota dirree

beekumsa adda addaa qabanii, akkataa waloo, akkaataa beektota afoolaa irratti hunda'uun hiikaan garaa garaa irratti keenamaa kandhufe ta'uufi hiikan tokkichi kana jedhamee irratti waliigalame kan hin jirre ta'uu isaa ibsa. Haaluma walfakkatuun hayyoonni garaagara afwalaloof akkatuma armaan gadiin hiikaa itti kennu.

Afwalaloon gooroowwan afoolaa keessaa tokko ta'ee; haala miira namaa ofitti harkisuu danda'uun kan qindaa'ufi dhiyaatudha. Afwalaloon akkuma walaloowwanii jechoota babbareedoo hubatamuufi yaadatamu kan irranfatamuu hin dandeenye; kan kalaqa adda ta'een qindaa'u akka ta'e Eshete, (2008) ibseera.Afaan afwalaloloon ittiin dhiyaatu jechoota yeroo mara itti fayyadaman irraa adda. Yaada kana Asafa, (2009) yoo ibsu, "afwalaloon afaan saayinsiifi afaan hawaasni guyyuu ittiin fayyadamu irraa adda ta'ee; kan dubbiiwwan qolaan guutame,kan miira namaa salphaatti kakaasuufi ergaa bal'aa ta'e dabarsuuf kan qindaa'u" akka ta'e ibsa. Yaadni kunis, kan hubachiisu, afwalaloon haasawaa guyyuu kan dhiyaatu osoo hintaane, haala kalaqqii hawaasaa adda ta'een qindaa'ee yeroofi bakka barbaachisaa ta'etti jiruuf jireenya uummataa ibsuuf kan dhimma itti ba'amu ta'uu isaati.

### 2.1.2. Amaloota Afwalaloo

Afwalaloon amaloota hedduu kan qabu yoo ta'u; keessaa tokko abbummaa dhuunfaa kan hinqabne ta'uu isaati. Kana jechuunis abbummaan isaa uummata bal'aadha malee, nama dhuunfaa miti jechuudha. Yaaduma kana kan deeggaru Awwoonor (1975), namni jalqaba afwalaloo kalaqe akka hinbeekamne ibseera.

Amala afwalaloo keessaa inni biroon jijjiirramummaadha. Afwalaloon dhimma tokko dabarsuuf kalaqame yeroodhaa gara yerootti, haala qabatama bakkaa, yeroo, hawaasummafi diinagdee hawaasa afwalalichaa irraa kan ka'e jijjiirramni irratti mul'achuu danda'a.Yaaduma kana, Orign (1996), yeroo ibsu, "af-walaloon jecha jechaan sammuutti qabachuun waan cimuuf yeroodha gara yerootti jijjiiramni irratti mul'achuu danda'a*"* jedha.

### 2.1.3. Faayidaa Afwalaloo

Faayidaa afwalaloo ilaalchisee, Finnegan (1992), yoo ibsitu, faayidaan af-walaloo hedduufi kanneen walkeessa jiraniidha. Innis, kan irratti hundaa'u qabiyyee, amala, ergaa dabarsuu barbaadefi iddoofi yeroo af-walalichi keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun tajaajiluu akka

danda’u ibsiti. Kanaafuu, faayidaan isaa: jiruufi jireenya hawaasaa barsiisuuf,bashannansiisuuf,miira ibsuuf, cimsuuf yaada gaarii hintaane qeequufi waan gaarii ta’e immoo,itti fufsiisuuf kan oolu ta’uu ibsiti.Kana malees, Tamanee, (2004:11) faayidaa afwalaloo yommuu ibsu, “Among the Oromo poems are very popular as a mode to express personal feelings,attitudes and moral standard at particular social occupations.*”* jedha.Yaada kana irraa wanti hubatamu,hawaasa Oromoo biratti afwalaloon baay’ee beekamaa ta’uu isaa,wantoonni miira dhuunfaa ibsan,ilaalchifi sonawwan haala murtaawaa keessatti mul’atan kan ittiin himamu akka ta’edha. Bu’uuruma kana irraa ka’uun af-walaloowwanifi afseenawwaa Oromoo Salalaalee Nannawaa Jiddaatiin walqabatanii dhiyaatanis, faayidaadhuma afwalaloon akka walii galaatti qabu hawaasa Oromootiif kennuu mala jechuudha.

## 2.1.4. Gosoota Afwalaloo

Af-walaloon gosoota baayy’etti qoqqoodamee dhiyaachuu nidanda’a. Kanaafuu, gosoota afwalaloo kanas qorataan gara fuula duraa qorannoo isaa keessatti gareewwan sirbaa, geerarsa, faaruu loonii, faaruu ateetee, hurursa daa’immanii, weedduu goototaafi weedduuwwan jaalalaa jechuun tokkoo tokkoon tarreessee niibsa. Yaaduma kana cimsuun, Asafaan (1997:12) akkas jechuun ibsa, afwalaloon bifa garaagaraa of keessaatti hammata. Isaanis: Sirba, Weedduu, Eebbaafi abaarsaafi kan kana fakkatan firiiwwan afoolaa kun gosoota hedduu of jalaa qabachuu danda’a. Haa tahu malee, as jalatti gababinaan kanneen armaan eeramanifi yaada hayyoonni garaagaraa dhimmoota gosoota afwalootiin walqabata akka armaan gadiin dhihaatu

1. **Af-walaloo Hamileessaa / poetry and patronage/**

Af-walaloon kun gosa af-walaloo keessaa tokko ta’ee namoonni dur bulchitoota naannoo isaanii kan ittiin jajjabeessaniifi deeggarsa qabaachuu isaanii kan ittiin ibsatanidha. Akkaataa qoodinsa Ruth Finnagan (1970) qooddeen.

Haala fayyadinsa af-walaloo jajachuu/ haamileessuu/ akka Ruth Finnagan jettetti , gosti af-walaloo kun mootota ,abbootii murtii fi waaqa jajachuuf akka itti gargaaraman ibsiti. Yeroo kanneen olii kana jajatanis ( ogummaa barbaachisuun kan jajatan) akkaataan itti jajaniifi haalli keessatti jajatan akkuma garagarummaa qabaatu ; namoonni af-walaloo jedhanii fi beekanis garaagarummaa qabu. Kana jechuun, namni af-walaloo jajuu karaa amantaa beekuu tokkoo

mootii jajachuu wallaaluu danda’a jettee ibsiti. Kunis, kan irratti hunda’ee qoodame dandeettii namoota wellisuu qabanii bu’uura godhatee qoodame.

Af-walaloon kun, namoota hawaasa keessatti dandeetti addaa walummaa qabaniin kan uumamuufi kan dhiyaatu ta’ee jechoota ergaa hudumamaa qananiin ykn malleen dubbii caalmaatti itti gargaaramuun kan dhiyaatu dha. Namni dhuunfaan tokkoos walaloo jajuu kanatti yeroofi haala addaa keessatti itti gargaaramuun madda galii godhachuun itti gargaaramuun jiruufi jireenya isaa geggeeffata. Yeroo durii irraa kaasee walaloon kun yeroo dhiyaatu daa’immaan maatii walaleessitootaa /faarssitootaa/ qalbii guutuun akka hordofaniif/ shaakalan / nitaasifamu. Kunis maatii walaeessitootaa sana keessatti raawwatama. Raawwii isaa kan hordofu walalichaafi faaruu sana itti gaafatamummaa kan qabu sanaan hordofama jetti

## 2. Af-walaloo Goototа Waraanaafi namoota biro / Panegyric/

Af-walaloon kun namoota goota ta’anii dirree waraanarratti injifannoo gonfatan hawaasa bal’aa keessatti iddoo guddaa qabaniin walaloo ittiin jajamanidha. Jajumsi kun kan raawwatamu namoota goota ta’an kana gosa cimaa / clan/ fakkeessuun bineensota cimoo bakka buusuun kan ittiin jajamudha. Af-walaloo kun jechoota malleen dubbii hiikoo dabalataa qaban itti gargaaramuun jechoota nama onnachiisuu danda’an kan dhiyaatudha.

Haalli af-walaloon kun itti dhiyaatu, eddoofi yeroorratti hundaa’uun kan dhiyaatuudha Af-walaloon hawaasa Oromoo keessattis kan beekkamuufi kan tajaajila kennuudha.Garuu bifa haasaatiin haala kam keessattiyyuu waa’eesaa kaasuun nidanda’ama. Walaloon akkasii kun hawaasa Oromoo keessatti nijira. Ruth Finnegan, 1970

## 3. Af-walaloo Gaddaa (Elegiac poetry)

Akka Ruth Finnegan jettetti biyyoota aardii Afriikaa hunda keessatti bifa walfakkaatuu qabaachuu isaa ibsiti. Af-walaloon gaddaa kun bal`inni isaa fi ogummaa inni barbaadu kana af-walaloo jajuu gadi ta`uu isaa ibsiti. Af-walaoon gaddaa kun bakka awwaalchaa fi bakka yaadannootti garee fi dhuunfaan kan raawwatamuudha. Haalli itti raawwatamus namaa namatti garaagara, inni kaan reeffatti naanna`ee, manatti naanna`ee, boollatti naanna`ee faarsaa boo`a. Gama hawaasa Oromootiinis yeroo ilaallus raawwiin kun ni jira.

## 4. Special purpose poetry – war, hunting and work. ( Af-walaloo fayidaalee addaatii fi waraanaaf, adamoofi dalagaaf gargaaru.)

Akka Ruuth Finnegan jettetti, Af-walaloon kunnen tokko tokkoon yeroo ilaalaman af-walaloon waraanaa ergaan inni qabu gootummaa namootaa kan isaan adda waraanaatii raawwatan hawaasaaf calaqqisiisa; akkasumas, yeroo achitti wareegaman ittiin isaan yaadatanii galateeffachuuf faarfama jechuudha. Af-walaloofi weedduun ajjeesaa immoo yeroo isaan ajjeesanii galan ergaa gootummaa isaanii ibsu of keessaa qaba. weedduun hojii / af-walaloon / hojii yeroo hojiin yeroo dheeraa fudhatuufi nuffisiisaa ta`e nama mudatu ittiin hijjechuuf kan itti gargaaramaniidha. Innis ergaa jajjabinaa qaba jechuudha. Af-walaloon kunneen akka geerarsa Oromootaa yeroo lolaa fi yeroo ajjeesanii galan ittiin dhaadatanis bifa yookiin unka walalootiin kan dhiyaataniif miira kan kakakaasaniidha.

Af-walaloon kun haalaa fi iddoo itti dhiyaatus ni filata. Kan dhimma waraanaaf dhiyaatu yeroo goonni injifatee galu isa injifate faarsuun innis of faarsuun geeraree sirba. Yeroo ajjaaeaan faachaan galus akkasuma af-walaloo kanatti gargaaramuun isa ajjeese faarsuun haala jiru sana keessatti mul`ata. Akkasumas, yeroo hojii hojjetanis akka hindadhabneef waljajjabeessuuf af-walaloo kan fayyadaman. Kanaaf haalli inni keessatti dhiyaatu ni filatama. Af-walaloonii fi sirbi ajjeesaa bakka awwaalcha adamsituu beekamaattis ni dhiyaata. Akkasumas, loltuu adda waraanaatti wareegames faaruu goototaa kan faarsaa awwaalchaatti geggeessu.

Af-walaloo fi weedduun loltootaa/ waraanaa/ kan dhiyaatu warra adda waraanaa deemee injifannoon deebi`een yoo ta`u, faaruu fi af-walaloon ajjeesaa immoo kan dhiyaatu ajjeesaa faachaan galee fi simattoota isaa akkasumas, kanneen isa waliin adamoo deemaniin ta`a. kunis yeroo dhiyaatu kannnen jalaa qaban garee niqaba. Faaruun hojii immoo kan dhiyaatu garee hojii keessaa tokkoon yoo dhiyaatu kuunimmoo jalaa qabu. Innis, yeroo akaafan, yeroo soqan, yeroo haamaniif I kkf keessatti dhiyaata.

## 5. Afwalaloo Amantaa /Religious poetry

Akka Ruth Finnegan 1970 jetutti, af-walaloon ardii Afrikaa keessatti garaagarummaa baay’ee kan qabuudha.Garaagarummaan isaas, qabiyyeen,yedaloon,haala ittiin jedhamuunfi yeroo ittiin jedhamuun garaagarummaa qaba. Af-walaloon amantaa ibsan hawaasa oromoo keessas bal’inaan

kan mul'atuudha. Akka hayyuun yun jettutti , Af-walaloon tokko af-walaloo amantaa kan isa taasisu, wantoonni sadi jiru.Isaanis:

- Qabiyyeen/content/ qabiyyee isa dhimma amantaa
- Namoota dhimma amantaa beekaniin jedhamu,
- Yeroo sirna/ kabajaa amantaa irratti / occasion/ walaleeffamudha.

## *6. Af-walaloo Siyaasaa /Topical And Political Songs*

Akka Ruth Finnegan 1970 : 272 irratti ibsitetti af-walaloon namoota hinbaratiifi bakka galaalchawwanii bu'ee tajaajila kenna.Af-walaloon kun dhimma waqtaawaa ta'e irratti odeeffannoo kennuu,qeequu,dhiibbaa siyaasaa qaqqabsiisu /fidu/ dadammaqsuuf,ilaalcha/yaada/ uummataa calaqisiisuu danda'a. Af-walaloon siyaasaa tajaajila/gahe/siyaasa keessatti kennun kan eegale bara durii keessatti.Yeroo ammaa kanas adduunyaa irratti siyaasa keessatti gahee cimaa bahaa jira.Garee siyaasa tokkoof af-walaloon kun siyaasa barsiisuuf,dadamaqsuuf,walqonnamuutiif,dhiibbaa siyaasni fidu uummata waliin walitti fiduuf akka riqichaatti tajaajila. Qabiyyeen af-walaloo kanaa dhimma siyaasaa irratti odeeffannoo kennuu, dhiibbaa geessisu ilaalcha uummataa gama siyaasaan jiru jijjiiru irratti xiyyeeffata.

## 7. **Af-walaloo daa`immanii / children`s songs and rhythm/**

Akka Ruth Finnegen keessetti af-walaloon daa`immanii urursuu, weedduu guddiftuu fi tapha ijoollee keessa galchuun keessee jirti. Barreessituun yookiin qorattuun kun akka keessetti af-walalooda`imman ilaallatu irratti xiyyeeffannoo guddaan gama hawaasa afriikaatiin itti kennamee hinjiru. Kanaaf, barruu kana keessati jalqaba urursaa daa`immanii, itti aansuun weedduu daa`immanii kan isaanii kan ta`e ilaalla.

Akka Ruth Finnegan keessetti urursaan daa`immanii karaa haati mucaa isheetiif waan gaarii akka isaaf/isheef ta`u hawwii fi fedhii qabdu ibsituufiif waan ta`eef bifa weedduutiin dhiyeessitiif. Kunis, hawaasa sana keessatti beekamee kan raawwatamuudha. Akkasumas, weedduun daa`immanii immoo urursaa daa`immaniifi weedduu namoota gurguddoo irraa walitti kan qindaawuudha jettee lafa keessi. Gama biroon immoo ijoolleen Afriikaa taphoota adda addaa

akka ardichaatti wal isaan fakkeessu ni qabu, weedduu gurratti hintolle, weedduu dorgommii, ari`anii qabuufi kan kana fakkaatuudha. Isaanis, bifa weelluutiin kan dhiyaatuudha.

### 8. Weedduu

Weedduun yaaddoofi yandoo yaadaa yeroo nama guutu kan weeddifamudha. Kunis, ilmi namaa waldhansoo guyyu guyyuun isa mudatan hunda injifachuuf taateen adda addaa uumamaa oolu. Kanas, mo'uuf morkii cimaan guutamee dalagaa tokko raawwachuuf dhiibbaafi dhageettii keessa isaa jiru kana weedduun baafata. Faayidaa weedduu irratti, Warquuf kaan (1993:119) yoo ibsan, weedduun kan jaalalli qabe ibidda jaalala isa qabsiisa, hiyyummaafi gadda keessa jirurraa addaan bahuuf, hadhaawaa jireenyaa gadadoofi gadaantummaa keessaa bahuufi kan kana fakkaatan kan ittiin calaqqisu jechuun kaa'u. Weedduun kun irra jireessa dhuunfaan sirbama. Weedduun kun yeroo baayyee namtokko akka gara taarkanfitti seenuuf kakkaasuufi sochii maleessa ta'uun isaa kaan irraa adda isa godha.

### 9. Eebba yookiin  Abaarsa

Hawaasa Oromoo keessatti eebbaafi abaarsi bakka guddoo qabu. Kuni, safuu, duudhaafi aadaa isaa keessatti amantaa gidduu isaanii jirufi walitti dhufeenya gama gaarummaatiin jiru itti fufsiisuuf akka riqichaatti dhimmaa itti baha. Akka Rabbirraan (2011:170), kitaaba 'Gadaa' jedhu keessatti akka ibsutti, "ummanni Oromoon seenaafii aadaa isaa tikfachuuf , safuu ofii eeggachuuf, duudhaa isaa cimsachuuf eebbatti dhimma baha. Uummanni  Oromoo nama waan gaarii dalageef uumaa isaa waamuun  bakka yaade akka gahu, qabeenyaafi fayyaa akka argatu, umurii dheeraa akka jiraatu, akka sooromu ni eebbisa." Nama waan gaarii hin taane dalageefi safuu hawaasaa jallise yookiin  cabse immoo akka gochaa gadheerraa of ittisu niabaara. Akka aadaa Oromootti kan eebbisan namoota gosaafi umriin ta'aniin dursi kennameefi kan eebbisan ta'aAkkaataan itti namni eebbisuufi wanti jalaa qaban jedhan seera mataa isaa qaba. Abaarsis akkuma eebbaa seeraa mataa isaa qaba jechuun hiika itti kenneera.

## 2.2. Afseenaa

Afseenaan gooroowwan  afoolaa jalatti kan ramadamuufi  bifa holoolootiin qinda'ee afaaniin seeneeffamuufi labata irraa labatatti kan  daddarbuudha jechuun hayyooni hedduun barreessanii jiru. Afseenaan kunis kan seeneffamu gochaa raawwatame, taatee tahe darbe irratti

hundaa'uunidha jechuun beektonni hedduun barreessanii jiru. Yaaduma kana hayyuun Zarihuun (2007) yoo ibsu "አፈታሪክ ባለፈ ታሪክ ላይ ተመስርቶ የሚነገር ሲሆን… በታሪክ የነበረው ሰው ያከናወናቸውን ተግባራት መልካምነት ወይም መጥፎነት ለማረጋገጥ ይነገራል።" Yaaduma kana cimsuun Bascom (1965:5) hiika afseenaaf kenne hala armaan gadiitiin ni ibsa:

> *Legends are prose narratives which, like myths, are regarded as ture by the narrator and his audience, but they are set a period considerd less remot when the world was much us it is to day. Legends are more often secular than sacred, and their principalcharacters are human. They tell of migration, wars, andvictories, deeds ofpast heros, chiefs, and kings, and succession in ruling dynasties.*

Afseenaan, seenessa hololoo nama seenessuufi dhageeffattoota biratti akkuma dhugaatti fudhataman garuu, yeroo dhihoo, addunyaa har'aan walfakkaatu keessatti qinda'aaniidha. Afseenni yeroo hedduu amantaa waliin kan wal hinqabanne yoo tahan, irra guddaa namaan uumamu. Kunis, waa'ee godaansaa, waraanotaafi injifannoowwan, waayee gootummaa gootota durii, waa'ee dureewwaniifi moototaa akkasumaswaa'ee walharkaa fuudhiinsa aangoo dubbatu.

Yaaduma kana cimsuun, Toorri https://www. mpm.edu maalummaa afseenaa yoo kaa'u: afseenonni ogafaan iddoowwan murtaa'an wal qabataniifi baay'inaan kan hammatan gootota aadaa, tolchitoota, ekeraawwan, yookiin taatee kan biraa iddichaan walqabatan akka tahe ibsa.

Afseenni kun waa'ee namootaafi raawwii isaanii irratti hundaa'uun haa himamu malee, taatee sun soba osoo hin taane dhugaadha. Akka yaada hayyuu Bascom (1965:9) irratti yoo ibsu, "Legend, tells the purported history of people. Though seldom even approximately accurate, it is belived to be completely true." Bascom (1965:9) Ibsa kanarra akka hubatamutti, afseenaan waa'ee seenaa hawaasaa hima jechuun beekama. Darbee darbee dhugaatti hiiqa haa jedhamu malee, gutummaa guutuutti dhugaadha jedhamee amanama.

Taateewwan seeneffaman kun turtiin isaanii dhihoo yookaan kan ture tahuu danda'a. Haa tahu malee, afseenaan yeroo seeneffamu hawaasa san keessa nama jiraachaa ture ta'ee, waan uummata biratti adda tahe yookaan jabduu taate marroo tokko lama raawwachuu danda'a.

Raawwiin isaa kun addunyaa har'aa keessattis dhugaa kan ta'edha. Yaaduma kana, Sumner (1996), akka armaan gadiin ibsa:

> *myths,legends are stories that are traditionary considered true,however,they are set in amore recent time when the world was much similar to the world of today. Inaddition,legends generally feature humans as their main characters where as myths generally focus on super human characters.(Sumner 1996:2)*

Akka ibsa barreessaa oliitti, afseenaan seenaa darbe kan akka duudhaa dhugaatti fudhatamu taateen isaa dhiyoo ta'ee,addunyaa raawwiin keessatti ta'es kan addunyaa har'aatiin walfakkaatu akka ta'e dubbata. Akkasumas bakka bu'ee taatee sana kan dalage nama yoo ta'u,raagamtaa keessatti raawwataan kan namaa olii tahuu ibsa.

Bascom (1965:16), hayyuu Janet Bacon (1925:37),wabbeeffachuun hiika afseenaaf kenne yoo ibsu: "*Legend is true tradition founded fortuens of real people or on adventures at real places."* Janet Bacon (1925:37), Akka yaada kanaatti, afseenni duudhaa dhugaa nama qabatamaan yookaan bakka qabatamaa sanatti jabduwwaan inni keessa darbe sana ibsa jechuudha.

Akka waliigalaatti hiikni afseenaaf kenname afaaniin kan himamu ta'ee waa'ee seenaa tahee darbee kan seeneessudha. Kunis waan dhugaan ta'eefi adduunyaa nuti keessa jiraannu har'an kan walfakkatu akka ta'edha. Seeneffama kana keessatti seenaawwan himaaman mijuu dhugaa ta'e tokko dhiheessuudha. Yaaduma kana,Canonicci (1996:85) yoo ibsu, "…afantastic narrative of oral origin based on historical characters or events that lend it credibility.It amplifies these historical elements throughthe imaginary intervention of supernatural or preternatural beings, also adding folkloristic motifs," Canonicci (1996:85) jedha.

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti kan afaaniin himamu seenaa dhugaa irratti hundaa'uun waa'ee qooddattoota seenaa yeroo darbee kan seeneffamu yookiin taatee dhugaadha jedhamee amanamu kan qooddattootaan seeneffamu akka ta'edha. Seeneffama kana keessatti akaakuun seenaa uumama Waaqan dura yookaan booda ta'uu kan danda'ufi,fakkaattiifi kaka'umsa nama keessatti kan bocuu akka tahedha

### 2.2.1. Amaloota Afseenaa

Mata-duree kana jalatti garuu amaloota afseenaa dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu kaa'ama.Akkasumas afseenaan gosoota raagoo keessaa tokko akka ta'eefi himamsa afaaniitiin beekumsa dhalootarraa dhalootatti darbu ta'uu isaa gara oliitti caqasamuuf yaalameera.Afseenaa gosoota raagoo kanneen akka raagamtaafi durduriirraa amaloota adda isa taasisan qaba.

Amaalootni afseenaa kaan irraa adda baasan nijiru. Afseenaan waa'ee taatee ta'ee darbee kan dhala namaan walqabatu cimina addaa yookaan gootummaa naannoo inni jiraachaa tureen walqabsiisuun haa ibsu malee raagoo irraa wanti adda isa taasisu bacaadha. Yaaduma kana Mulugeetaan(210:46) moojula hinmaxxanfamiin irratti akkas jechuun ibseera:

> *Afseenaa keessatti gooban galeessa ta'ee seenaan isaa kan raagamu uummata keessatti olaantummaa kan qabachaa ture ta'a. Mootii biyyaa, Abbaa Duulaa, yokiin Abbaa Gadaa ta'uu damda'a. Uumamni goobaan galeessichaa kan raagamtaa wajjiin tokko miti. Kana jechuun akka goobaangaleessaa raagamtaa namoota kaanirraa adda ta'ee kan uumame miti. Gama biraatiin akka goobaan galeessa raagamtaa amantaa wajjiinin dirqama walitti hidhiinsa hinqabu. Goobaangaleessi afseenaa kun adeemsa jireenya isaa keessatti bu'aa bayii hedduu keessa darbee sadarka olaanaa irra kan qaqabu ta'uu ta'a. Uummanni goobaangaleessichi kun sardarkaa olaanaa irra ture jedhee kan fudhatu sun jagnummaa inni agarsiise, injifannoon inni galmeesse tooftaafi tarsiimoon itti fayyadame afseenicha keessatti argama.*

Barruu kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti afseenaa keessatti bifa himamsaan kan dhihaatu nama adda ta'ee dhalate osoo taane, nama haawasuma sana keessa jiraachaa tureefi kan amantaa waliin wal hinqabanne tahuu isaati. Akkasumas, adeemsa yeroo keessa darbee tooftaafi tarsiimoo adda addaa fayyadamuun gootummaa,ciminaafi injifannoon inni galmeesse irratti qofaa xiyyeeffachuun kan seeneeffamu yommuu ta'u, gama kanaan raagamtaa irraa adda ta'a jechuudha.

Afseenaan kun baakkeewwan taateen kun raawwatamee waliin hidhata cimaa gama qabuun dhiheeffama. Kunis maqaan lafa taateen itti raawwatame sanaa akka yaadannoof ta'uun ittin moggaasuun seennessuun gama raga namichaa taate ta'e sanaan walqabsiisuun dhiheeffama dhiheeffama. Yaaduma kana Dastaa, (2015:143) irratti yoo ibsu, "*While some legends have wondered far afield,in most cases they are more likely to be associated with some local place or person if conditions are suitable.Name of mountain,lake,and village is associated with the person who was famous at time immemorial". Akka ibsa kanaatti* afseenaa gariin raawwataan taatee sanaa bakkee ta'e deemuun yookiin bakka duraan ture irraa sochohuun bakka argame sanatti akkaata haalli itti toluun dalaguu danda'a. Akka yaadachuuf tolutti maqaan gaarrenii, haroofi gandoota maqaa nama jabaa san kan moggaafamu tahuu isaati.

Raagoofi afseenni seenessuu irratti haa hundaa'an malee amantaafi humna olii wajjin wanti walitti dhufu hinjiru. Kana jechuun namni waa'een isaa seeneffamuu dhugaan addunyaa kana gubbaa jiraachaa yeroo tureetti dalagaa inni hawaasaafi naannoo jiraacha turetti raawwat duraa duuba isaa eeguun kan himamudha. Waa'ee taatee namni raawwatuu qofarratti xiyyeeffachuun isaa kaan irraa adda baasuun agarsiisa. Yaaduma kana Bascom (1965;4 ) yoo ibsu, "legends are prose narratives which, like myths, are regarded as true by the narrator and his audience, but they are set in aperiod considerd less remot, when the world was much as its today. Legends are more often secular than sacred, and their principal characters are human." Akka yaada kanaatti afseenaan, akkuma raagamtaa,seenessa hololoonseenessaafi dhageeffataa biratti akka dhugaatti fudhatamuufi yeroo dhihoo, addunyaa har'aan walfakkaatu keessatti, kan qinda'aanidha. Afseenni yeroo baayyee amantaa waliin kan walhinqabatne yoo ta'an irra guddeessa qooddatootni ilma namaati.

Walumaagalatti amaloota afseenaa gosoota raagoo kanneen biroorraa adda taasisan keessaa afseenaan taatee waanqabatamaa yookiin waan akka dhugaatti hawaasa keessatti fudhatamu kanseeneffamu ta'uu isaati.Akkasumas afseenaan taatee naannoo muraasatti taasifamu malee kan bakka hundatti hinraawwatamne akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Qooddataan afseenaas nama akka ta'eefi namoota keessaammoo namoota gootota ta'anii hawaasa keessa jiraatan keessatti taatee addaa kanneen raawwataniidha.

### 2.2.2. Faayidaa Afseenaa

Faayidaan afseenaa hawaasa keessatti taateewwan tahanii darban irraa dhaloonni baratee waan gaarii akka raawwatuuf gahee guddaa taphata jechuun beektonni hedduun bareeessanii jiru. Yaaduma kana ilaalchisee, Mulugeetaan (2010;46) irratti yoo ibsu:

> *Adeemsa jireenya hawaasummaa keessatti gochi goobaangaleessichi raawwate jedhamu 'gocha gaarii' yookaan 'gocha gadhee' ta'uu danda'a. Gochi raawwatame sun dhaloota ammaatiif akka fakkeenyaatti fudhatamee barumsaafi muuxannoon akka irraa argachuu danda'amu raagama. Waanni raawwate sun hammeenya irratti kan hundaa'e yoo ta'e ''gocha hamaa kan raawwate hojii harka isaatii hindhabu'' jedhe uummanni gocha yaartu irraa akka ofittisu raagama. Kanaaf, afseenni kan irratti xiyyeeffatu koflisiisuu, yookiin bashannansiisuu otoo hin taane barumsi akka argamuuf.*

Yaada armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti afseenni waa'ee nama himamuu sanaa gaarii tahus hamaa beekumsaafi muuxannoon achi irraa argamu dhaloota har'a jiraachaa jiru kanaaf barumsa guddaa akka kennudha. Kunis, namoonni gochoota raawwataniifis gatii kamiif iyyuu akka baasan beekuun hawaasni gochoota yaraa ta'an irraa akka of qusataniif himama jechuudha.

Gama biroon, Tolosaa (2010) Faayidaa afseenaan qabu Dastaa (2015) wabeeffachuun, yoo ibsu afseenaa  bakka gurguddaa lamatti qooduun ibsuuf yaalee jira.Isaanis faayidaa afseenaan gama seenaatiin qabuufi gama hawaasummaatiin qabu jechuun bakka lamatti qooda.Faayidaa afseenaa kallattii seenaatiin yoo ibsu,afseenaan himamsa afaanii waa'ee bakka murtaa'aafi yeroo murtaawaa keessatti taasifameeti.Addunyaa qabatamaa keessatti kan raawwatamaniifi bakki itti raawwatamanis ta'ee yeroon raawwii adda bahee kanbeekamuudha.Akka fakkeenyatti iddoowwan baay'ee Oromoon Tuulamaa keessatti argaman himamsa afaanii akka qabaniifi haalli uumama lafa naannoo sanaa himamsa akka qaban ibsa.Himamsi afaanii kunimmoo seenaafi amantaa naannoo kanaaf faayidaa kanqabuudha.

Afseenaan madda Aadaafi Amantaa haala qabatamaa naannoo tokkooti.Oromiyaa keessatti ragaa barreeffamaa caalaa ragaa waa'ee hawaasichaa,barsiifata isaa,seera ittiin bulmaataisaa,amantaafi

barsiifata isaa,kanargannuragaa afaaniffaan daddarbaa asga'era. Dabalataan, hayyuu Campa (1965:4) wabeeffachuun walitti dhufeenya afseenaafi seenaan qaban yoo ibsu;"…alegend begins with an actual happening and in the transmission process is embellished and reinforced to such an extent that it is taken as fact.This is in fact assort of an aid to history."jedha.Yaadichi kunis kanhubachiisu afseenaan hundee yookiin madda seenaa akka ta'edha.Afseenaan waa'ee nama cimaa yookiin naannoo beekamaa tokkoo akka madda seenaatti qorattoota seenaa,qorattoota aadaafi qorattoota fookilooriitiif akka madda ragaa jalqabaatti kangargaarudha.

Faayidaa afseenaan gama hawaasaatiin qabummoo yoo ibsu,afseenaan hawaasa ibsuu keessatti akkasumas, ragaa dhiyeessuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu hubachiisa.Namni tokko waa'ee nama biraa ibsuuf yaada isaa ibsachuuf,ilaalcha ofii calaqqisiisuuf afseenaa akka isaan gargaarudha.Akkasumas sochii hawaasaa keessatti garaagarummaa saalaa ittiin calaqqisiisu.Miseensi isaanii yeroo darbe keessa maal akka raawwachaa ture itti ibsu.

Walumaagalatti, yaadota armaan olitti ibsamanirraa hubachuun kan danda'amu, afseenaan odeeffannoo hawaasa keessa jiru kan isa seenessuu kandabarsu waa'ee naannoo keessa jiraatu odeeffannoo kan kennu; qaroomina hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu;,seenduubee hawaasichaa ibsuu keessatti,gahee dhiiraafi dubartii hawaasa keessatti maal akka fakkaatan kan ibsu;aangootti fayyadamuufi sirna bulchiinsaa keessatti dubartoonni maal akka fakkaatan,gowwummaafi abshaalummaan dubartiifi dhiiraa; yeroo darban keessa maal akka fakkaatan afseenaan hubannoo kennuun hawaasni ammaa irraa barachuun akka fooyya'u kan gorsu ta'uu isaati.

> *…legends serve the community aslocal providers of background histories.Names of the places such as…have their own legends behind.In the legends there are philosophy of ancient society practiced in the contemporary society.Whenever one wants to have some back grounds information on acertain area,village and community it is natural for him or her to consult legends.Therefore legends are sources of history and information on aparticular area (Dastaa,2015:152).*

Afseenaan gaggeessitoota siyaasaa yookiin mootiiwwan sirnoota darbanii ittiin ceephessuuf nitajaajila.Yaadtonni garagaraa bulchitoota biyya keenyaa kanneen yeroo darbanii wajjin walqabatee ni seeneffamu.Mootiin hiyyeessa miidhaa ture kan dureessa fayyadaa ture immoo akka ture,garee ofii qofa kanneen fayyadaa turan,garee aangoorra hinjirre immoo kanmiidhaa

turan akka turan afseenaan seenessu akka jiruufi cunqursaa kanas ibsuuf hawaasni afseenaa ofiitti akka dhimma bahu Dastaan(2015) akkaataa armaan gadii kanaan ibsuuf yaaleera:

> *There are issues that deal with the political leaders of the time….Elderly men and women are using their local legends to describe political leaders of ancient time. In the mean time some one can analyze wether it works for today's leaders.Akoo manooyyee represents the cruelest leader of ancient political rule(Dastaan,2015:144).*

Bascom(1954) faayidaa fookilooriin gama hawaasummaatiin qabu kallaattii afuriin ibsuuf yaalii taasiseera.Isaanis: "for amusement or escape mechanism,validating or justifying,pedagojical or educating and controlling," jedha.Bashannansiisuufi balaa tokko jalaa tooftaa ittiin bahan agarsiisuuf,waan hawaasni dhugeeffatu yookiin cimsee ilaaluun kan bakka kennuuf caalmaatti dhugeeffannoo isaa cimsachiisuuf,dirree barnootaa keessatti ittiin barsiisuufi wantoota naannoo isaa jiran ittiin too'achuuf akka fayyaduudha.

## 2.2.3. Gosoota Afseenaa

Hayyooni garaa garaa firiiwwan afseenaa gama adda addaan qoodaniiru. Faqqadaa Azzazaa (1991:56) Okpwho (1992:181-182) wabeeffachuun afseenaa bakka lama gurguddootti qooduun ibsa.Isaanis afseenaa seenawaa(historicallegend)fi afseenaa raagamtaa(romantic or mythical legend) jechuun qooda.Afseenaa seenawaa jechuun afseenaa gochaa hawaasni salphaatti yaadachuu danda'u seenessuudha.Xiyyeeffannoon isaa dhugaa jireenya hawaasaa keessa jiru taateewwan jiruufi jireenyaan walqabatan osoo itti hindabalin seenessuudha.Yeroon isaa yeroo ammaa yookiin yeroo dhiyoo kan darbe ta'uu waan danda'uuf dhageeffattoonni mormuunii akka hindandeenyetti daandii qabate osoo gadi hindhiisin kan seenessuudha.Afseenaan gosti lammaffaan immoo afseenaa nama seenessuuf bilisummaa guutuu kennudha.Kunis sababa gochi seeneffamus ta'ee namni seenessu namoota turan waanta'eef dhageeffattoonni ragaa qabatamaa dhiyeessuun akka morman kan hintaasifneedha.

Yaaduma kana Dastaan (2015:82) Dorson (1972) wabeeffachuu afseenaa bakka gurguddoo afuritti akka qoode ibsa.Isaanis:

1) Etiological and Eschatological legends which include explanatory stories about the creation of the world,the origin of things,striking natural phenomena,unusual geological formations,and the nature of plants and animals closely observed by man in his mall universe.

2) Historical legends and legends of history of civilization which include stories about national and social heroes,and stories about events that affected the life of local communities,such as enemy attack,cruel lords,or the black plague,the origin of prehistoric ruins and mounds.

3) Super natural beings and forces or mythical legends which are concerned with super natural beings,persons with super natural knowledge and power,ancestors and revenants,white and black magic and the protection and destruction of family and property.

4) Religious legends or myths of Gods and heroes in which we find that pre-christian beliefs infiltirated the stories about saints,martyrs,and miracles stimulated by the early Christian church.

Yaada armaan olii kana yeroo gara Afaan Oromootti hiikne haa ilaallu

1. Afseenaa xiinmaddaa: ibsa dhalli namaa seenaa waa'ee hawaasa addunyaa kanaa, taatee wantootaa, haala uumama naannoo, akkaataa uumama teessuma lafaa, haala uumamaa naannoofi bineesota naannoo keessa jiraatu keessatti hubachuun seenessu.

2. Afseena seenaa: qarooma seenaa, waa'ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokkoo miidhan, diina waraana beela, dhiibbaa siyaasaafi dhimmoota seenaa durii keessatti raawwachaa turan kan addeessudha.

3. Afseena dhugeeffannoo: afseena waa'ee namoota aangoo jabduu qabanii, beektootaa, sadarka jireenya olaanaa tahanii haboof humni olii waaqa gubbaa akka isaaniif kennamtetti dubbatanii, olaantummaa warra bifaan adii tahanii, dheekkamsa yookaan taatee badiisaan maatii yookaan qabeenya gubbaa irraatti uumame kan seenessudha.

4. Afseenaa amantii: waa'ee seenaa ergamootaa, amantii jalqabaa, waa'ee qulqullootaafi dinqiiwwan ajaa'ibsiisoo mana sagadaa durii keessatti raawwatamaa turan kan seenessudha.

Akaakuu afseenaa armaan olii kana keessatti, afseenni xiin maddaa raawwii yookaan ka'umsa waa'ee uumamaa kan himu yoo ta'u, afseenni seenawaa raawwii qaroomina seenaan kan walitti

hidhatan hima. Afseenaan dhugeeffannoo immoo, raagamtaafi afseena kan walitti fidu ta'ee gama tokkoon qoodataan nama yoo ta'u, gama kaanin immoo humna oliin akka jiruufi aangoon kennamutti kanneen seensanidha. Afseenni amantii immoo, taatotni isaa Qulqulloota, Ergamootaafi Waaqaan fakkeeffamuun kanneen himamanidha. Qorannoon kunis, akaakuu afseenaa keessaa afseenaa seenawaa bu'uureffachuun afseenaa namoota bebbeekkamoo warra jiddaa qorachuu irratti kan gaggeeffamudha.

## 2.3. IBSA YAAXINAALEE

### 2.3.1. AFOOLESSA

Maalummaa Afoolaa /fookiloorii/ ilaalchisee hayyoonni adda addaa yaada garaagaraa kennaniiru. Hanga har'aattis yaanni kennamaa jiru adda adda akka ta'e, yaada isaan kennan irraa hubachuun ni danda'ama. Fookiloorii jechi jedhamu akka gosa qo'annoo tokkootti jalqaba kan mul'ate jaarraa 19^ffaa keessaa akka ta'e; Hayyuun Dorsan (1972:1) akkas jechuun ibsa. "Folklore emerged as a new field of learning in the 19 century, when antiquaries in England and philologists lower classes," jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti fookilooriin, akka dirree qorannoo tokkootti bifa qo'annoofi qorannoon kan mul'ate jaarraa 19ffaa keessa akka ta'e mul'isa. Hayyuun martoph (1998:5) waa'ee fookiloorii ilaalchisee, dhimmoota adda addaa hedduu kaasee jira. Qabxiiwwaan fookiloorin walqabatu yemmuu ibsu, "folkore is a powerful cultural expression both containing and convering a number of meanings" jedha. Akka yaada kanaatti, fookilooriin dhimmoota aadaan walqabataniifi dhimmoota aadaa hiika qabeessa ta'an kan qabate, kan beeksisu ykn hubachiisurratti humna kan qabu ta'uusaa mirkanneessa. Haaluma walfakkatuun, Alan Dendus (1965:12) hiika fookilooorii kallattii wanta inni of jalatti haamma tuutiin yoo ibsu,

> Folklore includes myths,legends, folk tales, proverbs, riddles, chants, bessings, curses, insults, retorts, toasts, tongue twisters and greeing and leave taking formulas( eg see you later alligator artfolk belief or superslation. It also inculeds folk costum, folk dance, and folk drama (and mime), folk medicine, folk instrumental music(e.g. fiddle funes folksonge… folkpoerty… the list of folklore forms also contains) games, gestures, symbol, players(e.g. graces practical jokes folk etymologies, food recipes.. jedha.

Akka yaada barreeffama kanaatti, jiruufi jireenyi hawaasaa sadarkaa kamirrayyuu jiruu, fookilooriin ala akka hin taane ibsa. Sochiin hawaasaa keessatti taasifamu hundi fookiloorii

jalatti akka haammatamu mirkaneessa. Haaluma kanaan, kanneen akka hibboo, geerarsa, baacoo, dubbii qolaa, arrabsoo, abaarsa, eebba, nagaa walgaafachuu, tapha ijoollee, diraamaa, shubbisa, mallattoon ibsuufi kkf of keessatti qabata. Fookilooriin riqicha ta'ee seenaa labata tokkoo dhalootaa dhalootatti dabarsuun cinaatti, hawaasni tokko fedhisaa kan ittiin ibsatu ta'uu isaati.

Ben Amso (1979:43) "folklore is a sphere of interaction, amirror of culture, culture, aperspective screen of personality," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, fookilooriin walqunnamsiistuu hawaasaa, ibsituu aadaafi eenyummaa akka ta'ee addeessa. Ibsa kanarraa immoo fookilooriin hawaasaa eenyummaa, maalummaafi aadaa hawaasaa waliin hidhata guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Hojiin barreeffamaa utuu hin baballatiin dura, hawaasni aadaasaa duudhaafi seenaasaa dhalootaa dhalootatti Kan dabarsaa ture meeshaa guddaan fookiloorii dha.

Afoolli yeroo jalqaba maqaan isaa moggafame irraa kaasee, ibsa isaa irratti walmormiin yeroo dheeraaf tureera. Ibsawwan kennamaa turan keessaa hedduun isaanii qabeenya garee hawaasaa (lore) irratti xiyyeeffgatu. Kaan ammoo garee hawaasa (folk) irratti xiyyeeffatu. Waaan fedhe irrattuu haa xiyyeeffatuu ibsa afoolaa irratti waanti walii galame hinjiru. Afoola salphaatti ibsuun rakkisaa kan taasisan keessaa tokko amala gosa barnootichaa 'discipline'-ti. Toora Interneetii http://www.newworldencyclopedia.org/entry/Folklore jedhu irratti yaanni ibsameeru tokko afoola ibsuun rakkisaa tahuu sababa isaa waliin akka itti aanu kanatti kaaha. "Folklore generally refers to the body of material, in a variety of forms, that expresses the traditions of a particular culture. There is no clear-cut definition of the term "folklore," mainly because academics of different disciplines study the same material from completely separate perspectives."

Afoolli amala seenaa waliin walitti isa hidhu waan qabuuf, kallattii seenaatiin qo'atama (baratama); karaa ogafaaniis afaan irratti waan hundaahuuf kalaqa waliin walqabatee ogbarruu jalatti qo'atama. Kanamalees, afoolli amala namaa kan agarssiisu waantaheef xinsammuu (psychology) keessattis ilaalamuu kandandahudha. Hundumaa caalaa ammoo afoolli jiruuf jireenya namaa akka aadaatti kanagarsiisu waan taheef, bal'inaafi gadifageenyaan xinaadaafi xinhawaasa (anthropology and sociology) keessatti qo'atama. Kanaafuu ogeeyyonni/hayyoonni gosa barumsaa/ogummaa gara garaa keessa jiran kallattii xiyyeeffannaa ofiitiin wan ibsuu 'define' gochuuf yaalaniif, ibsa hundagaleessa tahe argachuun ulfaataa taha.

uummataa Kan ibsa afoolaa irratti waliif hingalle afooleewwan (folklorists) biyya gara garaa qofa miti; afooleewwan biyya tokko keessa jiranillee gutummaa guutuutti waliif hingalani. Galmeen jechootaa, "Standard Dictionary of Folklore, Mythology, and Legend," kan Maria Leach-iin barreeffame keessatti

ibsi ‘folklore’ gara gara hayyoota gara garaatiin kenname walitti qabamee dhiyaateera. Ibsawwan (definitions) kanneen hunda isaanii eddoo kanatti maqaa dhahuun hindandahamu; hinbarbaachisus. Yaada akka waliigalaatti jiru garuu lafa kaahuun nidandahama.

Ibsawwan sunneen keessa garuu, qabxiin tokko wal isaan fakkeessu jira. Innis, haala lufummaa (transmission) afoolaati. Lufummaan afoolaa afduudhaatiin (oral tradition) irratti xiyyeeffachuu isaa kallattiifi mitkallattiin (directly or indirectly) tuqaniiru. Kana jechuun garuu dhuguma akka ibsawwan sunnen keessatti mul’ate, afoolli lufummaan isaa afaanifi duudhaa irratti qofa kan daangahedha jechuu miti. Bu’aa kallattii beekumsa tokkoo argamsiisuuf qabuufi daandii inni beektota yookiin hayyootatti agarsiisuuf qaburratti hundaa’uun hayyuun Dorson, R.(1972) jedhamu yaaxina fookiloorii jiran haala yeroo ammaa keessatti fudhatama qabniin bakka adda addaatti qooda. Isaaniis: yaadiddama yaadaa, yaadiddama haalaa, yaadiddama seen-naannoo, yaadiddama irra deebi’anii ijaaruu, yaadiddama wlakkeessaa, yaadiddama aadaa bal’aa, yaadiddama faayidaa, yaadiddama xinsammuu, yaadiddama aadaa Hawaasaa, Yaaxina aadaa bu’uureeffateefi yaaxina foormulaa afaanii kanneen jedhamaniidha..

Kanaafuu, qorataan qorannoo isaa galmaan gahuuf yaaxinaalee qorannicha kallattii qabsiisuu danda’an kanneen yaadiddama Seenawaa (Historical reconstructional theory)fi yaaxina haalaatti dhimmaa nibaha.

### 2.3.2. Yaadiddama Seenawaa (Historical reconstructional theory)

Yaaxxinni seenawaan yaaxxinaalee qorannoo fookiloorii jiran keessaa waa’ee qarooma seenaa,waa’ee gootota biyyaa, taateewwan hawaasa naannoo tokkoo miidhan: diina, waraana, beela, dhiibbaa siyaasaafi dhimmoota seenaa durii keessatti raawwachaa turan kan ibsudha. Haaluma kanaan, waa’ee afseenaawwanfi afwalaloo warra jiddaa keessatti himaman ija yaaxxina seenawaan ilaalamuun kan xiinxalamaniidha.

### 2.3.3. Yaadiddama Haalaa (Contextual Theory)

Yaadiddamni kun bara 1960 keessa abbooleewwan dargaggoota ta`aniin Yuuniversitoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale.Waa’ee yaaxxina haalaa Dorson (1972:45) irratti yoo ibsu, “…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated”. Akka yaada kanaatti afoola tokko qo`achuun kan danda`amu, waan raawwatee

taa`erraa otoo hinta`iin waan raawwachaa jiru bu`uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu. Walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa.Kanaaf qorataanis yaadiddama kanatti kan dhimma bahudha.

## 2.3.4. Yaadiddama Caasaa (Structurulist Theory)

Gosoonni yaadiddama kanaa durduriiwwan, raagowwan, seera kabajannaa, amantiiwwaniifi looriwwan biroo keessatti caasawwan (structure) jiran qorachuu irratti xiyyeeffata. Mark Glazer (1997:773) akka barreessetti, yaaxxinni caaseffamaa looriiwwan biyyoota garaagaraatti argaman walitti qabuun dhugaa isaan ofkeessaa qaban duraa-duuban boca, irradeddeebii, ergaa, haala taatota itti hirmaachise, seenaa, sagalee, gaalewwan himoota kkf. walfakkeenya isaanii kan qoratu dha. Simsfi Stephens (2005) yoo ibsan. ”Structure is more than the plot; it includes the characters and the actions they perform, places, names, repeated words and phraces__any basic elements that make the story recognizable.” Yaada kanarraa akkuma hubatamu, caasaan ta‟insaa oli dha. Kunis taatotaafi gocha isaan raawwatan, iddoowwan, maqaawwan, jechaafi gaalewwan irradeddeebi‟aniifi caacculeewwan walitti dhufuun seenaa uuman kamiyyuu ni hammata.

## 2.3.5. Yaadiddamni Faaydeessummaa (Functionalism Theory)

Yadiddamni faayideessummaa hawaasa yookin gartuu fook (folk group) keessatti looriiwwan garaagaraa argaman uummaticha yookin garee fookitiif faayidaa inni kennuufi hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu mul’isuuf xiyyeeffannoo kan taasisu dha. Yaadiddamni kun durduriiwwan, raagamtaawwan, mammaaksota, amantiiwwaniifi looriwwan biroo hawaasummaan, diinagdeen, siyaasaan, aadaafi faayidaawwan biroo kennuufi hawaasicha biratti hiika akkamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaadiddama dhimmoota fookloorii xiinxalu dha.Yaaxxinuma kana ilaalchisuun ammas, simsfi Stephens (2005) yommuu ibsan,

> Folklore communicates: it is an ongoing process of expressing information and beliefs within foulk group…when we tolk about interpreting folklore, many times people ask,”what does this folklore communicate to the member of the group who are sharing it?” One of the ways folklorists

> consider meaning is to examine the way folklore functions in the community. Ibid (2005:174)

Akkuma yaada kanarraa hubatamu, fooklooriin odeeffannoo waa'ee waan gareen hawaasaa tokko irra jiruu itti amanuu ni ibsa. Waa‟ee hiika fookloorii yoo dubbannu yeroo baay‟ee uummanni kan gaafatu, fooklooriin kun waa‟ee garee hawaasaa beekumsa waliin qooddatee maal dubbata? Karaalee hayyoonni fookloorii hiika ittiin xiinxalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajilu dha

## 2.3.6. Yaad-Rimee fakkoommii

Fakkoommii hiika dhokataa haala hawaasni tokko akkaataa dhugeeffannaa dhuunfaasaatti bakka buufatee itti amanuufi bakka bu'iinsa yaadawaan tokko ibsuudha. Fakkoommii hiika xinqooqaarraa adda ta'ee, sirna mallattoo yaadaan wanticha ibsuuun bu'uudha. Kanuma ilaalchisuudhaan Bartels, (1983:65) irratti yoo ibsu, "Symbolisms were aform of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbol (of agiven culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbole for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by a definition."

Akkuma waraabbii armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti, fakkoommiin hiika xinqooqaarraa wanti adda godhu akaakuu mallattoo qofaan ta'ee, yoo mallatoon aadaa tokko keessatti afaan tokko bakka bu'e, tooftaadhaan mallattoo salphaa yookaan wal xaxaa muraasa haala galumsaan kanneen biroo hedduu bakka buusuun nidanda'ama.

> Todorov mallattoofi fakkommii (sign and symbol) walqabsiisuun yoo ibsu, "The most wide spread theory extending from plato to sacssure, locates the difference exclusively in motivation which would be present in the one case and absent in the other the signifier either resembles or does not resemble the signified;… furthe more motivation may be more or less present, more or less lost to memory; that does not prevent a symbol from remaining a symbol. (Todoroo,1982:17).

Yaadni waraabbii armaan olii akka ibsutti, yaaxxinoonni bara plato kaasee hanga saussure-tti jiru kaka'umsa (motivation) isa yeroo tokko sababa waliin jiraatu, yeroo biraa immoo sababoota

biroon hafu osoo hin dabalatiin, mallattoon tokko fakkoommii isaa haala barameen bakka bu'uu yookaan bakkka bu'uu dhiisuu danda'a. Itti dabaluun, kakka'umsi (motivation) tarii baay'atus, xiqqaatus jiraachuu yookaan yaadannoo sammuu keessaa baduu danda'a. Kun garuu fakkoommiin akka fakkoommii ta'ee itti hin fidne hindhorfku.

Fakkoommiin yaadawwan lama qabatee Kan dhiiyaatuudha. Innis, mallattoofi hiika waan dhiyaate sanaati.Yaada kana Mortan (1975:15) yoo ibsu, "Symbol selects certain pairs (symbol, interpretation) among the set defined in the very structure of symbolism."

Yaadni waraabbiii Kun, fakkoommiin cindiiwwaan muraasa filata: mallattoofi hiika mallattichaan walqabatu. Kanaafuu, fakkoommiin akaakuu adda addaa qaba jechuudha.

## 2.3.7. Fakkoommii Mallattoo

Akka yaada  Solomon (2007:258) irratti ibsetti, "mallattoowwan yaada tokkoofi isaa olbakka bu'uudhaan hawaasa gidduutti waliigalteen akka uumamu godhu. Mallattoowwaan kunniin beekamtii bal'inaan qabaachuu isaaniirratti hundaa'uun iddoo lamatti qoodamu. Isaanis: kanneen akka addunyaatti beekkamaniifi kenneen akka hawaasa naannoo tokkootti beekamaniidha.Mallattoowwan akka addunyaatti beekaman keessaa muraasni Fannoo (Cross) Kiristaana, Gugeen nageenya fakkeeffamu. Mallattoowwan hawaasa naannootti beekaman immoo buqqii ykn ullee dallaa (balbala) irratti fannisuun farsoon jiraachuu, baala warqee balbalarratti rarraasuun jimaan jiraachuufi kan kana fakkatu agarsiisu." Jechuun ibseera

Kana malees, meeshaan aadaa akka Kallachaa, Siinqeefi Bokkuun waan bakka bu'an qabu. Kallachi ummata Oromoo biratti akka mallattoo araaraatti fakkeefama. Siinqees fudhannee yoo ilaalle, ummata Oromoo biratti; keessattuu dubartoota biratti mallattoo ulfinaa waan ta'eef, iddoo guddaa qabdi. Bokkuunis akkuma kallachaafi siinqee waan bakka bu'u qaba. Ummata Oromoo biratti mallattoo aangoo waan ta'eef, kabaja guddaa qaba.

## 2.4. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Sakatta'a qorannoo walfakkatu jechuun qorannoowwan garaagaraa kana dura adeemsifaman kan kallattiinis ta'e, alkallattiin qorannoo kanaa wajjin hariiroo qaban bakka itti sakatta'amanidha. Haaluma kanaan, qorannoowwan muraasni yaada dhimma qoratamu kana hanga tokko deeggaran waan jiraniif, kanneen walitti dhufeenyiifi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban hanga tokko ilaaluun amanamummaafi bilchina yaadaa ni ibsa.

Tolosaa (2010) mata duree"Qaacceessa afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Sooleefi iddoowwan seenaa aanaa Tolee" irratti xiyyeeffateedha. Qorannoon Kun ulaagaa digirii 2ffaa guuttachuuf Kan geggeeffame yoo ta'u, keessattuu afseenaa dhagaa dhaabbii Harmuufoo Sooleefi iddoowwan seenaa aanaa Tolee dagatamaa jiran akka hin dagatamne qorannoon uummatatti mul'isuuf yaadameeti.

Akkasumas, Sisaay (1997) "Afseenaa Namoota Bebbeekamoo" Aanaa Midaa Qanyiirratti xiyyeeffatedha. Qorannoon kun digirii 2ffaa guuttachuudhaaf kan geggeeffameedha. Innis, afseenaa namoota bebbeekamoo akka hawaasni hindagatne gochuuf qorannoon uummatatti mul'isuun dagatamuu irraa baraaruuf yaadameeti. Walummaagalatti, qorannoowwan armaan olitti ibsaman kun kallattiin osoo hintaane, yaadonni muraasni achi jalatti ka'an mata duree qorannoo kanaan walfakkaatu. Kanaaf, afseenaafi meshaalee aadaan walfakkeenyummaa kan qabaatan yoo ta'u, gama matadureefi kaayyoo qorannoo kanaatiin garaagarummaa ni qabu.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

## 3. SEENSA

Boqonnaan kun kan of jalatti haammatu tooftaalee qorannoofi qabxiiwwan mala qorannichaatiin walqabatan kan akka, gosa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, iddattoofi tooftaa iddatteessuu, mala odeeffannoon ittiin funaanamu (meeshaalee funaansa ragaa), mala odeeffannoon ittiin qaacceffamuufi qindaa'ina qorannichaa kan jedhamanfaadha. Qabxiiwwan bu'uuraa armaan olitti ibsan kunniin bal'inaan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 3.1. Gosa Qorannoo

Qorannoon gosoota garagaraafi bu'uura gara garaa qabaachuu danda'a. Yaada kana, Addunyaan (2011:10) Harris wabeeffachuun akka gadiitti ibsuuf yaale jira. "Qorannoo iddoo garaagaraatti qooduun dura bu'uura qoodichaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Bu'uuraaleen kunneenis amalaafi gosa odeeffannoo (nature and type of data), iddoofi yeroo qorannoofi barbaachisummaa qorannoo fa'a ta'uu danda'a" jedha. Akka yaada oliirraa hubatamutti qorannoo qoqqooduuf wanti irra dhaabbatanii qoqqoodan jiraachuun dirqama ta'a. Haaluma kanaan, gosti qorannoo kanaa qorannoo seenawaa (Historical research) jalatti kan ramadamu yoo ta'u, saxaxni qorannoo kanaa immoo ibsaadha. Qorannoon Kun mala akkamtaatti (qulqulleeffataatti) dhimma bahuun odeeffannoo funaaname jechootatti gargaaramuun akkaataa qabxiilee kaayyoo gooree jalatti kaa'amaniin qindaa'ee kan xiinxalameedha.

### 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwwatamni qorannoo qaama qorannoon irratti geggeeffamu kan ilaaluudha. Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu irraawatama qaba. Irraawwatamni kunis namootafi iddoowwan yookiin dhimmoota qorannoon gaggeeffamu sun irratti gaggefamuudha. Kana ilaalchisee, Addunyaa (2011:64) yoo ibsu, "…namootafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaalatuuf kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatin uumame," jedha. Haaluma kanaan, irraawwatamni qorannichaa xiinxala Qorannoon kunis, hawaasa Oromoo Salalee Naannawaa Jiddaa  jiran irratti kan adeemsifamu waan ta'eef, irraawwatamni isaa hawaasa Oromoo Salalee Naannawaa Jiddaati .

## 3.3. Madda Ragaalee

Qorannoo bu'a qabeessa ta'e tokko adeemsiisuuf odeeffannoo madda ragaalee sirrii ta'an fayyadamuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, adeemsa qorannoo kanaa keessatti madda ragaa sadarkaa 1ffaa ta'anii odeeffannoo kan kennan, hawaasa ganda Horoo Aabbuu, Siibaa sirxii, Dagaa Golbaa, Aariyaa Elelleefi Ayiddaa jalatti argamu keessaa isaa caalaatti hubannoo bal'aafi  gadi fagoo qaban akka madda tokkoffatti fayyadamuun qorannoo isaa gaggeessera. Akkasumas, Qorannoowwan adda addaafi kitaabiilee waa'ee Afwalaloofi Afseenaa ibsan adda addaa kanneen argaman sakatta'uun akka madda odeeffannoo 2ffaa galma gahiinsa qorannoo kanaatiif fudhatamanii jiru. Qaamoolee odeeffannoo kennan kallatumaan wal quunnamuun odeeffannoo walirraa fudhachuun kan gaggeeffamedha.   Adeemsa kana fayyadamuun ammoo qorannicha hedduu bu'a qabeessa taasisa.

## 3.4. Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Iddattoo sirrii ta'e tokko haala mata duree qorannoo tokkoof mijatuun filachuun, qorannoo geggeeffamaa  jiru bu'a qabeessa taasisa. Sababiin iddattoonni filatamaaniif immoo, qorataan baasii humnaa olta'eefi yeroo qusachuudhaaf, iddattootti fayyadama. Haaluma kanaan, qorataan tokko qorannoo geggeessu tokkoof iddatatoo filachuuf mala garaa garaatti fayyadamuu danda'a. Tooftaan kunis, haaluma amala qorannoo kan qorataan adeemsa qorannoo isaa ilaaluun akka isaaf mijatutti kan filatuudha.

Akkaatuma kanaan, namoonni iddattoo mata duree qorannoo kanaa ta'anii filatamuu danda'anis, kallattiin dhimma bakka seenaa kanaan walqabatan, kan beekaniifi kan itti dhiheenyaan waan sana odeeffaannoo guutuu kan qabanidha. Mata dureen qorannoo kanaas seenaa waliin kan walqabatu waan ta'eef, qoratichi mala iddatteessuu miti carraa jalaa iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsaatti. Tooftaa iddatteesuu kana ilaalchisee Jane (2003:78) yoo ibsu, "In non-probability sample, units are deliberately selected to reflect particular features of or groups with the sampled population," jedha.Yaada kannarraa akkuma hubannu tooftan miticarraa kun itti yaadamee iddattoo filachuuf gargaara. Haala kanaan qorannoo kana keessatti qorataan namoota daangaa qorannichaa keessa jiran keessaa kanneen dhimma kanarraatti odeeffannoo guutuu kennuu danda"an manguddoolii Oromoofi qorattoota aadaa itti yaaduun filuun odeeffannoo barbaadamu irraa funaanuun qorannicha gaggeessuuf gargaara. Ragaa funaanuu keessatti

qorataan tooftaa iddatteessuu akkaayyoo/kaayyeffataa/ fayyadamuun ragaa walitti qabachuun qaaccesseera. Iddatteessuu akkayyoon kunis miseensota hoomaa keessaa kanneen odeeffannoo barbaadamu sirriiti beeku jedhamee itti amanamu itti yaaduun filachuufi namoota kaayyoo qorannoo keenyaaf bu‟aa buusuu danda‟an addatti filuun ragaa argachuuf qorataa gargaara. Kana ilaalchisee Addunyaa (2011:67) yoo ibsu, "Iddatteessuu akkayyoon akaakuu iddatteessuu miti-carraa ta'ee qorataan tokko beekunsa dimshaashaarratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaala. Akka kaayyoo qorannichaatti yookaan qoratichaatti odeeffataa yookaan deebistoota filachuu waan ta'eef," jechuun kaa'a. Yaada armaan olii kana deeggarruun Scott and Deildred (2009:47) yoo ibsan, "Purposive sampling involves selecting people for our research who are available or important to the given study," jedhu. Yaada kanarraa ka'uun qorataan akaakuu iddatteessuu miticarraa keessaa iddatteessuu akkaayyoo/kaayyeffataa/ fayyadamuun manguddotaafi qorattoota aadaa beekumsa gahaa qaban filachuun ragaa irraa funaanuun akka qaaccessuuf qorataan itti fayyadameera. Dimshaashumatti, qoraataan yaadota armaan oliirraa ka'uun, qorannoo keessatti namoota ragaa yookaan odeeffannoo kennan ta'e jedhee manguddooliifi qorattoota aadaa keessaa filachuun ragaa barbaadamu irraa funaannateera. Kunis odeeffannoo sirrii ta'e argachuuf gargaara. Namoota iddattoo isaaf ta'an 21 ta'an filatee jira . Sababni namoota hawaasa ganda Horoo Aabbuu, Siibaa sirxii, Dagaa Golbaa, Aariyaa Elelleefi Ayiddaa jalatti jiraatan irraa kanneen odeeffannoo gahaa kennuu danda'an irratti kaayyeffachuun odeeffannoo isaa funaannachuuf kaayyeffateeti.

## 3.5. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Galma ga'iinsa qorannoo tokkoo keessatti oddeeffannoon bakka guddaa qaba. Odeeffannoon kunis, maddeen adda addaarraa argamuu danda'a. Odeeffannoon maddeen adda addaarraa argamu kana immoo meeshaalee funaansa odeeffannichaaf irra caalaatti filatamaa ta'etti gargaramanii addaan baasuun itti gargaaramuun irraa caalaa qorannoo geggeeffamu sana bu'a qabessa taasisa.

Qorannoo ibsaan aadaa hawaasa tokkoo gadi fagenyaan ilaallee dhugaa tokko bira ga'uuf, mala funaansa ragaalee adda addaatti gargaaramuu qaba. Malli odeeffannoo mata dureen qorannoo tokkoo ittiin funaanamu, haala mata duree qorannicha sanaarratti hunda'a.

Haaluma kanaa, qoratichis haala armaan olitti ibsaman kana bu’uura taasifachuudhaan afwalaloofi afseenaa namoota bebbeekkamoo ilaalchisee gama afoolaafi afseenaan hawaasa keessatti mul’atan kana, bifa qulqullina qabuun argachuuf tooftaalee armaan gadii kan akka Daawwannaa af-gaaffii, marii gareefi sakattaa dookumantii irraa yaadannoo fudhachuu, sagalee waraabuufi suuraa kaasuu fayyadamauun oddeeffannoo isaa funaannateera. Odeeffannoowwan suuraafi sagaleen fudhataman boqonnaa afur jalatti qaacceffamuun gara barreeffamaatti deebi’uun ibsi itti nikennamee jira.

### 3.5.1. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa tokko ta’ee isa qorataan iddoo hambichiyookaan bakka seenaan itti raawwatame argamutti qaaman argamuun ijaan ilaalaa odeeffannoo barbaachisu funaanuuf kan itti fayyadamudha. Yaada kana kan deeggaru, Dastaa (2013: 118) yoo ibsu, “Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannichaa irratti gaggeessu sana hordofa,” jedha. Daawwannaa kanarrattis bakka seenaafi iddoowwaan seena qabeeyyii jiran yookiin iddoo nammoonnii qorannoon irratti adeemsifamu jiraachaa turan suuraan deeggaramuun erga daawwatamee booda odeeffannoo argamerra dhaabbachuun hiikni itti kennamara.

### 3.5.2. Sakkatta’aa dookumantii

Toftaa qorataan ragaa funaanuuf fayyadame tokko sakatta’aa dookumntiiti. Ragaan dabalataa afseenaafi afwalaloo hayyoonni adda addaa itti hiikan kan odeefkennitootaan walbira qabuun madaaluuf gargaara. Dabalataan wantoota mata duree kanaan walqabatanii barreeffamee kaa’ame dubbisuun barbaachisaadha. Galmee bifa yaadannoo dhuunfaan, gaazexaalee, barruulee, waraqaa ragaafi barreeffamoota Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Jiddaa irraa fudhachuufi qorannoowwan afseenaafi afwalaloo irratti hojjetaman afur sakatta’uun akkaataa ragaaleen itti hiikaman odeeffannoon madda raga lammaffaa irraa fudhatameera. Yaada kana ilaalchisee Dastaa (2013) “dookumantiin akka raga qorannootti kan fayyadu qorannoo seenawaa keessatti” jedha. Qorannoon kunis qorannoo seenaan walqabatu waan ta’eef akka tooftaa funaansa ragatti dhimma itti ba’amee jira.

### 3.5.3. Af-gaaffii

Meeshaalee funaansa ragaalee keessaa, af- gaaffiin isaa tokkoo yemmuu ta'u, innis, mala qorataan tokko iddattoo isaatiin walargee odeeffannoo afaaniin gaafachuun fudhatuudha. Afgaffiin mala qorannoon akkamtaa/ qulqulleefataa keessatti meeshaa oddeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa bu'uraati. Yaada kana ilaalchisee, Scott and Deirded (2009:47) yoo ibsan, "Interview is one of the most popular qualitative research tools. It is very important in gathering reliable data," jechuun kaau'u. Yaada armaan oliirra akkuma hubatamutti mala qoranno qulqulleefataaf ragaa funaanu keessatti afgaaffiin meeshaa beekamaafi baay'ee barbaachisaa akka ta'e nihubanna. Kanaafuu qorannoo kana keessatti qorataan ragaa funaanuurratti afgaaffiiitti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu funaanachuun akka qaacceffamu ta'eera.Kunis,ta'uu kan danda'u qoratichi dursee gaaffii qopheeffachuudhaan gara odeef-keenitootaatti deemuun gaaficha dhiyeessaaf Barbaachisummaan mala kanaas, ragaa karaa adda addaan argaman dhugoomsuuf kan taasifamuudha.

Haaluma kanaan qoratichi, odeeffannoowwan qaama seenichaa mata duree qorannichaatiin walsimatu, gaaffiilee caaseffaman qopheessuun bakka qorannoon kun itti geggeeffamutti mala iyyaaffanootti gargaaramuun namoota Aanaa jiddaa keessaa kanneen Gandoota Filataman keessatti dhimma qorannoo kun irratti adeeemsifamurratti hubannoofi muuxannoo qaban gaafachuun mala kanatti dhimma bahameera.

### 3.5.3. Marii Garee

Mata duree qorannoo fookiloorii ta'e tokko gadi fageenyaan geggeesuuf, gaffiilee dhuunfaa dhiiyaatuun alatti, af-gaaffiin qophaa'ee bifa gareetiin deebiin dhimmicha irratti akka kennamu taasisuun barbaachisaadha. Kunis muuxannoofi beekumsa gahaa qorannoo kana keessatti dhimma bahuuf gargaara. Kana ilaalchisee Kotheri (2004:98) yoo ibsu, "Focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent…," jechuun kaa'a. Haaluma kanaan, qoratichi namoota iddattoof filataman keessaa namoota afwalaloofi afseenaa kanaan walqabatanii dhihaatan irratti hubannoofi muuxannoo qaban marsiisuun ragaa gahaa tahe irraa funannameera.

## 3.6. Malleen Xiinxala Ragaalee

Malli mata dureen qorannoo kanaa ittiin qaacceffamu, mala akkamtaa ykn hiikaati. Sababni isaas, jalqaba meeshaaleen odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaanaman mala af- gaaffiifi marii garee waan ta'aniif, odeeffannoon haala kanaan funaanamu immoo mala akkamtaatiin gadi fageenyaan hiikuufi xinxaluun waan qaacceffamuuf, qoratichis mala kanatti fayyadamuun ragaalee funaanaman gadi fageenyaan xinxaluufi hiikuudhaan niraawwata. Kunis ta'uu kan danda'u, jalqaba odeeffannoo kana keessatti muuxannoofi odeeffannoo Afseenawwaniifi Afwaloloo namoota bebbeekkamoo gama afoolaafi afseenaanaarratti qabaniifi waajjira Aadaafi Turiziimiirraa funaanamu walitti qabuun akkataa sagantaa isaaniitiin xiinxalamee jira.

## 3.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shan akka qabuufi tokko tokkoon boqonnaalee jalatti mata dureewwan haamma taman duura duubaan ni kaa'amu. Akka qorannoo kanaatti, boqonnaan tokko seen duubee, ka'umsa qorannoo, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi odeeffannoo bakka qorannichaa kallattii adda addaan kan haammatu yoo ta'u, boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruulee, yaaxinaalee qorannoon kanaan hidhata qabaniifi barruulee walfakkii sakatta'aman ni qabata. Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan qabatu yoo tahu, malli qorannoo mata dureewwaan adda addaa kanneen akka gosa qorannoo, madda ragaalee, iddattoo fi tooftaa iddatteessuu, malleen funaansa ragaalee meeshaalee funaansa ragaalee, tooftaa qaaccessaa ragaaleefi qindoomina qorannoo duraa duubaan ni haammata. Boqonnaa arfaffaan qaaccessa ragaalee niqabaata. Ragaaleen af-gaaffiifi marii gareen argaman, suuraa kaafamaniifi yaadannoo qabachuun funaanamuun odeeffannoowwan walfakkaatan bakka tokkotti fiduun bifa waldeeggaruu danda'uun mala akkaamtaan kan qindaa'edha.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA DHIYEESSAFI HIIKAA RAGALEE

## 4.0. SEENSA

Boqonnaa kana jalatti ragaaleen maddaa funaansa odeeffannoo garaagaraa boqonnaa sadii jalatti eeraman irraa argaman tartiibaan kan dhiyaataanii xiinxalamaniifi hiikni itti keennamedha. Ragaawwan afgaaffiifi marii garee odeefkennitootafi sakatta'aa dookmantii irraa argaman gosa gosaan qooduun hiikti kennameera. Haaluma kanaanis seenaan nammoota bebbeekkamoo, afwalaloowwaan namoota bebbeekkamoo Aanaa Jiddaa keessatti argaman adda baasuun xiinxalamanii jiru. Fakkeenyifi ibsi tokko tokkoon isaanii jalatti madda irraa argaman waliin taa'anii jiru. Bakka ragaan suuraan argamettis suuraan deeggaramee dhiyaateera.

### 4.1. NAMOOTA BEEKAMOO AFWALALOOFI AFSEENAA WARRA JIDDAA KEESSATTI

Aanaan Jiddaa Aanaa seenaa qabeettifi aanaa namoota biyya keenyaaf gumaacha olaanaa gumachaan, akkasumas biyya kanaaf kallattii garaagaraafi beekuumsaafi muuxannoo adda addaa qabaniin guddina biyya kanaatiif gahee guddaa bahan hedduu qabdi. Isaan keessaa namootni bebbeekkamoon Gootummaan, Aartiin, Ispoortiin Beekumsaanfi Ogummaa garaagaraa qabaniin gumaacha taasisaniin biyyattii akka maqaa gaariin waammantu taasisanii lubbuun darban keessaa Atileet Kumalaa Abbabbaa Biqilaa, Artiist Wasanuu Diidoo, Ajejaa Dhibbaa Haylamaaram Gammadaafi Gootichi Waaqjiraa Gammadaafaan isaan warra seenaan hin daganee keessaa isaan tokko. Afseenaafi afwalaloon namoota bebbeekkamoo kanneen afran haala itti aanuun xinxalamanii dhiyaatanii jiru.

## 4.1.1. ATILEET KUMALAA ABBABAA BIQILAA

## 4.1.1.1. MAQAAFI IDDOO DHALOOTAA ATILEET KUMALAA ABBABAA BIQILAA

Akka ragaa Obboo Simee Waaqjiree 16/05/2016 irraa argameen Maqaan isaa Abbabaa Biqilaa Waaqjiree jedhama. Haala duraa duuba sanyii isaa kan gara abbaa akka armaan gadiitti yoo teechisnu kana fakkaata: Abbabaa Biqilaa Waaqjiree walaajuu Tuufoo Tuuroo Talaayee Gurroo .jedhee itti fufa. Abbabaa Biqilaa maatii isaa Obbo Biqilaa Waaqjiree fi haadha isaa Aadde Wuddineshi Manbaruu irraa bara 1924 A.L.I tti Aanaa Jiddaa ganda Gaangoo , iddoo Doobbii jedhamutti, gaarreen Gooroo Doobbii, Tulluu Kormaa fi gaara Bubbisaa jedhamu gidduutti dhalate.

Akka ragaan kitaaba barnoota Amaariffaa kutaa 7ffaa barattoota naannoo oromiyaatiif akka barnoota afaan lammaffatti qopha’e jedhutti garuu raga armaan oliitiin baayyee waliif faalladha. “*ሻንበል አበበ ቢቂላ አጭር በደብረብርሀን ከተማ በደነባ ልዩ ስሟ ጃቶ የምትባል ቦታ ከአባቱ አቶ ቢቂላ ደምሴ እና ከእናቱ ወ/ሮ ዉድነሽ መንበሩ ነሐሴ 30 ቀን 1925 ዓ.ም ተወለደ። መላኩ ጽጌ እና እሸቱ አጋ* (2014)”. Akka ragaan kun ibsutti Shaambal Abbabaa Biqilaa Naannoo Amaaraa Magaalaa Dabra Biraanitti abbaa isaa Obboo Abbabaa Damisseefi Haadha Isaa Addee Wuddinash Manbaruu irraa bara 1925tti dhalate jedha. Kanaafuu raagaan namoota odeeffanoo nuuf kennaniifi ragaan kitaaba barnootaa kanarraa argame abbaan Abbabaa Biqilaafi iddoon inni itti dhalate sirrii akka hin taane nutti agarsiisa.

Hangafni atileet kumalaa Abbabaa Biqilaa Kinfuu Biqilaa kan jedhamu bara 1922 tti kan dhalate iddoo Billat jedhamu bakka Biqilaan niitii isaa jalqabe fuudhetti. Ganda Gaangoo keessatti guddatee bultii ijaarratee osoo jiraataa jiruu bara 1943 Finfinneetti galee hanga har’aa magaaluma Finfinnee keessa jiraata. Abbaan Abbabaa, Obbo Biqilaa Waaqjiree dhukkubsatee bara 1979 tti dhalatee waggaa 55 du’aan addunyaa gadi dhiisuun “Bataskaana Ortodoksii Gabri’eelii jedhamu kan ganda Gaangoo keessatti argamutti awwaalame.

Akka marii garee (18/06/2016) irraa argameen Abbaan atileet kumalaa Abbabaa Biqilaa obbo Biqilaa Waaqjiree haadha manaa isaa jechuun haadha atileet kumalaa Abbabaa Biqilaa aadde Wuddinesh Aanaa Abbichuu fi Nya’aa iddoo Muxxee Gaalaan bakka Mikaa’ela Walqixxee jedhamuu fuudhan. Abbaan isaanii abbaa lafaa waan turaniif lafa iddoo hedduudhaa kan qabanii dha.Tokkoffaan asuma iddoo dhaloota isaanii kan ta’e aanaa Jiddaa ganda Gaangoo yoo ta’u, lammaffan aanaa Abbichuu fi Nya’aa iddoo Billat jedhamu, kan biraa naannoo sulultaa keessaa fi naannoo shanoo keessaa qabu ture. Haadha Abbabaatis achuma iddoo Billat jedhamu sanaa fuudhan. Sana booda obboleessi Abbabaa hangafti Kinfuu Biqilaa kan jedhamu achitti yommuu dhalatu, haati Abbabaa immoo Abbabaa erga ulfooftee booda, fiddee gara Gaangoo dhufuun asitti deeche.Erga gara Gaangoo dhuftee ji’a lamaan booda goota Atileetii Addunyaa, atileet Kumala Abbabaa Biqilaa ganda Gaangoo, iddoo Doobbii gooxii Qanyi Burraa jedhamutti bara 1924 A.L.I dhalate. Abbabaan obbolaa ja’a kan qabu yoo ta’u haalli duraa duuba dhaloota isaanii akka armaan gadiiti. Kinfuu Biqilaa, Abbabaa Biqilaa,Simee Biqilaa, Xilaayee Biqilaa, Yashii Biqilaa fi Xiggee Biqilaati. Obbolaan Abbabaa kunneen hundi kan dhalatan haadha tokko irraa osoo hin taane haadha garagaraa irraayi. Isaaniis Kinfuu fi Abbabaan Aadde Wuddineshi aanaa

Abbichuu fi Nya'aatii kan fuudhan irraa yoo dhalatan, Simee, Xilaayee , Yashii fi Xiggeen immoo haadha manaa obboo Biqilaa kan lammataa aadde Walalaa Qumbii iddoo dhaloota isaanii Waayyuu bakka jedhamuu kan dhufan irraa dhalatan. Ijoollee kanneen keessaa takka sululta yoo heerumtu, takka asuma naannoo Siibaa heerumte. Obbolaa Abbabaa kanneen keessaa amma kan lubbuun jiran nama lama yoo ta'an isaaniis Simee Biqilaa fi Xiggee Biqilaa qofa.Kan hafa afran biyyoon itti haa salphattuutii boqatanii jiru.

Akka ragaa armaan olii marii garee irraa argameen Kumalaa atileet Abbabaa Biqilaan aanaa jiddaa ganda gaangoo iddoo doobii jedhamutti dhalachuu isaa ragaa maanguddoota irraa argameen garaagarummaa hin qabu.

## 4.1.1.2. Haala hidda maatii (warra) Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa

Akka ragaa Obboo Biraanuu Hordofaa (16/05/2016) irraa argameen Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa karaa abbaa isaa yoo deemne hiddi maatii isaa Biqilaa Waaqjiree Walaajuu Tuufoo Tuuroo Talaayee Gurroo yoo jedhamu Karaa haadha isaa ammaaf hanga akaakayyuutin ala hidda dheeraa argachuu hin dandeenye. Hidda isaa lakkooftee yoo xummurte ijoollee Jiddaa shanan keessaa Gaaleyyiitti galchuu ni dandeenya.

Akka ragaan armaan olii ibsuttu Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaan warra shanaan jiddaa keessaa maatii hidda latiinsa Gaaleeyyii irraa dhalachuu nutti agarsiisa haata'u malee seenaa Kumalaa Abbabaa Biqilaa yeroo addaa addaa iddoo garaagaraa, miidiyaalee, maxxansaafi kitaabilee adda addaa keessatti bal'inaan seenaan isaa jajal'atee akkasumas, daandii irraa maqee odeeffannoo sirrii irraa goree yenmmuu barreefamu agarra. Ragaan dhugaa garuu isa araan olii kana.

Akka ragaa Obboo Simee Biqilaa (16/05/2016) irraa argameen immoo Erga Abbabaan dhalatee waggaa tokko booda haati fi Abbaan wal lolan wal hiikanii adda bahan. Isheenis hangafa, Kinfuu achumatti dhiistee Abbabaa Gaangoodhaa fudhattee Wal Qixxee 'Mikaa'elaa' akaakayyuu ishii biratti galte. Abbabaa akaakayuu ishii biratti dhiistee idheen dhirsa biraa achuma Abbichuu keessa Obbo Damissee Odaa Intalee kan jedhamu heerumte. Biqilaan yeroo sana sababa niitii deddeebisuuf niitii biraa aadde Walalaa Qumbii fuudhe.Isii iraayis ijoollee kanneen booda kan dhalche.Haati Abbabaas obbo Damissee Odaatiif ilma tokkoo fi intala tokko deessef. Abbabaan

akaakayyuu isaa, abbaa haadhaa biratti guddatee yeroo tiksee guutuuf ga'u, abbaan isaa obbo Biqilaan obboleessa haadha manaa isaatiin obbo Hayla Mikaa'eliin "haadha manaa koo naaf galchi" jedhee gaafate. Innis "Obbo Biqilaa dur kan ishee takkittii fi daa'ima ishii waliin ariite, har'a nama 4 dandeessaa?" jedheenii deebiseef. Erga walii galanii booda haadha manaa isaa aadde Wuddinesh ijoollee lamaan ishiin amma dhirsa haara'a irraa deesse waliin lafa abbaa isaa kan Obbo Waaqjiree biratti, achuma Billatitti akka obbo Waaqjiree soortuuf achitti galche. Ilma isaa Abbabaa garuu fudhatee iddoo dhaloota isaa Gaangootti galeen. Ofii isaaf lafa isaa kan Abbaan kenneef irratti Gaangootti gale. Sana booda Abbabaan asuma Gaangoo iddoo dhaloota isaatti obboleessa isaa Kinfuu Biqilaa fi ijoollee booda niitii biraa irraa dhalatan wajjin guddate.

Yeroo muraasa booda Biqilaan niitii isaa aadde Wuddinashii fi ijoollee ishiin abbaa biraatif deesse sana waliin fudhatee Gaangootti (Jiddatti) galche. Inni kunis sababa ilmi ishii hangafti Kinfuu Biqilaa niitii fuudhuuf, akka ishiin 'daggastee'(cidha qopheessitee) ilma hangafa ishii kan fuusistuuf ture. Aadde Wuddinashis Gaangootti galtee cidha ilma isaanii haala gaariidhaan hojjetanii Kinfuu fuusisan. Cidha kana irratti firoottan ishii argaman keessaa obboleewwan dubaraa, ishii gorsuudhaan, "Biqilaan duruu yeroo ati ijoollee akkasumas bifa qabdu kan si jibbee sirratti fuudhe har'a niitii lammaffaan jiraattee na jaalata jettee yaaddaa?'', jedhanii ishii gorsuudhaan ijoollee nama biraa kan Damissee Odaa irraa deesse lamaan waliin fudhatanii Finfinneeti galan. Biqilaan niituma booda aadde Walalaa wajjin Ganda Gaangootti hore. Ilmi isaa Kinfuun, niitii fuudhes waggaa tokko booda niitittii fuudhe ari'ee innis Finfinneetti gale. Abbabbaanis bara 1944 umrii waggaa 17'n, waggaa obboleessi isaa deemetti Finfinneetti galee, 'Kibur Zabanyaa ta'e.

Akka ragaa armaan olii irraa argameen haati abbabaa addee wuddinash aanaa abbichuufi nyaa'atti heerumuun bultii biraa horachuu nutti agarsiisa. Abbaan abbabaas obboo biqilaan haadha mana biroo fudhuun bultii akka horate nutti agarsiisa.

## 4.1.1. 3. Haala Gaa'ela Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa

Akka ragaa Obboo Simee Biqilaa (16/05/2016) irraa argameen Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Finfinnee galee waggaa sadiin booda niitii duraa fuudhe. Niitii duraa tanarraa otoo ilmoo hin argatin wal lolanii garagar bahan.Ammas waggaa tokko erga tureen booda haadha manaa lammaffaa aadde Yewubdaar Walda Goorgis kan jedhamtu iddoo Shankoora jedhamutti kan

dhalatte Magaala Finfinneetti fuudhe. Sana booda isaanis ijoollee jaha/6/ walirraa horan.Haati manaa isaa tun hanga har'aa ijoollee isaa waliin magaala Finfinnee iddoo Faransaayi Lagaasiyoon jedhamu jiraatti. Ijoollee isaa keessayis 3 yoo du'an 3 hanga har'aa ni jiru. Maqaan ijoollee Abbabaa Biqilaas kanneen asii gadiiti.

1. Garramuu Abbabaa :- Har'a lubbuun hin jiru
2. Alambajjuu Abbabaa :- Har'a lubbuun hin jiru
3. Daawwit Abbabaa :- Har'a lubbuun hin jiru
4. Yeetinnaayeet Abbabaa :- Har'a lubbuun ni jira
5. Tafarii Abbabaa :- Har'a lubbuun ni jira
6. Tsiggee Abbabaa :- Har'a lubbuun ni jira

Gara sadarkaa barumsaa fi haala waliigala barumsa isaatti yoo deebinu, Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa daa'imummaa isaatti carraa barumsaa hin arganne ture.Garuu erga magaala Finfinneetti galeen booda galgala galgala baratee naannoo kutaa 3 ga'e.Sana booda garuu gara fiigichaatti seene.

#### 4.1.1.4. Hojii Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Yeroo Ijoollummaa isaa fi Dandeettii Addaa inni qabu.

Yeroo ijoollummaa isaa horii eeguun yoo guddatu, horii eeguu cinaatti lafa qotuu farda gulufsiisuu/yaabbachuu/, Adaaamsoo kanneen akka gogorrii, sololi'aa, kuruphee fi k.k.f. fi qillee taphachuu keessatti cimaa akka ture maanuddoonni kun nuuf eeranii jiru.Keessattuu gaafa Abbabaan adamsoo deeme namoonni biro hin deeman ture. Sababni isaa inni fiigicha waan danda'uuf isumatu qabatee fixa. Keessattuu tibba ayyaana gurguddaa kanneen akka Soomaa hiikuu/faasikaa/ fi Qillee fa'a jechuudha Simee Biqilaa (16/05/2016).

#### 4.1.1.5. Akkaataa Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Gara Fiigichatti Seenuu Danda'e

Akka ragaan Obboo Asaamminoo Birraatuu (14/05/2016) irraa argametti Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa jalqaba iddoon dhaloota isaa teessuma adda addaa kanneen akka tabbaa gaarren, hurufa, sululawwan adda addaa fi bu'aa cehii daa'imummaa isaa eegalee keessatti guddate waan ta'eef jabinaa fi cimina qaama isaaf sababa guddaa ta'eera.Haala kanaan yeroo ijoollummaa isaa hanga umrii 17 tti asuma gaangootti dabarse. Bara 1944 tti akka Finfinneetti

galeen ‘Kibur Zabanyaa’ akka ta’e asii oliitti ibsuun keenya ni yaadatama. Uumamaan Abbabaa Biqilaa nama goota lola jaalatu nama aaru, humna kan qabuu fi humnaan kan namatti dallanu, farda yaabbii fi sirba fedhu ture. Yeroo ‘kibur Zabanyaa’turetti itti gaafatamtootaa fi ajajoota isaaniif waan ajajamuu diduu fi yeroo hunda loluu waan guddatuuf warreen aangoo qaban filannoo atileetiksiif isa filanii dabarsan. Yeroo sana isaan wanti isa filaniif isa fayyaduuf osoo hin taane, akka inni shaakalaan dadhabuuf ture. Akkuma isa filanii dorgommii seeneen biyya keessatti (Itiyoophiyaatti) sadarkaa lammaffaa bahe. Waamii Birraatuu 1ffaa, Maammoo Waldee 3ffaa fi Maraawwii Gabruu immoo 4ffaabahuun Abbabaa Biqilaa 2ffaata’anii xummuruudhaan biyyatti akka filataman. Inni kun bara kudha sagal shantamoota keessa(1950’s) ture. Otuma dorgommii kana hin seenin dura Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa yeroo ‘Kibur Zabanyaa’ ta’ee hojjechaa turetti Fifinnee ka’ee karaa Sulultaa fiigichaan dhufee ganda Gaangootti warra isaa hiriyoota isaa waliin guyyuma tokkotti ilaalee deebi’a ture.Inni kun hangam akka inni durumaan ijoollummaatti fiigichaan cimaa ture agarsiisa.

Walumaa galatti Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa‘Kibur Zabanyaa’ keessaa filamee akka fiigu ta’e. Yeroo san keessa dhaabbatatu (uummatatu) nama filee kenna waan ta’eef filanii kennan. Jaalala isaaf hin turre wanti isaan isa filaniif, akka inni ajajamuuf adabbii godhanii Kennan malee.Garuu inni biyya keessatti 2ffaa ta’ee moo’e.Biyya alaas deemee akka ajaa’ibaatti Waamii Birraatuu illeen caalee 1ffaa bahee biyyattii, Afrikaalleen ajaa’ibsiisee addunyaa afaan qabsiise. Yeroo jalqabaaf gurraachi Afrikaa keessaa nama jalqabaa ta’e, nu boonse. Jechuun ibsu.

### 4.1.1.6. Dorgommiiwwan Atileet Kumalaa Kumalaa Abbabaa Biqilaa Moo’ate keessaa Muraasa

Akka ragaan Obboo Asaamminoo Birraatuu (14/05/2016) irraa argametti Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa dorgomtoota isaa haala ajaa’ibaatiin moo’achuudhan ala, yeroo hedduu riikordii (record) haara’a galmeessuun alas miila duwwaa fiiguun ajaa’ibsiifama tureera. Dorgoommiiwwan yeroo adda addaa biyyoota adda addaa keessatti adeemsise moo’achuudhaan ala, dorgommii olompiika waggaa afuritti adeemsifamu irratti haala ajaa’ibsiisaa ta’een moo’uun beekkama. Fakkeenyaaf dorgommii fulbaana 11 bara 1960 biyya Xaaliyaanii magaala Roomitti adeemsifame irratti olompiika 14ffaa irratti Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa dorgommii maaraatoonii km 42.195 yeroo 2:15:16.2 riikoordii haaraa galmeessisuun miila duwwaa haala ajaa’iba ta’een moo’ate. Dorgommii kanaan Tokkummaan Sooviyeetraa Raashiyaa warqii 48,

meetii 29, nahaasa 31'n tokkoffaa, Ameerikaan/USA/ meedaaliyaa warqii 34 meetii 21, fi nahaasa 16'n 2ffaa fi Xaaliyaaniin Meedaaliyaa warqii 10, meetii 10 fi nahaasa 13'n 3ffaa bahuun xummuran. Itiyoophiyaan olompika kanarratti yeroo jalqabaaf dorgomtee meedaaliyaa warqii Atileet Abbaba Biqilaa fideen 22ffaa baate. Waggaa afur booda olompika 15ffaabiyya Jaappaan magaala Tookiyootti Onkololeessa 10-24 bara 1964 A.L.A adeemsifamerratti Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa yeroo lammaffaaf maaraatoonii yeroo 2:12:11.2tti xummuruun riikordii ofii isaaf biyya Xaaliyaanitti qabee ture cabsee hawaasa addunyaa dinqisiise. Dorgommii kanarratti Ameerikaan 1ffaa, Tokkummaan Sooviyeet 2ffaafi Jaappaan 3ffaa bahuun xummuran.Dorgommii kanaan biyyi teenya ammas warqii Abbabaa Biqilaa argamsiiseen 25ffaa bahuun xummurte.

Olompikii 16ffaa Meeksikoo magaala Meeksikoo Siitii A.L.A Onkololeessa 12- 27 bara 1968 adeemsifamerratti Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa fi Maammoo Waldee hirmaatan. Dorgommii kanarratti, Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa km 15 erga fiigee booda miliqqaa miilatiin adda kutee bahe.Maammoo Waldee dorgomtoota ciccimoo keessaa utaalee bahuudhaan sa'aatii 2:26.2'n moo'atee maqaa biyyattii waamsise.Odoo olmpika kana Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa moo'ateera ta'ee, addunyaa irraa nama tokkoffaaolompika yeroo 3'iif moo'ate ta'a ture. Hanga ammaa namni olompika yeroo lamaa oliif moo'ate hin jiru. Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa fi namoonni muraasni olompika yeroo lama lama moo'anii yeroo 3'iif odoo hin milkaa'in hafaniiru. Kanaaf Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaas namoota beekkamoo olompika yeroo lama lama moo'atan kanneen kessatti makameera Asaamminoo (14/05/2016).

## 4.1.1.7. Haala Miidhamuu Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa

Akka ragaa obboo Simee Biqilaa (16/05/2016) irraa argametti Jalqaba namicha Jeneraal Baqqalaa__________ jedhamu maqaan abbaa isaa hin yaadatamne kan sirna Hayla Sillaasee keessatti aagoo guddaa fi iddoo guddaa qabu waliin sababa jaalala dubartii fi maallaqaatin wal lolan. Jeneral Baqqalaa _______ .kun maallaqa kumalaa Abbabaa irraa fudhatee deebisuu dide. Kanuma irraa ka'uudhaan 'Jaan-Meedaatti' wal lolan. Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa gootaa fi dafee nama aaru waan tureef jeneraalicha kanaan afaan walitti daddarban. Yeruma sana mormii biraaf gara magaala D/Birhaan deeme. Yeroo inni achii deebi'u galgala hanga sa'aatii 4 Shanoo turee, sa'aatii 4 booda erga shanoodhaa bahee naannoo sa'aatii shaniitti jeneraalli baqqalaan kun raayyaa ittisa biraa waliin karaatti eegee ibsaa konkolaataa itti ibsan. Abbabaan

aaree konkolaataa keessaa bahuudhaan yeroo namichaan wal qaban, Abbabaan kophaa waan tureef isaan namoota hedduu loltuu fi kashalabboota waliin Abbee/Abbabaa mataa rukutanii dhiigsan. Yeruma sana summii nama laamshessu lilmoodhaan waraananii of wallaalchisan. Gadi lafarraa fi dhoqqee keessa harkisanii konkolaataa akka waan konkolaataa biraatiin walitti bu'e fakkeessanii fuuldura ishii cabsan. Walakkaa qaama Abbabaa keessa konkolaataa, mudhii gadi immoo ala baasanii achumatti dhiisanii deeman.

Abbabaan of wallaalee achuma bule. Barii isaa namoonni konkolaataa Dabra Birahaanii barii dhuftu keessaa bu'anii Abbabaa fuudhanii Hospitaala 'Daagimaawwii Minilikittii' geessan.Sana booda Hayla Sillaaseen biyya Ingiliiz Londonitti yaalchisuuf achitti erge.Ta'ullee qaama isaa qorichi waan dhuunfateef naafachuu jalaa bahuu hin dandeenye.Lubbuun isaa garuu akka hin dabarreef yaallamee naafatti fayye. Barri miidhamuu isaa kun Guraandhala 3 bara 1961 halkan keessaa sa'aatii 5 erga shanoo darbeeyi.Yeroo kanaa eegalee qaamni goota kanaa hundi kottaayee waa harkaan qabuu akka hin dandeenyetti naafatee hafe.Asirratti wanti hubatamuu qabu, Abbabaan iccitii kana himee namichi 'Jeneraal Baqqalaa……' akka adabamu gochuu hin barbaanne. Sababni isaas wanti isaan irratti wal lolan saalfii waan ta'eef, Hayla Sillaasee sodaaf baasuu dhiisan.yaada kana iccitiidhaan obboleettii isaa kan jaalatu kan har'a lubbuun hin jirre aadde Xilaayee Biqilaatti akka hime obbolaan ishee kan lubbuun jiran Aadde Xiggee Biqilaa Fi Simee Biqilaatu natti hime. Isaanuu yaada kana akka iccitiitti waan qabanii jiraniif akka namatti hin himne natti dhaaman Aadde Xiggee Biqilaa Fi Simee Biqilaa (16/05/2016).

Haala miidhamuu Shaambal Abbabaa Biqilaa ilaaalchisee ragaaleen adda addaa akka ibsanitti garuu Abbabaan balaa konkolaataa tasa irra qaqabuu akka miidhametti ibsu. "…*ጀግና አበበ ቢቂላ በሀገር ውስጥ በተሸለመው መኪና ሲንቀሳቀስ በደረሰበት አደጋ ከሩጫ ውድድር ተሰናክሏል። በዚህም ምክንያት ለ5 ዓመታት ከወገቡ በታች ሽባ ሆኖ ለመኖር ተገደሏል። በመጨረሻም በ1966 ዓ.ም ከዚህ አለም በሞት ተለይቷል።" መላኩ ጽጌ እና እሸቱ አጋ (2014፡26)*

Akka ragaa armaan olii kitaaba Barnoota Afaan Amariffaa kutaa 7ffaa naannoo Oromiyaa keessatti afaan amaaariffaa akka afaan lammaffaatti barsiisuuf siran barnootaa haaraa bahe keessatti kan argamu yoo ta'u akka ragaan kun ibsutti abbabaan balaan tasaa irra qaqqabuun akka miidhame ibsa. Garuu akka ragaa maanguddoo odeeffannoo irra arganne ibsutti garuu abbabaan kan miidhame itti yaadamee nama dhuufaan kan balaan irra qaqqabe nutti agarsiisa.

Kanaafuu, ragaan kitaabicha keessatti barreeffamee jiru kan sirii hin taanefi dhugaarraa fagateedha.

### 4.1.1.8. Haala Du'a Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa

Akka ragaa maanguddoo odeeffaannoo irraa argameen Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa sababuma miidhamuusaa bara 1961'tti irra gaheen waggaa shan booda Onkololeessaa 15 bara 1966 G.C du'ee gaafa 16 reeffi isaa mana ooluun gaafa guyyaa 17/2/1966 Bataskaana Yooseef kan Finfinneetti argamutti awwaalii isaa raawwate. Har'a biyyoon itti haa salphattuutii haati manaa fi ijoolleen isaa sadan magaalaa Finfinnee iddoo Faransaayi Lagaasiyoon iddoo Haylasillaaseen kennefitti mana jireenyaa ijaarratanii jiraatu Baalchaa Abdii Araddoo (16/05/2016).

### 4.1.1.9. Ragaalee Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Aanaa Jiddatti Dhalachuu agarsiisan

Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa Ganda Gaangoo iddoo Doobbii Gaashaa 'Qanyi Burraa' jedhamutti bara 1924 A.L.I akka dhalate ragaan qaamaan obboleessa isaa har'a lubbuun jiru obbo Simee Biqilaa fi aadde Xiggee Biqilaa akkasumas hiriyaa isaa obbo Kabbadaa Taklee irraa arganne ni mirkaneessa. Ragaa inni guddaan immoo raga seenaati.Innis hidda isaa lakkooftee Ijoollee Jiddaa shanan keessaa 'Gaaleyyiitti galuun isaa iddoon dhaloota isaa fi sanyiin isaa Jidda ta'uu isaa namatti agarsiisa.Hanga lubbuun jirutti lafa abbaa isaa kan obbo Biqilaa isa ganda Gaangootti argamutti fayyadamaa turuun isaa ragaaleen namoota kanneen irra argame ni mirkaneessa. Dabalataan hiriyoota isaa gombisa fardaa , tapha qillee,adamoo Kuruphee fi Gogorrii hiriyoota isa waliin hirmaachaa akka ture hiriyoonni isaa amma lubbuun jiran obbo Kabbadaa Taklee fi obboleessa isaa Simee Biqilaa natti himanii jiru. Akka fakkeenyaatti sirba inni jaalatuu fi yeroo hiriyoota isaa waliin farda yaabbatu sirbu keessaa kan obbo Takleen nutti hime muraasni akka armaan gadiitti teechisnee jirra.

*" heemmolee kaasutti Yeroo ari'u, "Maaf dheessitaa*

*Baattee gali jechuun Dheeffi nama hin baasuu*

*Roorroo fakkaattee Yoo abbaan lole malee*

*‘Shugguxii’ Biqilaadhaa Fardi waa’ee hin baasuu”*

*Naan gali Daamaa jedha,yeroo ari’u”Beenaa farda binnaa yaa ijoollee*

*Gaangeejaarsatu gadabiin/qixxeen/deemaa, ‘’jedhee sirba,*

Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa yeroo farda yaabbatu.

Walumaa galattii ragaan kunneen hundi Atileet Kumalaa Abbabaa Biqilaa dhaloonni isaas ta’e guddinni yeroo dargaggummaa isaa godina Shawaa kaabaa/Salaalee/ Aanaa Jiddaa ganda Gaangoo Gaashaa Qanyi Burraa iddoo Doobbii jedhamutti dhalatee guddachuu, hanga umrii isaa 17 gahutti asumatti dhimmoota hawaas-diinagdee hunda irratti hirmaachaa turuu isaa ragaa qabatamaan amma namoonnilubbuun waan jiraniif abbaan fedhedhufee gaafachuu fi mirkaneeffachuu akka danda’u, nutis isaan qunnamsiisuuf qophoofnee taa’uu keenya ibsuu barbaanna. Hanga du’a isaatti illeen asuma lafa abbaa fi akaakayyuu isaa irraa dhufee midhaan qotame fudhachuun itti fayyadamaa akka turelleen obboleessi kun har’a raga ni baha.Hanga har’aattillee haati manaa Abbabaa Biqilaa maallaqaa fi waan adda addaa obboleessa Abbabaa kanaaf akka ergitee gargaartu Obbo Simee Biqilaa nuuf eeraniiru.

## 4.1.1.10. Sababa warri Abbichuu Atileet Abbabaa Biqilaa Keenya Jedhaniif

Akka ragaa marii garee irraa argameen Haati Abbabaa (haati manaa Biqilaa) fi Biqilaan akkuma Abbabaa fi Kinfuu deessen, waan wal lolaniif adda bahan. Sana booda Abbabaa kan waggaa tokkoo fudhattee akaakayyuu isaa bira gootee, ofii isheetiif obbo Damissee Odaa Intalee heerumte. Ijoollee dhiira 1 fi intala 1 deessef. Sababa kanaaf Abbabaa Biqilaa Iddoo dhaloota dogongoraatiin Abbichuudha jedhuurra darbanii Abbabaan kan Damissee Odaa ti kan jedhanillee ni jiru..Sababa Abbabaan waggaa tokko ega guutee booda haadha waliin achi galee hanga tikseetti achi akaakayyuu haadha isaa bira tureef warri Abbichuu fi Nya’aa dogoggoraan keenya jedhu.Otuma sababni isaanii dhugummaa kan qabaatu ta’ee iyyuu Abbabaan ganda buddeenaa obbo Damissee Odaa taa’ee hin guddanne. Inni kun haati isaa isa akaakayyuu isaa biratt gattee heerumte.Abbabaa fudhattee hin heerumne.Kanaaf sababni Abbichuu fi Nya’aa Abbabaan Aanaa keenyatti dhalatee dhiisitii achitti guddateenuu dogoggora raga maleessa ta’ee dha.

Dabalataan yaadni uummata biyya keenyaa iddoo dhaloota atileetii kana irratti yaada dogoggoraa fi infoormeeshinii dogoggoraa uume tokko gaaffii fi deebii niitiin biqilaa ykn haati Abbabaa aadde Wuddinesh goote dha. Isheenis yeroo gaafatamtu ‘’Abbabaa kan dhalche Simee Odaa ti malee Biqilaa Waaqjireeti miti.’’ Jettee deebiste.Boodarra yeroo lammaffaa yommuu gaafatamtu abbaan Abbabaa inni sirriin Biqilaa dhuma jettee deebiste. Yeroo amma sababa duraan kan Biqilaatii miti jetteef gaafatan immoo, ‘’ yeroon ani Biqilaa waliin ture, baay’ee natti taphachaa,na ari’aa, yeroon ani dhirsa biraa heerume immoo humnaan achii na galfachaa, na dararaa waan tureef, isa sana aareen akka inni faayidaa har’a Abbabaa irraa hin arganneefan akkas jedhee malee Abbabaan kanuma Biqilaa ti, anis niitii isaa kan duraati, Abbabaanis ilma isaa kan lammataati, Kinfuu Biqilaatti aanee kan dhalate ilma Biqilaa Waaqjireeti, kan dhalates Aanaa Jiddaa Ganda Gaangoo iddoo Doobbii jedhamtutti, hangafti isaa garuu Billatitti lafa abbaa Biqilaa irra yeroo turre achitti dhalate, akkuman Abbabaa ulfaa’een gara Gaangoo lafa abbaan Biqilaa, Biqilaaf kennerratti galle, sana booda nuti hunduu Waaqjiree lafa Billatirratti dhiisnee asitti galle. Abbabaanis asitti dhalate.’’Jettee akka dubbatte obboleessi isaa obbo Simee Biqilaa haalaan waan beeku nutti himan.

Har’a haati manaa obbo Abbabbaa Biqilaa ijoollee isaa jiran sadan qabattee Magaalaa Finfinnee naannoo Faransaayi Lagaasiyoon kan jedhamu lafa dur Abbabbaan irratti ijaarrate keessa jiraatu.

Akka ragaan armaan olii ibsutti abbabaan kan dhalate jidda keessatti akka hin taane fi abbaa isaa obboo Biqilaa Waqjiree osoo hin taane akka Simee Odaa  ta’e odeeffannoo sobaa akka ta’e kan mirkaneessu dha. fakkeenyaa akka ragaa kitaaba barattootaa Afaan Amaaraa Naannoo Oromiyaa keessatti akka afaan lammaffatti kutaa torbaffaa barsiisuuf qopha’e *“ሻንበል አበበ ቢቂላ አጭር በደብረብርሀን ከተማ በደነባ ልዩ ስሟ ጃቶ የምትባል ቦታ ከአባቱ አቶ ቢቂላ ደምሴ እና ከእናቱ ወ/ሮ ዉድነሽ መንበሩ ነሐሴ 30 ቀን 1925 ዓ.ም ተወለደ። መላኩ ጽጌ እና እሸቱ አጋ (2014)”* Akka yaada kanaatii odeeffannoo yookiin ragaa dogoggoraa lamatu mul’ata. Tokko Abbabaan Magaalaa Dabra biraanitti kan dhalate jedhufi kan inni dhalate abbaa isaa Obboo Biqilaa Damissee jedhu ragaa dogoggoraafi wal dhahaa ta’eedha. Kun immoo sirreeffamuun ragaan inni dhugaa irratti hunda’ee bareeffamuu qaba.

## 4.1.2. Seenaa Artiist Wasanuu Diidoo

### 4.1.2.1. Maqaa fi Hidda Sanyii Artiist Wasanuu Diidoo

Akka ragaa marii garee (18/06/2016) irraa argame ibsutti Artiistin Kun maqaa Artiist Wasanuu Diidoo Booraa jedhamuun beekkama. Hiddi isaa karaa abbaa Wasanuu Diidoo Booraa Abbayyee Sunqoo wadaajoo jedhee itti fufa. Sanyiin isaa karaa abbaa isaa ijoollee Jiddaa shanaan keessa kan Arrabsaati. Innis naannoo bara 1915 tti ganda Ariyaa Gaadullaa iddoo Elellee, gooxii Minaasoo jedhmutti dhalatan. Innis maatii isaa obbo Diidoo Booraa fi haadha Aadde Biliqqee Oddoo Elemoo irraa tilmaaman naannoo bara 1915tti Aanaa Jiddaa ganda Ariyaa Gaadullaatti dhalatan. Haati isaa tunis achuma gosa Aariyaa keessatti kan dhalatte sanyii Jiddaati. Innis ijoollee Jiddaa shanan keessa kan Arrabsaati jechuudha. Artiist Wasanuu Diidoo haadha manaa isaa kan fuudhe, Abbichuu keessaa yoo ta'u, isheenis Muluu Masqalee jedhamti. Haadha manaa isaa tanaarraa ijoollee lama argatan.Isaanis:

1. Ajajaa dhibbaa Alamuu Wasanuu

Ajajaan dhibbaa Alamuu Wasanuu yeroo ijoollumma isaa loltuu fi atileeti ture. Bara jireenya isaa keessatti badhaasa mooticha Hayla Sillaasee irraa fudhatee akka ture Obboleessi abbaa isaa obbo Nagaashuu Diidoo (15/05/2016) nuuf himanii jiru.

Innis yeroo hedduuf atileetoota akka Maammoo Waldee fi Tolosaa Qottuu fa'a waliin fiigee hanga biyyaa alaattilleen kan moo'ate ta'uu seenaan ni beeka. Ijoolleen isaas Finfineetti lafa godhatanii, barataani iddoo gaarii gahaniiruu. Magaalaa Finfinnee dabalatee naannoo Oromiyaa garaagaraa keessaa haala gaaridhaan kan jiraatan ijoollee fi ijoollee-ijoollee hedduu akka horee du'e obboleessi Wasanuu Diidoo obbo Nagaashuu Diidoo (15/05/2016) kun nuuf himaniiru.

2. Aadde Guuttuu Wasanu yoo jedhamtu hanga har'aa lubbuun jirti. Asumaa Jidda keessaa ijoollee sadii (3) deessee. Isaanis horaani baay'ataniru. Har'a naannoo waggaa 75'nii geecherti.

Akka ragaa armaan olii marii garee maanguddootaa (18/03/2016) odeeffannoo nuuf kennan irraa argameen Artiist wasanuu diidoo Aanaa jiddaa ganda aariyaa gaadullatti dhalachuufi hidda

latiinsa warra shanan jiddaa keessaa kan warra arrabsaa ta'uu isaa ragaan gama laamniin argame wal fakkataafi kan wal deeggaruudha.

**Obbolaa Wasanuu Diidoo**

Akka ragaa marii garee irraa argameen Ijoollee yookiin maatii Abbaa Wasanuu Obboo Diidoo Booraa (Obbolaan Wasanuu Diidoo) sagal (9) yoo ta'an isaan keessa 2 dhiira yoo ta'an 7 immoo dubartoota akka ta'an dubbatu. Isaaniis:

I. Dhalaa(dubartoonni)
   1. Baatuu Diidoo hangafa turte
   2. Maraxaa Diidoo
   3. Qananii Diidoo
   4. Shaggee Diidoo
   5. Birqii Diidoo
   6. Dassitaa Diidoo
   7. Guuttuu Diidoo

II. Dhiironni immoo

Yaadatee Diidoofi Wasanuu Diidoo jedhamanii beekkamu. Hangafti isaanii Aadde Baatuu Diidoo yoo taatu, isheen tunis dur Magaalaa Finfinnee iddoo Piyaassaa , bakka safara Gadaamii ykn 'gadaam sefer', bakka jedhamuu mana daadhii waan qabduuf , Wasanuunis ishee bira achi deemee masiinqoodhaan sirbaa akka ture,obbolleessi isaa inni, har'a lubbuun waan jiruuf nuuf ibsaniiru. Hanga har'aa ijoollee horanii barsiifatanii iddoo gaariin waan gahataniif asuma qe'ee obboleessa isaa yookiin qe'ee abbaa isaa kan Diidoo Booraa ganda Ariyaa Gaadullaa jiraatu. Akka ragaa armaan olii irraa hubatamuun danda'amutti Artiist wasanuu Diidoo baatii bal'aa keessatti kan dhalateefi obbolaa hedduu qabachuu isaa sirritti nutti mul'isa.

## 4.1.2.2. Dandeettii Artiist Wasanuu Diidoo fi Sirboottan Isaa

Artiist Wasanuu Diidoo dandeettii hedduu qabu turan. Keessaattuu sirboota dhimmoota hedduu of keessaa qabanii fi ergaa gaarii qaban sirbuun beekkama. Karaa gama biraatiin meeshaalee Muuziqaa adda addaa hedduu taphatus haala gaariidhaan meeshaa muuziqaa aadaa keessaa Masiinqoofi Ulullee taphachuudhaan beekkama. Meeshaalee muuziqaa ammayyaa xiqqoo

xiqqoo taphatus, Masiinqoo garuu namni hanga isaa taphatu yeroo sanaaf hin turre jechuun ni danda'ama. Mana Daadhii obboleettii hangafti isaa magaalaa Fifinnee kutaa magaalaa Araadaa, iddoo Piyaassaa (piazza) jedhamu keessaa qabdu keessatti yeroo dheeraaf daa'imummaa isaa irraa eegalee taphachaa ture. Sirboota isaas Afaan Oromootiin meeshaa isaa Masiinqoo waliin qindeessee taphachaa akka ture maanguddoonni ragaan irraa argame Obboo Gammadaa Maangashaa (16/05/2016) nuuf himaniiru.

Abbaan Wasanuu, Obbo Diidoo Booraa bara durii jaarraa $_{19}$$^{ffaa}$keessa naannoo bara kudha saddeet saddeettamootaa fi sagaltamoota keessa akka ispoortii akka Jiimnaastikii fi utaaluu waan danda'uuf namoota bashannansiisuun akka beekkamu ilmi isaanii obbo Nagaashuu Diidoo fi Maanguddoonni ollaa har'a lubbuun jiran ni dubbatu.

Akka ragaa armaan olii kanarraa hubatamuun danda'amutti Artiist Wasanuu Diidoo dandeettiwwan aartii garaagaraa qabaachuufi fedhiin inni aartiif qabu baay'ee olaanaa ta'uu nutti agarsiisa. Kana malees hojii isaa iddoo garaagaraa deemuufi dandeettii isaa gabbifachaa turuu isaa nutti agarsiisa.

### 4.1.2.3. Akkataa Artiist Wasanuu Diidoo itti gara sirbaatti seene

Akka ragaann odeeffannoo marii garee (18/03/2016) irraa argame ibsutti Dur Uummanni baay'inaan 'sirbituu' jedhamuun sirna namaarraa deemuun sirbaanii qarshii guurratu turan. Kun garuu namoota walaloo fi yeedaloo mataa ofiitii uumanii sirbuu danda'an, sagalee kan qaban , meeshaa taphachuu kan danda'an, keessattu yoo xiqqaate masiinqoo haala gaariidhaan taphachuu kan danda'an ta'uu qabu. Yeroo du'aatis nama du'esanaaf boo'a baasuun kan namoota boochisaanidha. Seenaa nama du'ee sana kaasuun waan gaarii inni godhe kaasanii maggaluun fardaa fi lafoo boochisuu warra danda'an. Dandeettii isaanii kanaan otoo jajamanuu hawaasnii yeroo tokko tokko sirbituu, ykn 'asmaarii' jechuun yeroo isaan tuffatan ni muul'ata. Namoonni kun namoota iddoo sirnaa, kanneen akka Cidhaa, Daboo, Cuuphaa, 'Maabara' fi k,k,fakkatan waliin argamuun namoota faarsanii birrii guurratu.Bara durii sirbituun yoo faarsite, dureessonni hanga Qotiyyoo, Jabbii fi Goromsa kennaniif ni jiru turan.Har'a garuu yeroon jireenya waan qaal'eef (mi'aayef) qarshii shan (5), kudhaanii (10)fi hanga fedhan kennuu danda'u..Inni kun haala har'a akka ammayyaatiin weellisaan yeroo sirbu namoonni wal-tajjii irratti bahanii maallaqa badhaasuun waliin sirban.

Dur immoo haala aadatiin sirna namootaa irratti sirbuun maallaqa badhaafaman.Wanti isa ammayyaa fi kan aadaa adda godhu, inni aadaa maqaa namaa keessattuu kan dureessaa waamudhaan faarsu, sana booda innis uummatakeessatti maqaan isaa waammamee, faarfamee maallaqa kennuu yoo dadhabe (baate) waan tuffatamuuf, sirbituu sana badhaasuun dirqaama hawaasummati itti ta'a jechuudha. Haala kanaan, hawaasa akkanaa keessatti kan guddate, Artiist Wasanuu Diidoo yeroo Xaaliyaaniin biyya keenya weerartu sana dura, hawaasa keessatti sirba sirbuu fi masiinqoo taphaachuun beekkamaa dhufe. Abbaa Wasanuu, Obbo Diidoo Booraa garuu akka inni sirbu waan hin barbaanneef isa dhoowwaa (dhorkaa) ture. Garuu Wasanuun abbaa isaa dhokatee ogummaa kana Ijoollumma isaa irraa yaalaa waan tureef, Artiistii Walaloo fi Yeedaloo nama mararuun sirbuu itti fufe. Guyyaa tokko akkuma xaaliyaaniin biyya tana qabatteen, Wasanuun biyya isaa keessatti sirna Uummata irratti Weellisaa ture. Yeroo sana Xaaliyaanonni baandaa warri jedhaman Wasanu saamanii, huccuu isaa hunda irraa baafatanii gadhiisan. Sanumaan Wasanuu biyyaa Jiddaa badee Finfinnee mana obboleettii isaa 'Piyaassaa' keessaa qabdu, ishee biratti gale. Akkuma achi galeen, mana Daadhii sana keessatti Walaloo fi Yeedaloo isaa babbareedduu sanaan sirbee namoota bashannansiisu eegale.Yeroo sana magaalli Finfinnee baay'inaan Uummata Oromoon qabamtee aaduma keenyaan waan beekkamtuuf,Wasanuun deeggartotaa fi leellistoota argate. Sababni isaas Finfineen yeroo sana akka har'a qabsumma sabaa fi sablammootaa akkasumas iddoo jireenya Addunyaa waan hin turreef baay'inaan Oromoon Tuulamaa aadaa isaatin beekkama ture. Wasanuunis haaluma kanan beekkama dhufe. Inni kun A-L-A naannoo Bara kudha sagal soddomoota keessa irraa eegaleeti. Keessattuu bara 1935 irraa eegalee baay'ee jaalatamaa dhufe. Akkuma finfinnee galee sirbuu eegaleen, filatamee mana Tiyaatiraa '*ye hager fiqir'* jedhamu seene, Tiyaatira kana keessatti sirboota bebbeekkamoo sirbuun beekkamuu eegale, hanga harka namaan midhamee Lubbuun isaa dabartutti sirboota hedduu hojjete.

Akka yaada ragaa armaan olii irraa argameen wantoota Artiist Wasanuu Diidoo akka inni gara aartitti dhufuufi fedhiifi kaka'umsa inni qabuun akkaata inni gara artitti seene bu'aa bahii hedduu keessa kan darbeefi karaalee inni gara aartitti gale odeeffannoon argame kan waldeeggaraniifi wal fakkataniidha. Akksumas, artiist wasanuu diidoon bu'aa bahii hedduu keessa darbuun hojii isaa hojachaa tureera.

## 4.1.2.4. Afwalaloowwan Artiist Wasanuu Diidoo  Keessaa Muraasa

Akka ragaa daawwannaa (19/03/2016)fi marii garee (18/06/2016) irraa argameen Artiist Wasanuu Diidoo hanga lubbuun Addunyaa tanarraa boqotutti, gosti sirbaa inni hin sirbinee hin jiru jechuun ni danda'ama. Jaalala irraa kaasee, kan akka jaalala biyyaa, Qotee Bulaa kakaasuu, Loltoota kakaasuu, Sabboonummaa, Jaalala Saba Oromoo, hojiif Uummata kakaasu, hojiitti cimuu, Loon faarsuu, beeyladoota hedduu faarsuu, , Namoota Faarsuu, Goototа, Haadha manaa isaa, Haadha isaa, Jabina abbaa, Ispoortiifi kan kana fakkaatan ,dabalatee sochii hawaasaa keessatt wantii Wasanuun maqaa dhahee (Waamee) hin faarsine hin baay'atu yoo jenne dhugaarraa hin fagaatu.

### 4.1.2.4.1. Sirba Haadha Manaa Isaaf Sirbe

- *Muluu too yaa Mululaatee x2*
  *Muluu too yaa Mululaatee*
  *Askoo binnaan Mucucaatee*
  *Sharaa binnaan sitti taatee*
  *Najalaa bani na nyaatee*
  *Yoom lubbuun Tapha taatee''*

Inni Kun yeroo sana kophee ''Askoo''jedhamu biteef, innis Mucucaatee deemuu ishee dhorkinaan, kophee''Sharaa', erga biteefi boda, Sirba kana isheef sirbe.  Itti fufuun

- *Shaggar yaa Hangafa Fiichee x2*
  *Shaggar yaa Hangafa Fiichee*
  *Diddeet gamaaf gamana laaltaa yaa mululaatee,*
  *Otoon garafee si jiilchee*
  *Shaggar yaa Hangafa Fiichee x2*
  *Shaggar yaa Hangafa Fiichee*
  *Otoon akka dhuftu beekee*
  *Morma tee shittoodhaan Miiccee yaaMululaatee*
  *Diddeet Ganda Ganda Laaltaa yaa Mululaataa x2*
  *Otoon garafee si Jiilchee''*

#### 4.1.2.4.3. Sirba Yeroo Ofiisaafi Nama Dhuunfaa Faarsu

Akkuma biyya faarsan, nama dhuunfaa illeen maqaa yaamuun faarsa ture. Fakkeenyaaf Goota Maqaan isaa Badhaasaa jedhamu yeroo faarsu,

"*Lolaan Lafa Raasaa*
*Loleeti nu Badhaasa*
*Yaa Sanyii Badhaasa*
*Gaariin Gurraafi*
*Namni Maqaa Beekuu*
*Qooqeeti Namaa Laataa*
*Namni Nama Hin Beekne*
*Bututtuu Namaatuu*
*Namarratti Gaadaa"*

Jedhee faarsa. Sanyiin namichaa guddaa ta'uu isaa erga itti himee booda, namichas yoo beekaa taatee naaf kenni, kan hin beekne garuu kanaan qabu tanayyuu kan narratti gaaddu (feetu) jirti jechuu isaati. Akka yaada kanaatti namni hundi amma namni gahu nama hin beeku. Namni baayyee kan uffataanis nama madaalu jirachuu kan namatti agarsiisudha.

Yeroo kana, yeroo akka sirba dhiisu hin feene ibsu akkas jedhe;-

#### 4.1.2.4.4. Afwalaloowwan Loonii

Wasanuu Diidoo Sirboota hedduu Loonif kan sirbe baay'ee yoo ta'u, isaan keessa gosa isaanii waliin muraasa haa ilaallu.

*Akka jettee Sangaa Qotiyyoonii*

*Akka jettee Sangaa Qotiyyoonii*

*Yaa Qotee Bulaa Koo*

*Maanyaa Adii Qoteen Beela si baasaa*

*Garbuu qoteetan farsoo si obaasaa jedhee qotiyyoonii*

*Fardaa fi harreetti gola ijaartaa*

*Ana dhoqqeetti gadi Na dhaantaa*

*Godoo (goojjoo) xinnoo natti ijaarii*

*Itti ejjedhaatiin buqqisa 'daarii'*

*Natu Sirraa buqqisa Abaarree'', jedhe qotiyyoon* Jedheet' ArtiistWasanuu Diidoo bakka qotiyyoo bu'ee Weellisa. Walaloo kanairraa akkuma hubannutti ilmi namaa dhiibbaa inni qotiyyoo irraan gahuuf yeroo inni quuqqamu agarra. Walaloo isaa kana keessatti ilmi namaa kunuunsa harree fi fardaaf godhu illeen qotiyyoof akka hin goonee fi mana illeen ijaaruu dhiisuun dhoqqee fi rooban miidhamu qotiyyoo sirbaan yeroo sana ibsuun isaa kan nama ajaa'ibuudha.Wanti nama dinqu immoo, isa Artiist Wasanuun yeroo sana hubatee ittiin Uummata qeequun gorsaa fi barsiisaa turuu,hawaasni har'aa illee dhiibbaan qotiyyoo kun jiraachuu fi kunuunsi isaanii har'as kan fardaa fi harree gadi ta'uu isaati. Dabalataan bakka sa'a Burree jedhamu bu'ee yeroo sirbuu fi yeroo gaafatu akkas jedha

' *'Birraa galta moo ganna galta yaa Burree Jiilchaa Filchataa?*

*Birraas hi galu Gannas hin galu, kaloo nutti bitanii*

*kaloo nutti bitanii duubarraan albeedhaan nu fixanii*

*Maala nu kukkutanii,*

Albeen kan warra tumtuu <u>barana hin dhuftuu</u>x2?'', jettee saani burreen yeroo deebistuuf, jedhee qindeessee sirbuun, uummanni yeroo dhagahu boowuu fi sirba jaalatamaa seena-qabeessa kan turee dha.

## 4.1.2.4.5. Sirba Abbaa Lafaa Mormuu fi Uummata Kakaasu

Akka ragaa daawwannaa 19/04/2016 irraa argameen Akkuma iddoo biraatti mul'atu namoonni abbaa lafaa ta'an hedduun akka Aanaa Jiddaattis lafa hedduu qabatanii irraa nyaachaa turuun isaa beekkamaa dha. Isaan keessaa namichi Asfaa Lammachaa kan jedhamu tokko artiist Wasanuun akkas jedhee mormii sirbaan ibseef

*"Asfaa ilma Lammacha*

*Yaa abbaa lafaa ilma Lammachaa*

*Jidda hin tuqinii, Jiddi kallachaa*

*Suuta laallachaa"*

jechuudhaan itti hime. Sana booda Asfaa Lammachaa sun ‘’Maaloo, Maaloo, maaliin isin balleesse Jidda, obbo Wasanuu maaliin godhe?” jedhee lafaa ol ka’ee maanguddootaa fi Wasanuu kadhachuun uummanni akka itti hin kaane artiist Wasanuu Diidoo uummata bal’aa keessatti kadhatee araarfate.

Kun kan agarsiisu Wasanuu Diidoo yeroo sanaaf hangam uummata biratti jaalatamaa fi diina biratti immoo sodaattamaa akka ture agarsiisa.

### 4.1.2.4.6. Sirba Yeroo Waaqa/Rabbi/ faarsu/ galateeffatu

*“Waaqa yaa gamna koo Lafa yaa Gowwaa too*

*Yoo jirrs nu baattaa, yoo dune nu nyaattaa*

*Lafana yaa dachee nan qotaa mee qaccee*

*Qotiyyoo jijiituu*

*Midhaan nyaataan malee*

*Bishaan dhugan malee*

*Aduun namaa hin dhiituu*

*Kan dhiitee hin bariituu*

*Rabbi Nagaan bultee, Rabbi Nagaan ooltee*

*Waaqni Odaa Nabee*

*Waaqni Caffee Tumaa”*

*Waaqni Shanan Jiddaa,*’’ jechuudhaan Uumaa isaa illeen faarsaa akka ture maanguddoonni nuuf himaniiru.

#### 4.1.2.4.7. Sirba Hojiif Hawaasa Kakaasu

Uummanni hojjetee akka of danda'uu fi qotee fi horsiisee ykn daldalee akka duroomu, akka namaa ol malee namaa gadi-hin bulle akkasumas hojiin kabajamaa akka ta'e akkas jechuun hawaasa bal'aa bakka carraa argatanitti kakaasu turan.

*Lafaa qotii aramadhuu, ilma koo*

*Buddeenni noorii fidee*

*Taa'an malee hin deeganii*

*Hojuma kee hin ilaalinii, korma Koo*

*Murtee rabbii hin beekanii"*

jechuun murtee/xummura/ akkasumas murtii Rabbii hin beekanii, yoo jabaattanii hojjettan duroomuun hin ooluu jechuudhaan nama hojiif kakaasee onnee keessatti akka uumaa ture maanguddoon har'a illeen sirboota isaa sana sirbanii nutti himan.

Kan biraa yeroo Goota faarsan, keessattuu goota du'e faarsuun ilmi isaa immoo akka qe'ee jabaatee qabatuuf akkas jedhu,

*''Sangaa oofaa jennaan, oofnee baane Shaggariinii*

*Kaan shaniin bitataa kuun shantamaan bita gariinii*

*Abbaanis yoo du'ee ilma jiruu hin badu maqaanii*

*Yaa dhukaasaa/'alaamaa'/ qawwee, Taa'an tola 'Labaniinii'*

*Labaniin ni iyyaa, maarree yoo du'e jabaan gaafa biyyaa''*

*Jechuudhaan yoo abbaan du'es, ykn yoo jabaan gaafa/guyyaa/ biyyaa yoo du'es homaa miti, duuti hin ooltu waan ta'eef, ilmi qe'ee qabachuu akka danda'uu fi akkuma abbaa isaa innis akka cimuuf,''Ilma jiruu hin badu maqaan'', jechuun sirba ergaa qabduun uummata gorsaa ture. Yeroo durii akkuma weellistoonni Oromoo yeroo sanaa baay'een kanneen akka Abbabachi*

*Daraaraa fa'a, Afaan Oromoo cinaatti sirboota tokko tokkoo immoo Afaan Amaaraatiin sirbaa turan, artiist Wasanuu Diidoos Baay'inaan Afaan Oromootiin haa beekkamu malee sirboota hedduus Afaan Amaaraatiin sirbaa akka ture maanguddoonni sirboota isaa kana kana nuuf sirbaniiru.*

### 4.1.2.5. Namoota Wasanuu Diidoon Leenjisee fi Hiriyoota Isaa

Akka ragaa obboo Asaamminoo (16/05/2016) irraa argameen Artiist Wasanuu Diidoo Meeshaa muuziqaa Aadaatiin, keessattuu Masiinqoo fi ulullee taphachuun baay'ee beekkama dha. Dabalataan ogummaa meeshaalee muuziqaa aadaa namoota hedduu akka barsiise maanguddoonni nuuf himaniiru. Weellistootainni meshaalee muuziqaa taphachuu barsiise fi walaloo isaaniif kennuudhaan akka isaan sadarkaa guddaa irra gahan taasise keessa muraasni,Artiist *Naggasaa Abdii* fi *Taliilee Diinagde*e turan. Keessattuu artiist Naggasaa Abdii Tiyaatira 'Ye Hager Fiqir' jedhamu akka seenu fi akka inni miseensa tiyaatirichaa ta'ee hojjetu kan godhe Wasanuu Diidoo akka ta'e maanguddoo hedduun nuuf himaniiru. Hanga har'aatti Naggasaa Abdii Wasanuu Diidoo akka isa gargaaraa ture ni dubbata. Jechuun nuuf ibsanii jiru.

### 4.1.2.6. Haala Miidhamuu fi Du'a Wasanuu Diidoo

Akka ragaa obboo Asaamminoo (16/05/2016) nuuf ibsanitti Guyyaa tokko mana Tiyaatira keessa hojjechaa oolee yeroo galu, miiltoo isaa Nama obbo Gabree abbaa Zarihuun jedhamu waliin yeroo manatti galan kufee jilbi buqqa'uudhaan naannoo waggaa tokkoo miidhamee manatti hafe. Yeroo inni kufu miiltoon isaa kun isa waliin akka ture maanguddoonni fi obboleessi isaa kun nuuf himaniiru. Kufiitii isaa kanas namni isa waliin ture Kunakka harka keessaa qabu jarri kun sirriitti akka beekan nutti himaniiru. Iddoon inni itti kufe sun riqicha 'Feetaawraarii' Habta Giyoorgis Diinagdee gubbaa, kutaa magaala Finfinnee Araadaa, bakka amma Giyoorgisii jedhamuun beekkamu karaa Abune Pheexiroos bu'an irratti ture. Sababa kanan jilbi isaa buqqa'ee miidhaa guddaan irra gahe. Inni kunis jaruma isa waliin hojjetan kanneentu Haada (kirrii) fuuldura isaatti hidhee isa eege. Dabalataan akka inni namichi asii olitti eerame obbo Gabree abbaa Zarihuun kan jedhamu immoo Wasanuu Diidoo waliin karaa isaan 'kirrii' ykn haada hin muuldhanne xaxanii kaa'an sana akka waliin dhufan erga mari'atanii booda, akkaatuma mari'ataniin yeroo bakka itti xaxan sana gahan namichi Wasanuu duubaan deemuu yeroo eegalu, Wasanuun sakaallamee dhagaa irratti kufe. Namoonni durii qoricha adda addaa illeen walitti godhuun wal miidhaa akka

turan akkuma beekkamu, akka namoonni kun nuuf himanitti kufiitii qofti du’aan kan isa hin geenye nuuf himuudhaan, dabalataan harkana itti hojjechiisuu(itti moruu) akka of keessaa qabu namoonni yaada nuuf kennan kunniin nuuf himaniiru. Sababuma kanaan miidhamee waggaa tokko erga ciisee booda A.L.H bara 1957tti addunyaa kanarraa hirriiba bara baraatiin boqote.

Yeroo sanatti Wasanuu fedhii waan qabuuf afaan Oromootiin sirbaa ture malee, namoonni baayyeen isafi sirba isaa jibbaa akka turuu obboleessi isaa kun nuuf himeera. Yeroo sana Afaan keenyaan sirbuu dhiisitii dubbachuuniyyuu yeroo itti dhorkaa turetti tiyaatira kana keessatti Afaan Oromotiin sirbuun isaa nafxanyoota hedduu waan aarseef irratti shira xaxanii turanis, inni garuu rakkoo kana hunda danda’ee baroota 1930 hanga baroota kudha sagal shantamootaatti (1930-1950) sirbaa turuun isaa waan nama dinquu dha. Guddina Aartii Oromootif bu’uura buusee darbe. Har’a weellisaan Oromoo walaloo isaanii keessaa Walaloo wasanuu Diidoo dhaban hin jiran jechuu ni dnadeenya. Fakkeenyaaf yeroo baay’ee walaloon weellistoota Oromoo baay’ee isaanii, *“Jidda Roobee, Jidda Roobee, Jidda yaa kaloo Fardeenii’’***,** jechuun sirbu. Kana jechuun immoo walaloo Wasanuu Diidoo bara durii sirbaa ture keessaa fudhatame.Yeroo sana nafxanyaa hedduutu isa arrabsaa ture. Yeroo kana innis nama Oromoo tuqeef deebii gahaa onnee guutuudhaan afaan afaanitti kennaafii akka ture maanguddoonni kun ni beeku. Innis akkas jechuun deebisaaf ture, ‘’Uummata Oromoo jechuun uummata Waaqa/Rabbi/ waliinjiraatu, Uummata Hooda beeku, Uummamaan hayyuu, uummata gowwaa hin ta’in uummata garraamii dha, nama hin tuqan, yoo tuqan garuu goota nama hin dhiisne, of tuuluu fi of jajuu uummata hin beekne, uummata Uumaa kadhatu, uummata horii qalee moora laalu, kan darbe, kan har’aa fi kan fuulduraa beekuu fi of qopheessuu kan danda’u, yoo rakkoon jiraates moorichuma ilaaluun kan rakkoo sana hiikkatu, fi waluumaa galatti uummata arjaa rakkoo dhala namaa hin jaalanne, nama gargaaruuf diinas ta’ee wadaaja jedhee kan ilma namaa adda hin baasne saba safuudhaan bulu uummata guddaa dha.’’, jedhee nama Oromoo isa jalaa tuqetti hima ture. Garuu maal goona hin oolleefi, akkuma jibbaniin lafa jalaan akka miidhamu godhan. Sababuma sanaan lubbuun isaa dabarte.

Yeruma tiyaatira ‘ye hager Fiqir’ jedhamu keessa tureeyyuu, yeroo baay’ee sababa sobaa hedduu walitti guuruudhaan ariisisuuf yaala turan. Garuu Wasanuu Diidoo sababa itti gaafatamaa tiyaatirichaa yeroo sanaa obbo Mokonnin Haabte woldiin baay’ee walitti dhufuu fi jaalatamuuf, oduu sobaa kanniin dhagahus Wasanuu Diidoo otoo hin ari’in tiyaatiruma kana keessatti otoo diinonni meeqa isa jibbanuu Afaan Oromootiin sirbee uummata isaa fi warra isa jaalatan saba

biroo hedduu illee bashannansiisaa aartii Oromootiif bu’uura cimaa dhaabee deeme. Mindaan hojjettoonni tiyaatira kana keessa hojjetaniin qarshii 50 hin caaltu ture. Artiist Wasanuu Diidoos qarshii 50 argachuun hojjechaa ture. Obboleessi Mokonnin Haabte Woldi, Akliluu Haabte Woldi yeroo sana Muummich Ministeera itiyoophiyaa waan tureef, obboleessi kun aangoo guddaa qaba waan tureef, Wasanuu Diidoo ariisisuu dadhaban.Sababni isaa yeroo sana Mokonnin Haabte Woldi obboleessi isaa aangoo guddaa kana waan qabuuf, abbaa fedhe tiyaatira keessatti qacaruu, abbaa fedhe immoo ari’uu waan danda’uuf, inni immoo nafxanyoonni Wasanuu jibbanis inni Wasanuu Diidoo baay’ee waan jaalatuuf otoo hin ari’amin tiyaatira kana keessa hanga gaafa du’a isaatti tajaajilaa turuun aartii Oromooti fi aartii biyya keenyaaf namoota wixinee diriirsan keessaa hangafa ta’uu danda’e. Mokonnin yeroo sana waan isa jaalatuuf akka inni hin ari’amne haa gargaaru malee rakkoo hedduun karaa nama dhuunfas ta’ee karaa qaama mootummaa yeroo sanaa rakkoo hamaan irraa gahaa akka ture maanguddoonni baay’een ni beeku. Keessattuu erga inni baay’ee beekkamaa fi Oromoo hundi isa jaalataa akkasumas Muuziqaan isaas baay’ee dhaggeeffatamaa dhufetti qaama hedduu irraa rakkoo fi dararaa hedduun isarraa gahu baay’achaa dhufe. Haa ta’uu malee,sirbi Artiist Wasanuu Diidoo sirbu wantoota hedduu ergaa hedduu dabarsu kaneen akka sirba loonii, kan jaalala biyyaa, jaalala alaabaa, kan haadha warraa fi kkf , walumaa galatti sochii hawaasa tokkoo kan dhuunfatu haala jiruu fi jireenyaa, siyaasaa, hawaasummaa diinagdee fi qabeenya uumama irratti weellisaa waan tureef uummata bal’aa biratti jaalatamaa dhufe.

Yeroo sana nafxanyaa hedduutu isa arrabsaa ture. Yeroo kana innis nama Oromoo tuqeef deebii gahaa onnee guutuudhaan afaan afaanitti kennaafii akka ture maanguddoonni kun ni beeku. Innis akkas jechuun deebisaaf ture, ‘’Uummata Oromoo jechuun uummata Waaqa/Rabbi/ waliin jiraatu, Uummata Hooda beeku, Uummamaan hayyuu, uummata gowwaa hin ta’in uummata garraamii dha, nama hin tuqan, yoo tuqan garuu goota nama hin dhiisne, of tuuluu fi of jajuu uummata hin beekne, uummata Uumaa kadhatu, uummata horii qalee moora laalu, kan darbe, kan har’aa fi kan fuulduraa beekuu fi of qopheessuu kan danda’u, yoo rakkoon jiraates moorichuma ilaaluun kan rakkoo sana hiikkatu, fi waluumaa galatti uummata arjaa rakkoo dhala namaa hin jaalanne, nama gargaaruuf diinas ta’ee wadaaja jedhee kan ilma namaa adda hin baasne saba safuudhaan bulu uummata guddaa dha.’’, jedhee nama Oromoo isa jalaa tuqetti hima ture. Garuu maal goona hin oolleefi, akkuma jibbaniin lafa jalaan akka miidhamu godhan.Sababuma sanaan lubbuun isaa A.L.H bara 1957tti dabarte.

### 4.1.3. Seenaa Ajajaa Dhibbaa Hayila Maariyaam Gammadaa

Akka raga odeeffannoo marii garee 19/03/2016 irraa argameen Ajajaa Dhibbaa Hayilamaariyaam Gammadaa Abbaa isaanii Obbo Gammadaa Masqalee Jimaa fi Haadha isaanii Aadde Adee Adaanuu kan jedhamu irraa akka qoodinsa bulchiinsaa yeroo sanaatti 'Awuraajjaa' Marraabitee fi Salaaleetti ykn akka ammaattii immo Godina shawaa kaabaa (Salaaletti) Aanaa Jiddaa, ganda Ariyaa Gaadullaatti bara 1907 dhalate. Innis obbolaa dhiiraa Daadhii Gammadaa, Dabalaa Gammadaa, Roobaa Gammadaa fi obbolaa dubraa immoo Ibsaa Gammadaa, Abboneesh Gammadaa fi Godee Gammadaa walumaagala obbolaa dhiiraa 3 fi kan dubaraa 3 kan qabuudha. Ajajaa Dhibbaa Hayilamaariyaam Gammadaa ijoollee sadi kan qabuu dha. Ijoollee sadan keessaa tokko qofa kan dhalche yoo ta'u lamaan hafan Obboleessa isaa Dabalaa irraa seera Guddifachaa guutuun kan guddifate dha. Obbolayan H/Maariyaam Gammadaa keessaa Daadhii Gammadaa erga guddatee bultii ijaarratee booda Cunqursaa nafxanyootaa kan yeroo sanaa jibbuun gara Jimmaatti godaanuun Jimmatti qabeenya horatee hanga har'aatti illeen ijoolleen ijoollee isaa Jimma akka jiran maatiin isaanii ni dubbatu.

Hayila maariyaam Gammadaa umriin isaa akkuma barumsaaf gaheen gara magaala Finfinnee deemuun mana barumsa Minilik lammaffaatti osoo barnoota isaa hordofaa jiruu sababa biyyi teenya waraana Faashistii Xaaliyaanitiin qabamteen barumsa isaa adda kutuuf dirqame.

Akka raga maanguddota kana irraa argameen ajajaan dhibbaa haylamaariyam gammadaa godina shawaa kaabaa aanaa jiddaa ganda aariyaa gaadullatti adhalachuu isaa agarsiisa. Ragaan kun raga daawwannaa iddii itti dhalatan taasifame waliin wal fakkata.

Bara 1928 (1936) yeroo Xaaliyaaniin biyya teenya weerartu H/Maariyaam Gammadaa dardara waggaa 21 yeroo turetti, jaalala biyyaa guddaa waan qabuuf, diina kanaan falmuuf humna waraana Raas Abbabaa Aragaayi wajjin ta'uudhaan magaala Finfinnee keessatti ***Sabboontota*** keessaa(internal patriots) waliin tumsaa biyya isaaniif loluu eegalan. Yaalii isaanii kanarra osoo jiranuu humna weerartootaa harkatti kufuun qabamee gara Sumaaliyaatti Xaaliyaaniin fudhatamee mana hidhaa "Dannaanee" jedhamu keessa waggaa sadiif erga hidhamee turee booda diinni biyya waan gadhiisaa deemaniif bara 1931 gara biyya haadha isaatti deebi'e. Akkuma biyya isaatti deebi'een seektara Ministeera hojii jedhamutti qacaramuun Shawaa,Tigraay, Walloo, Kafaa, Iluu Abbaa Booraa, Baalee, Arsii fi Sidaamootti hojjechaa tureera. Sababa

hojiitiin, kutaalee bulchiinsa Itiyoophiyaa yeroo sanaa ykn naannoolee Itiyoophiyaa har'aa hundarra naanna'uun hojjechaa kan turee fi seenaa Oromoo bal'inaan hubachuun, walumaa galatti waa'ee biyya keenyaa hubannoo guutuu akka argatuuf isa gargaaree jira jechuun ni danda'ama.

Mana hojii sana keessa hanga walakkaa jalqaba bara 1940'mootaa keessa hojjechaa turuun, booda hojii mootummaa gadhiisuun Abukaatummaarratti bobba'uun hojjechuu eegale. Hoji seeraa fi Abukaatummaan kan wal qabateef immoo yeroo sana Yuuniversiitii Hayilasillaasee 2ffaa  jedhamutti, galgala barnoota seeraa barachuun sadarkaa dippiloomaan eebbifamuu danda'eera.

Akka odeeffannoo obbioo asaaminoo 16/04/2016 irraa argameen immooo Ajajaan Dhibbaa Hayilamaariyaam Gammadaa biyya Sumaaliyaatii gara biyya isaatti akkuma deebi'een waggaa tokko booda bultii ijaarratanii abbaa ijoollee sadii jechuun abbaa ilma tokkoo fi dubra lamaa ta'uu danda'aniiru.  Bara jireenya isaa keesatti yeroo dheeraa kan dabarse seenaa Uummata Oromoo qorachuu irratti yoo ta'u rakkoo cunqursaa sabummaa yeroo sana gahaa jiru irraa akka bilisa bahaniif akka qabsaa'aa ture qabsaa'onni sirna sanaa, har'a lubbuun jiran ni dubbatu.

Tooftaaleen qabsoo yeroo sanaa immoo bifa Afooshaa, waldaalee fi kkf. dhaabuudhaan uummata karaa Hawaas-Diinagdeetiin, karaalee akka daandii, mana barumsaa, mana yaalaa, mana amantaa Bataskaanaa fi Masgiidaa fi kkf ijaaruudhaan uummata gargaaruu ture. Kanneen keessaa Hayilamaariyaam Gammadaa Waldaa wal gargaarsa Maccaa fi Tuulamaa adda durummaan namoota hundeessaan keessaa kan jalqabaa ta'uu bira dabree hanga addunyaa kanarraa du'aan boqotanitti barreessaa olaanaa waldaa kanaa ta'uun dhamaatii olaanaan nama tajaajilaa tureedha. Akka yaada miseensota kanaa kan birootti Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa waldaa Maccaa fi Tuulamaaf qabsaa'ota gurguddoo fi miseensota haara'a horachuun seenaa Oromoo dadhabbii tokko malee barsiisuun kan beekkamu hayyuu seenaa cimaa ture. Hubannoo fi beekumsi seenaa inni qabu guddaa waan tureef Asxaa fi Mallattoon waldaa  kanaa mallattoo |Uummanni Oromoo Sirna Gadaa keessatti bara dheeraaf itti fayyadamaa turan Oda***a*** akka ta'u hiika isaa waliin yaa'ii waldichaaf dhiheessuun akka murteessan taasiseera.

Yeroo sanaan dura waldaa walgargaarsa Oromoo kan ta'an akka yeroo sanaatti "Awuraajjaa" dhaan adda qoqqooddamanii kan turan waldaa Maccaa fi Tuulamaa jalatti bakka tokkotti akka

ijaaramaniif yaada kan burqisiisee fi akka galma ga'uuf baay'ee kan dadhabaa ture, gaggeessitootni waldichaa baay'een isaanii jecha tokkoon ni dubbatu. Jalqabarraa waldaalee hedduu Sabaa fi Sablammoota hedduudhaan dhaabbatee hojii hawaas-diinagdee uummata keessatti bahaa jiran ilaaluudhaan namoonni adda addaa akka saba keenyattis maaliif hin dhaabne jechuun waldaalee ykn'Mahaabar' kan jedhaman muraasni dhaabbachuu eegalan. Fakkeenyaaf magaala Ambootti kan dhaabbate' Waldaan wal gargaarsa"*Yehager Hiyiwot"* jedhamu kan obbo Tasfaayee Tasammaa fi Taaddasaa Gabreetiin gaggeeffamuu fi waldaan biraa kan Ajajaa kumaa Siyyum Lammaatiin kan durfaman dhaabbatan. Yeroo kanatti Waldaaleen lachuu Koloneel Alamuu Qixxeessaa miseensa isaanii akka ta'u gaafatan. Haaluma kanaan koloneeliin kun waldaalee kanneen keessaa tokko seenuun hafee lamaan isaanii walitti makuun tokko gochuu waan filataniif dursitoota waldaalee kanneenii erga amansiisanii booda waldaa kana walitti makuun waldaa walgargaarsa Jibaati fi Macca**a** jedhu moggaasuun dhaabanii Koloneel Alamuus pireezidaantii waldichaa godhanii filatan. Yeroo kanatti waldaa Tuulamaa Shawaa kan jedhamu kan obbo Hayilamaariyaam Gammadaatiin dursamu dhaabatee hojiitti galee ture. Qabsaa'ota Oromoo ciccimoo seenaa gaarii hojjetan keessaa yeroo sanatti yaada baay'ee bilchaataa fi nama amansiisuu (influencing & convincing ability) danda'u ni qaba jedhamee kan dubbatamuuf obbo Hayilamaariyaam Gammadaa, Waldaalee lamaan armaan olitti ilaalle kanneen walitti fiduun waldaa uummata kanaaf bu'aa guddaa fiduu danda'u uumuuf, seenaa bu'uura uummata Oromoo waliin erga ibsee booda, koonyaan qoqqoodamanii waldaalee lama ijaaruu irra, walitti fiduun tokko hundeessuun akka faayidaa guddaa qabu koloneel Alamuu gaafate. Isaaniis yaadni kun gaarii ta'uu isaa erga irratti walii galanii booda, hatattamaan sana dhugaa taasisuu yaaluun gama mootummaa nafxanyaa yeroo sanaatiin mormii fichisiisuu waan danda'uuf kun immoo waldichi osoo hin jabaatiin rakkoo keessa galuu dandeenya jedhanii waan walii galaniif, yeroodhaaf hanga humnaa fi miseensa waldichaa baay'ifatanitti waldaa dhuunfaa lamaan cimsaa erga deemanii booda, yeroo gabaabaa keessatti miseensota hedduu horachuun waldaa haara'a tokko uumuu danda'aniiru.

Ajajaa Dhibbaa Hayilamaariyaam Gammadaa Waldaalee kanneen walitti fiduun tokko gochuu irra darbee seera ittiin bulmaata waldichaa qopheessee waldichaaf dhiyeesse. Jalqabarratti Birgeedar Jeneraal Taaddasaa Birruu Kennee illeen miseensa waldichaa waan hin turreef, sochii Hayilamaariyaam Gammadaatiin gara waldaa kana akka dhufe hiriyoonni isaanii har'a lubbuun jiranii fi maatiin isaanii illeen har'a ni dubbatu. Jalqabarra Birgaader Jeneraal Taaddasaan

cunqursaa sabaa hubatee waan hin turreef qabsoo sabaa keessa hin seenne. Dhumarra garuu gaafa tokko muummichi ministeera biyyattii yeroo sanaa obbo Akliiluu Haabtewoldi mana ofiitti galgala Birgaader Jeneraal Taaddasaa Birruu irbaata erga affeeree booda, jeneraala kanaan, "Ummata Oromoo jaarraa tokko duubbatti hambisnee yoo hin bulchine, hin dandeenyu, yeroo baradhaa jettu uummata baradhaa jettuun adda baasuu qabda, ummanni Oromoo yoo baratan galaanaa, nu fudhatu, dandeenyee hin bulchinu", jechuudhaan ibsaaf. Yeroo kana B/jeneraal Taaddasaa Birruu Kennee**, "** Wuskii dhugaa jiru dhiiga natti fakkaate", jechuun dhiisanii akka bahanii fi guyyaa sana eegalanii cunqursaa sabaa itti yaaddamee kan seeraan qindaaye tahuu isaa erga hubatanii booda gara Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa deemuun Waxabajjii 16 bara 1956 miseensa waldaa kanaa fedhii ofiitiin ta'uun qabsoo uummata Oromoo eegalan. B/jeneraal Taaddasaa Birruu Kennee Amantaa nama jabeessuu fi sanyummaa kan hin qabne nama biyya ofiif amanamaa, dhugaa kan jaalatuu fi yoo daba argu garuu leenca dafee aaruu fi tarkaanfii hatattamaa fudhachuuf nama duubatti hin deebine, uummanni Oromoo akka baratuuf jedhee gochaa mootummaa yeroo sanaa ifatti nama mormee, sabni isaa akka baratu qabsaa'aa ture. Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa umriidhaan gara waggaa torbaa B/jeneraal Taaddasaa waan dursuuf qabsoo adeemsifamu keessatti mootummoota yeroo sanaa fi amala nafxanyootaa dursee waan hubateef tarkaanfiin fudhatamu hundi xiyyeeffannoo fi of eeggannoon akka deemu waliin mariidhaan deemaa akka turan seenaan ni ibsa.

Akka odeeffannoon armaan olii agarsiisutti ajejaan dhibbaa haylamaariyam gammadaa hojiileen gurguddoo isaan biyyaafi uummata oromootiig gumachan olaanadha. Akkasumas, gootata oromoo waliin ta'uun cunqursa gita bittaa yeroo sana uummata isaanii irraan gahaa tutan qolachuun hojii cimaa seenaan yoomiyyuu dagagachuu hin dandeenye akka hojjachaa turan ifatti kan namatti agarsiisudha.

Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa akkuma fedhii hundeessitoota waldaa kanaa kan biroo kaayyoon isaa yeroo sana mirgi uummata Oromoo akka kabajamu gochuuf malee Itoophiyaa gosaa fi sabaan adda qooduu akka hin taane seera ittiin bulmaata isaanii irratti illee ifatti lafa kaa'anii turan. Innis jalqaba irratti akkas jedha,"Obboleessa kee akka mataa keetti jaaladhu, wanta akka namni biraa siif godhu barbaaddu hunda atis nama biraatiif godhi," dambiin jedhu akka bahu nama godheedha.

Mootumman gonfoo, yeroo itti qajeelcha," jedhuun biyya bulchaa jirutti miseensonni waldaa kun garuu maalummaa fi kaayyoo jara biraa erga ilaalanii booda qajeelcha dimookiraasawaa fi kan Waaqni/Rabbi jaalatu qabatanii akka ka'an gochuu keessatti gahee leencaa kan taphate Hayilamaariyaam Gammadaa akka ture seenaan ni addeessa.

Obbo Hayilamaariyaam Gammadaa hojii abukaatummarra yeroo turetti yeroo baay'ee carraa 'Dhaddacha Aangoo Mootii ykn *'zufaan chiloot'* irratti dhiyaachuu argachaa waan turaniif waa'ee ilaalchaa fi dandeettii isaanii Mootiin Mootolee yeroo sanii jechuun Hayilasillaaseen itti dhiheenyaan waan beekaniif dhiibbaaleen adda addaa hooggantoota waldaalee kanneen keessaa nama irra gahaa ture keessaa nama tokko ture. Sababuma kanaan hojii turjumaanaaf mootii bira deemuun erga hojii afaan biraatti hiikee fixeen booda, "*Haylamaariyaam Gammadaan jedhama*" jechuu isaatin, *"ilmuma Gammadaa keenya kanamoo?, Abbaa lafa Mojoo kanamoo?"* Jedheen Hayilasillaaseen. " lakkii Jaanahooy, ani ilma Gammadaa Ashaaroo daaku, hiyyeessa sanaati" jechuun deebiseef. Deebii akkanaa sodaa malee deebisuu isaa irraan kan ka'e dheekkamsi guddaan mootichaan irra gahee akka ture maatiin isaa hanga har'aatti waan dagatanii miti, har'allee ni yaadatu. Ajejaa dhibbaa Haylamaariyaam Gammadaan dubbii isaa kanaan ilma hiyyeessaa yookiin ilma qote bulaa ta'uu isaa fi kanaaf kan itti boonu ta'uu ibsuu kan barbaade ta'uun isaa maanguddoonni seenaa isaa beekan haalan ni ibsu.

Dabalataan namoota dhuunfaa mootummaa irratti jeequmsa kaasan jedhamaniif abukaatummaa dhaabbachuu, dhimma Waldaa walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa, lafa dureessota Ameerikaatiif 'koonseessiyooniidhaan' kennaa fi dhimmoota biroof sadarkaa mootii moototaa gahuudhan dheekkamsii fi sodaachisoon irra gahaa ture. Amalaa fi hojii mootummaa yeroo sanaa kana fakkaatu keessatti rakkoon hacuuccaa hedduun isaa fi namoota akka isaa qabsaa'aniif farra sirna abbaa lafaa kan ta'an hedduurra gahaa ture kan nama gaddisiisuu fi nama boochisu ture.

Sadaasa bara 1959 yeroo itti hooggantoota olaanaa waldaa walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa too'annaa jala oolchaa turanitti Obbo Haylamaariyaam Gammadaan barreessaa olaanaa waldichaa waan tureef qabamee gara jabummaa sanyummaa (Racism) irratti hundaa'een reebichi gara jabeenyaa jibbisiisaan irra gaheen dhukkubsatee ture. Haala kanaan du'aa fi jireenya gidduu osoo jiruu 'qaareezaadhaniis'(sireedhan) ta'u akka mana murtiitti dhihaatuuf gocha farra mirga namummaa gaddisiisaa fi qaanessaa ilma namaarratti raawwatamee hin beekne, gocha seenaa

Sabaa fi sablammii xureessu irratti raawwachaa jiraachuu kan hubate Raas Immiruunillee gadduufiidhaan dhimmicha mootii mootolee Hayilasillaaseef dhiheessuun akka yaallamu eyyamsiiseef. Raas Immiruuniis yoo ta'e akka yaalamu eeyyamsiisuuf gahee isaa haa bahuu malee, booda Haylamaariyaam Gammadaa sirriitti akka beekuu fi dubbii qabsoo uummata Oromoo yeroo sanaa abbuummaadhaan kan gaggeessaa ture H/Maariyaam Gammadaa akka ta'ee fi 'Mi'eessituun' isa jechuudhaan yaada isaa akka kenne maatiin isaa har'alleen ni yaadatu. Dhumarra sadarkaa baay'ee nama yaaddessu irra gahuu isaa kan agarsiisu mana hidhaatii bahee hospitaala akkuma gaheen torban tokko kan hin caalle keessatti Waxabajjii 24 bara 1962 addunyaa kanarraa du'aan boqote.

Dhugumaayyuu 'mi'eessituun' Ajajaan dhibbaa Hayilamaariyaam Gammadaa maalummaa isaa kan ibsu dhumarra yeroo mana hidhaatii bahanii mana yaalaa geeffaman ergaa Raajii inni hiriyoota warra mana hidhaa keessatti hafaniif dabarsan akkas jedha, "Ani of dadhabeera, du'atti dhiyaachuu kootu natti dhagahamaa jira, kanan isinitti dhaamu kana booda fuulduraaf fayyee isinii fi hawaasa kootti makamee isin waliin jiraadhaa osoo hin taane, inni kun dhaamsa koo isaa dhumaati. Qabsoon nuti jalqabne akka bofa garaa keessa seeneti, gadi harkisanii baasanis, garaa keessatti gadhiifamus bu'aan isaa tokkuma, summii isaa biifera waan ta'eef. Nuti duunus, du'uu baannus (hafnus) kaayyoon keenya ijoollee fi ijoollee ijoollee keenyaan galma gahuun hin hafu. Jedhaa nagaya ta'aa," jechuudhaan erga ibsee booda, gara mana yaalaatti qajeelchuun booda du'a isaa taate.

## 4.1.4. SEENAA GOOTICHA WAAQJIRAA GAMMADAA

Akka ragaa marii garee (18/03/2016) irraa argameen seenaa biyya keenyaa keessatti yeroo baay'ee diinotni kallattii adda addaan uummata biyyattii mirga isaan uumamaan argatan sarbuun qabeenya isaanii saamuun gidiraa hangana hin jedhamneef saaxilaa turan. Haa ta'uu malee Goototni biyyaattiin horattes tole jedhanii harka maratanii bittaa diinotaa kana fudhatanii hin teenye.

Keessattuu naannoo bara 1928 A.L.H yeroo itti biyyi keenya bittaa biyya Xaaliyaanii jalatti kuftee turtetti mootiin biyyattii yeroo sanaa biyyaa baqatus garuu goototni yeroo sanaa kallattii garaa garaan wal-qunnamuun bosonatti galuun sirna faashistii Xaaliyaanii taa'ii fi ka'ii dhorkaa turuu isaanii seenaan ni dubbata. Egaa sosochiin gootummaa sirna bittaa xaaliyaanii raase kun akkuma biyyattiitti ta'us sosochii kana keessatti gaheen gootota oromoo haala teessuma lafa Oromiyaatti fayyadamuun gaarren fi bosana oromiyaatti dayeeffachuun diinota biyya keenyarraa fonqolchuu irratti qooda hiriyaa hin qabne taphachaa turuu isaanii maanguddootni seenaa beekan hedduun ragaa bahanii jiru.

Yeroo Xaliyaaniin biyya weeraraa turtetti baandaan hedduun akka ture seenaan maanguddotarraa arganne ni ibsa. Akka gaafannoo gaggeessinetti baandaa ta'uu lammii biyya keenyaa kuniis sababa mataa ofii qaba.

Innis miidhaa yeroo sana faashistoonni Xaaliyaanii biyyarraan gahaa turan malaa fi humna qabaniin faashistoota Xaaliyanii biyya keessa seente fonqolchuudhafi. Gootota yeroo sana mala adda addaatin Xaliyaanii fonqolchuuf yaalii cimaa taasisaa turan keessa Obboo Waaqjira Gammadaanis tokko akka ta'e maanguddoonni nu hubachiisaniiru. Obboo Waaqjiraan Abbaa isaanii obboo Gammadaa Galatee fi Haadha isaanii aaddee Warqee Jimaa irraa naannoo bara 1895 tti Godina Shawaa Kaabaa /Salaalee/ Aanaa Jiddaa ganda dagaa golbaa iddoo jedhamtutti obbolaa dhiraa afurii (4) fi durbaa sadii (3) waliin dhalate. Obboo Waajiraan abbaa isaanitif ilma hangafaa yommuu ta'an bifti isaa magaala, ija gurguddaa, funyaan konkona, dhaabbataan gababaa kurfaadha. Ijoollumma isaanitti yeroo loon tiksan farda gulufsiisuu akka jaalatanii fi yeruma ijoollummaa isaa onnee cimaa qabaachuu isaatu dubbatama.Erga haala kanaan ijoollummaa isaa dabarsee bultii uume booda hadha manaa sadii(3) irraa ijoollee dhiira jaha (6) fi durbaa torba (7) horate.

Obboo Gammadaan maatii qonnaan bulu irraa waan dhalateef innis maatii isaa hojii qonnaatin bulcha. Haa ta’u malee haalli siyaasaa yeroo sanaa akka Biyyaattis ta’ee akka Addunyaatti rakkisaa waan ta’eef keessattuu yeroo sanatti biyyi keeynya xaaliyaaniin weeraramuuf waan adeemtuuf goototni yeroo sana turan Duula Maacoo irratti ciminaan faashistii fincilaa turan. Waaqjiraa Gammadaas yeroo sanatti Duula Maacoo keessatti ga’umsa cimaan xaaliyaanii fuuldura dhaabbachaa nama tureedha. Erga duulichaa deebi’ee bara 1928 (1936) Xaaliyaaniin biyya keenya weerartee waan turteef Obboo Waaqjiraan gootota keessaa kanneen akka Raas Abbabaa Aragaay faa waliin ta’uun magaalaa Finfinnee keessatti gootota biroo waliin tumsaa biyya isaanii xaaliyaanii irraa bilisa baasuuf gootummaan diina fuuldura dhaabbatanii taa’ii fi ka’ii dhoorkaa turan. Haata’uu malee akkuma yeroo sanatti biyyattii bulchaa kan ture mootiin yeroo sanaa H/Sillaaseen biyya gadhiisee waan tureef humni xaaliyaanii gantoota biyya keessaa(baandaa) dabalachuun gootota keessaa dadhabsiisaa dhufan. Meeshaan waraanaa isaan fayyadamanis kan ammayyaa waan ta’eef haalumaan itti ulfaachaa gaafa dhufu goototni tokko tokko sobanii baandaa fakkaatanii harka wayaa jalaan gootota keessaa deeggaruu filatan. Keessattuu goottichi Waaqjiraa Gammadaa yeroo sanatti lolli Oborii fi Jidda gidduutti waan dhalateef haalli itti cimee ture jedhama.

Maanguddoonni seenaa kana beekan marii garee (19/03/2016) akka nutti himanitti yeruma xaaliyaaniin biyya keenya of harkatti galfatte sana Oborii fi Jiddi akka malee wal weeraraa turan. Lola kanarratti oborii bakka bu’ee lolicha gaggeessaa kan ture Mokonnon Wasanuu yoo ta’u kan Jidda bakka bu’e ammo Waaqjiraa Gammadaa ture. Kanumarraa ka’uun gootichi kun gama tokkoon xaliyaanii gama tokkoon oboriin fincilaa waan tureef meeshaa waraanaa fi deeggarsa biro argachuuf baandaa fakkaatee xaaliyaanitti makamuu filate. Xaaliyaaniinis baandummaa Waaqjiraa fudhachuuun deeggarsa barbaachisu hunda humna faashistii irraa argachuu eegale. Gootni kun deeggarsa meeshaa waraanaa jara irraa argatu kanaan waan lama hojjechaa ture jedhu warri dubbicha keessa beekan. Gama tokoon waraana Mokonnon Wasanuufaan Oborii Jiddarraa faccisuuf meesshaa waraanaa warra Jiddaa hidhachiisaa ture. Gama biraan immoo odeeffannoo humna waraana Xaaliyaanii gootota bosona jiran kanneen akka Abbabaa Aragaayiif dabarsuu akkasumas meeshaalee waraanaa gargaarsa xaaliyaanii irraa argatu hanga tokko qoodaafii kan turee dha.

Akka maanguddoonni aanaa keenyaa Obboo Tadlaa Ayyaanoo (16/05/2016) dubbatanitti seenaan goota kanaa uummata biratti bifa lamaan hubatamaa jira jedhu. Warri dubbicha gubbaasaa qofa beekan Waaqjiraan xaaliyaaniirra goree biyya keenya waraanaa akka tureetti kaasu jedhu. Dubbicha warri haalaan beekan garuu gootni kun duula maacoo irraa eegalee abshaalummaa cimaan diinatti maxxanee isaan fakkaatee odeeffannoodhaa hanga meeshaa waraanaatti gootota xaaliyaanii fuldura dhaabbatanii raasaa turaniif taasisaa akka ture ni beeku jedhama. Haaluma kanaan Obboo Waaqjira Gammadaan guyyaa guyyaa faashistoota Xaaliyaanii daandiin sinitti agarsiisa, haala ummataas sinittan hima jechuuniin  waliin ooluu jalqabe. Halkan halkan immoo gootota keessaa  haala itti  meeshaa argaatanii fi akkaataa humna faashistii waraanuu danda'an mari'atu.Shirri obboo Waaqjiraan uuman yeroo  gabaabduu keessatti milkaa'efii meeshaa waranaa Matarayyeesi sadii,Wajirgaa shanii fi Albeenii wacafoo torba argate. Meeshaa mala kanaan argatan Raas Abbabaa Aragaayyii waliin qixa hiratanii faashistoota Xaaliyaanii waranuu eegalan. Haalli kun faashistoota Xaaliyaanii salphumatti akka rukkutanii fi booji'an isaan  taasise. Haala kanaan goototni biyya keessaa(internal patriot) haala teessuma lafa biyya keenyaatti fayyadamuun gaara,holqaa fi bosona mana godhatanii diddaa biyya keenya dabarsinee humna faashistiif hin kenninuu dura dhaabbachaa erga turanii yeroon booda injifannoon xumuran.  Qabsoo kana keessatti gootichi mala qabsoo diddaa gabrummaa yoroo sanatti hubatee bifa garaagaraan qabsaa'aa ture gootichi Waaqjiraa Gammadaa haala kanaan hiree hiriyaa hin qabne bahaa ture. Kana malees Waaqjiraa Gammadaa lola Oborii fi Jiddaa akkuma bakka bu'ee lolaa ture lolichi dafee akka qabbanaa'uufis jaarsolii bebbeekkamoo walitti yaamuun araarri akka bu'u nama taasiseedha.

## 4.1.4.1. Haala Du'a Waaqjiraa Gammadaa

Akka ragaa obboo Asaffaa Waaqjiraa (16/05/2017) irraa argameen  Akkuma beekkamu turtii waggaa shanii booda erga  goototni biyyattii kallattii adda addaan wal tumsanii  faashistii biyyarraa ari'anii mootiin biyyattii Hayla sillaaseen bakka baqatanii turanii gara biyyaatti deebi'anii turan. Baandota (gantoota) xaaliyaanii waliin ta'anii biyya saamsisaa turanis adabbii hanga fannisuutti irratti murteessaa turan jedhama. Duuti Waaqjiraa Gammadaas haala kanarraa kan fagaatu miti.  Akka keessa beektootni yeroo sanaa dubbatanitti gootichi kun hojii gootummaa akkasii hojjechaa erga turee booda injifannoo goototni biyya keenyaa xaaliyaanirratti gonfataniin walqabatee xaaliyaanota lama booji'ee mana ofiitti fudhatee dhoksee

ture jedhama. Turtii waggaa tokkoo erga of bira dhoksee tursiisee booda dubbichi mootii yeroo sanaa biratti fudhatama waan hin qabneef haala itti dhoksee ajjeesee gatu malate jedhama.

Haaluma kanaan jara lamaan isa bira turan kanneen ajjeesee lagatti gate jedhu. Gootichi kun gocha kana kan raawwateef mooticha Hayla Sillaasee biratti fudhatama argachuu fi gocha baandummaa irraa walaba akka ta'e ibsuuf ture. Haa ta'uu malee gochi isaa kun mooticha baay'ee aarse ture jedhama. Innis bifa lamaan goota kana yakkamaa taasisee fudhate. Gama tokkoon Waaqjiraan xaaliyaanota waggaa tokkoof of bira tursiisuun isaa akka baandaatti fudhatame. Gama biraan immoo qabee dabarsee mootichatti kennuun osoo irra jiruu aanguma isaatiin jaricha fixuun yakkamaa isa taasise. Haaluma kanaan gootichi kun ji'a sadaasaa bara 1934 qabamee murtii dhumaaf H/sillaasee fulduratti goota akka isaa gochaa isaan walfakkatu dalage Alamuu Baraddad waliin magaala Sandaafaatti dhihaatan. Murtiin du'aas itti murteeffame. Haa ta'uu malee haadhi manaa gooticha Waaqjiraa Gammadaa aaddee Urgee Galatee abbaan manaa koo gantuu hin turre, gootota waliin xaaliyaanotaan falmaa ture du'uu hin qabu jettee gochoota gaarii Waaqjiraan biyyatiif dalagaa ture hunda itti dhiheessitee iyyannoo ishee mootichaan ga'atte jedhama. Mootichis iyyaannoo isheef dhageettii kennee goota kanarraa murtii du'aa kaasee ture. Garuu yeroo isheen murticha qabattee gara warra jara fannisuuf qophaa'anitti deebituu abbaan manaa ishee fi goonni bara xaaliyaanii fannifamuun lubbuun isaa haala garaa nama nyaatuun dabarte. murtiin du'aa isa waliin kan itti murtaa'e Alamuu Baraddad yeroo baakka fannoo isaaniif qophaa'e argu sodaatee ofirratti albaanaan Waaqjiraan aaruun dabaree isaa malee ariifatee ofuma isaatii fannichatti seenee of galaafate malee silaa dabare isaa eeggatee jiraatee murtiin haadhi manaa isaa fidde sun ni qaqqaba ture. Egaa akkanaan seenaan goota kanaa goolabame. Goonni du'us seenaan gootaa garuu bara baraan jiraata.

Akka ragaa armaan olii irraa hubatamuun danda'amutti sirna mootii Hayla Sillaasee keessa gootonni Oromiyaa garaagaraa irratti dhiibbaafi cunqursi garaagaraa irratti taasifamaa jiraachuu isaa sirritti namatti agarsiisa. Akkasumasa, gootonni oromoo sirnicha keessatti badii isaanii malee hojiin isaan biyyaaf hojjatan duubbatti gatuun aarsaa lubbuu hin malle kanfalaa turuu isaanii kan namatti agarsiisudha. Goota biyyaaf hojii jabduu hojjatee aarsaa lubbuu hin malle kanfalan keessaa gootichi Waaqjiraa Gammadaas isa tokko.

### 4.1.5. Afwalaloowwan Warra Jiddaa Namoota Bebbeekkamoo Keessatti.

Akka ragaa maanguddoota odeeffannoo nuuf keenna irraa argameen aanaan Jiddaa afwalaloowwaan heedduu dhimmoota garaagarattiif oolu hedduu qabdi. Fakkeenyaaf afwalaloo yeroo gammachuu yeroo gaddaa, yeroo roorroo, yeroo sirnootata garaagaraatifi kan kana fakkataniif oolan hedduu qabdi. Fakkeenyaaf:

"Jiddi faradoo hin sakaaluu

Mormatti mareet gaddiisaa

Obboleessi nama hin dhaanu

Taajjabeetuma itti dhiisaa"

Afwalloon kun akka Jiddaatti afwalaloo namoota baayyee biratti beekkamaa ta'eedha. Jiddi faradoo hin sakaaluu mormatti mareet gadhiisaa yaadni jedhu lafti Jiddaa lafa Horsiisa loonitiif baayyee mijataa waan ta'eef Jiddatti namni faradoo dhabe hin jiru. Akkasumas, lafti Jiddaa lafa diriiraa baayyee ballaa waan qabduuf lafti akka fardi hin dheedne dhorkamu hin jiru. Kun immoo namoo Jiddaa farda keetu kaloo koo dheede jedhee wal himatu tokkolle hin jiru jechuudha. Yaadni obboleessi nama hin dhaanu taajjabeetuma itti dhiisa jedhu immoo Jiddatti waadaajii dhungachuun baayyee beekkamadha. Obbolaan lamaan iddoo wadaajitti yeroo wal argan walitti hin dubbatan inni ihseen hin lolu sababni isaa inni akka ofitti ilaalee obboleetti isaatti hin lolu jechuudha.

Haaluma afwaloloo warra jiddaa armaan olii irraa hubatamuun danda'utti afwaloowwan hudduu warra jiddaa keessaa muraasni afwalaloo namoota bebbeekkamootii walaleeffamus ni jira isaan keessaa muraasni akkaataa itti aanu kanaan dhiyaata.

#### 4.1.5.1. Afwalaloo Weellisaa Wasanuu Diidootif Jedhame

*"Wasanuu manni Jiddaa*
*Ilma Diidoo Booraa Manni Jiddaa*
*Sirba hin dhiisiin firri si jibbaa*
*Sirba hin dhiisiin gostisi Jibbaa*
*Sirba hin dhiisiin Sabni si Jibbaa*
*Sirba hin dhiisiin Biyyisi Jibbaa"*

Jedhanii faarsudhaan sababa akka inni sirba dhiisuu hin barbaadneef, Uummanni waan isa Jalaatuuf akka inni sirba hin dhiisne dhaamsa dabarsaafi turan. Akkasumas afi yoo sirbicha

dhiise garuu Uummanni fi Sabni akka isa Jibbu Sirbaan dhaama turan. Afwalaloo kana inni yeedaloo isaa bareedaafi meeshaa muuziqaa masiinqoon dabaaluun ofii isaatiillee sirbaa akka ture namoonni odeeffannoo irra arganne nutti himan.

### 4.1.5.3. Afwalalowwan Kumalaa Abbabaa Biqilaatiif Jedhaman Muraasa

Akka ragaa obboo Guutaa Tufaa irraa argameen Afwalalowwan kumalaa kumalaa abbabaa biqilaatiif akka biyyaattis ta'ee akka aanaa jiddaatti himaman heddudha. Isaan keessaa muraasini akkatuma odeeffannoo argamerratti hunda'uun haala armaan gadiin kan dhiyaatan ta'a.

"Yaa Abbabaa Abbabaa Biqilaa
Dhiirri Dhiira Caalus 'n Jiraa"

Afawalaloon armaan olii afwalaloo Aanaa Jiddaafi Naannaawaa Salaalee hedduu keessatti akka seensa sirboota hedduu keessatti kan tajaajilaniidha. Kunis gootummaa Abbababaa Biqilaa ibsuuf jecha akkasumas nami goota hin taane tokko akka abbabaatti goota goota caalu akka ta'u onnachiisuf afawalaloon kun erga abbabaaf bahee kaasee hanga har'aatti sirboota haaraa bahu dabalatee afwalaloo kanatti tajaajilamaa jira.
Akka yaada afwalaloo kanaatti dhiirri dhiira caalus 'n jiraa jechuun gootni goota caaluus ni jira jechuu yoo ta'u Abbabaan jabaa keenyafi goota goota caalu waan ta'eef afwalaloo kana kaasuun kan itti fayyadaman ta'uu kan agarsiisudha akkasumas jabinaafi cimina abbabaa kan agarsiisudha

"Yaa Abbabaa Abbabaa Mudhiin Ababaa
Si Nyaattee Korneettiin Addis Ababaa"

Afawaloo armaan olii kana warri jiddaa yeroo abbabaan lubbuun hin jirretti awalaloo gabbiin himamaa turee sirboota hedduu keessattiakka seensatti itti tajajilamaniidha. Innis yeroo abbabaan lubbuun darbu abbabaa diinni Eletirikiidhaan adoochannii akka inni balaan konkoolaataa irra gahetti fakkeessun isa midhaani deeman Warri Jidda quba waan qabaniif afawalaloo kanatti fayyadamuun miira gaabbiin sirbaa akka turanmanguddoonni odeeffannoo irraa arganne nutti himan.

#### 4.1.5.2. Afwalalowwan Ajejaa Dhibbaa Haylamaaram Gammadaatiif Jedhaman

Leessaa abaaboo leessaa /2/

Haylamaaram Gammadaa beetaa /beektaa?

‘Zoor’ jedhi /2/ karaa keessaa

Akka ragaa armaan olii obbo Xilaayee Tumsaa irraa argameen irratti hundaa’uun xiinxalli afwalaloo kanaa ilaalchisee jalqabaratti warri Jiddaa Haylamaaram Gammadaa faaruuf awalaloo itti fayyadamaa turaniidha. Haylamaraam gammadaa eenyu akka ta’e yoo hin beekne fulduura hin dhaabatiinii daandii gadi dhiisiif Innis nama jabaa waan ta’eef eenyuyyuu isa fuuldura ejjachuun hin danda’u ergaa jedhu of keessaa qaba.

### 4.1.5.4. Afwalalowwan Gooticha Waaqjiraa Gammadaatiif Jedhaman

Waaqjiraa gammadaan goota bara Xaaliyaanii Diina Mataa gadi qabachise yoo ta’u Afawaloon hedduun hawaasaan isaaf walaleeffamaa ture muraarasa isaa Manguddoon odeeffannoo irraa arganne haala armaan gadittin nuuf dhiyeessanii jiru.

“Waaqjiraa Gammadaa Galatee

dhiira boobiin dadhabe

har’a ‘saaxiiniin’ gadi qabe”

Akka ragaa armaan olii irraa hubatamuun danda’amutti ergaan afwalaloo sarara lamaan irra jiru ergaa bal’aadha. Waqjiraan goota Faranjiif hin jilbiiffanne ta’uu isaa agarsiisisa. Waraana keessatti waan hedduu dandamachuun keessa kan darbe yoo ta’us duuti waan hin ooleef gootin kun akka inni saaxiin gadi qabetti walaleessanii jiru. Dabalataaniis, cimina isaa ibsuuf afawalaloo armaan gadiitiin isa faarsanii jiru.

“Hoolaa qalee kochee nyaachuu malee

Erga hoomii Waaqjiraan faranjii gabbare”

Akka yaada afwalaloo kanatti Waaqjiraan gootummaa malee faranjii kan hin sodaannefi faranjiif kan hin bitamne ta’uu warri Jiddaa goota isanii kana Afwalaloo isanitiin faarsaa kan turan ta’uu nutti agarsiisa.

# BOQONNAA SHAN : CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1. CUUNFAA

Akkuma seenaa irraa dhageenyu fi nutis dhaloonni har’aa ijaan arginutti Oromiyaan dachee lalistuu waan hunda biqilchituudha. Dacheen tun dachee qabeenya uumamaa kanneen akka biqiloota gosa garaagaraa, haroowwan fi laggeen gurguddoon kanneen faayidaa adda addaaf oolan fi bineensota gosa hedduu kanneen biyyattii hawwatoo taassisan qabaachuun dachee eebbifamtuu jedhamuun beekkamti. Bal’inaa fi badhaadhina ishee kanarraa kan ka’e uummanni ishees aadaa fi seenaa bal’aa, gootota hedduu fi falaasama waraabbamee hin dhumne akkasumas afoolota hedduu kan ittiin ijoolleen ishee baratan hedduu qabdi.

Akka seenaa irraa hubannutti uummanni Oromoo uummata guddaa aadaa fi seenaa galaana qabu ta’uu addunyaatu beeka. Uummanni kun addunyaa tanarratti dhala namaa kan waan gaarii namaaf yaadan hayyoota hedduu adunyaa durii isa rakkoon itti heddumaatu sana keessatti saba isaanitiif waan gaarii yaaduu irra darbee kara nagaa fi diimokiraatawaa ta’een akka jiraatan hojjechaa kan turan hayyoota hedduu akka qabdu seenaan ni hima. Sababa gita bittaa halagaa fi sababoota adda addaatiin uummata addunyaa hunda biratti beekkamuu haa baatuu malee oromiyaan durdur irraa eegalee dachee sirna Gadaa yookiin diimookiraasiidhaan bulaa turte akka taate qorannooleen garaagaraa ifa baasaa jiru.

Biyya Afrikaa keessaa  sirna Gadaa, Sirna Gumaa, ateetee, irreecha, fuudha fi heeruma, jaarsummaa, safuu, duudhaa fi kan kana fakkataniin  uummata beekkamuu dha. Gama goototaatinis oromiyaan gootota kanneen akka Jeneraal Taaddasaa Birruu Kennee, Jeneraal Waaqoo Guutuu, Garasuu Dukii, Elemoo Qilxuu, Baalchaa Abbaa Nabsoo, Agarii Tulluu, Hayila Maariyaam Gammadaa, Abbishee Garbaa, Abdiisaa Aagaa, Oliiqaa Dingil, Maammoo Mazammir, Seefuu Tasammaa, Kabbadaa Buzuneh, Mokonon Wasanuu, Jeneraal Daawwit Abdii, Zawgee Booji’aa, Ejjetaa Fayyisaa, Haajii Roobalee Turee, Haajii Adamii Saaddoo fi kkf. gootota Oromoo sirnoota durii keessa qabsaa’aa turanii fi mirga har’a argameef bu’uura warra kaa’anii darbani dha. Haa ta’uu malee yeroo hedduu jaarraa tokkoo oliif aadaa fi seenaa uumata kana harkaa balleessuu qabsaa’ota kanneenis balleessuu fi seenaa fi aadaan uummtaa kunniinis akka dhokatee hafuuf gita bittootni durii yaalii isaan hin goone hin jiru. Qorataaniis  akka Aanaa Jiddaatti gootota bebeekkamoo seenaan isaanii ifatti bahee beekkaman garuu seenaan isaanii

dandii irraa maqee barreefameefi kanneen seenan isaanii ifatti bahee hin beekamne kanneen akka Waaqjiraa Gammadaa faa seenaa isaanii fi hojiiwwan gaggaarii isaan uummatichaaf hojjechaa turan dhaloonni har’aa akka irraa barataniif qorannoo kun hojjatamee jira.

## 5.2. Argannoo

Seenaan namoota hedduu karaa irraa maqee yookiin seenaan isaanii iddoo itti dhalatanii sirnaan kan hin barreeffamne ta'uu.

Seenaan gootata hedduu hojiin isaanii dhokachuufi dagatamaa dhufuu

Seenaan namoota hedduu inni sirrii hin taane sabqunnamtii adda addaafi kitaabilee barnootaa sirna barnootaa haaraa keessatti maxxanfamaa jiraachuu.

Seenaana namoota hedduu hojiin isaanii akka ifatti bahu moggasni dhaabbilee garagaraa, daandiifi iddoo addaddaatti kan hin moggaafamne ta'uu

Afwalaloo naannawaa jiddatti beekkaman hedduun isaanii ergaa garaagaraa qabaachuu

Seenaan nammota beebbeekamoo tokko tokko manni barumsaafi maqaa isaaniitiin moggaafamuu

Hiddi latiinsa namoota bebbeekkamoo tokko tokko kan dagatame ta'uu

Qorannoonn namoota bebbeekkamoofi seenaan isaanii sirnaaan barreeffameefi qindeeffamee kan hin jiraannee ta'uu.

Afwalaloowwaan naannoo jiddatti beekkaman Afaan Oromootii barreeffaman kan hin jirre ta'uu.

Yaadannoon yeroo adda addaatti  namoota bebbeekamoof taasimamu kan hin jirre ta'uu.

Seenaan Kumalaa Atileet Abbabaa Biqilaa maxxansaaleefi miidiyaa addaa addaa irratti karaa dogoggoraa yeroo himaafi barsiifami jirachuu qorannoon kun bira gaheera.

Iddoon dhalootaafi Abbaan Kumalaa Atileet Abbabaa Biqilaa karaa sirrii ta'een akka himamaa, barsiifamaafi midiyaa garaagaraatiin tamsa'aafi maxxanfamaa jirachuu bira gahameera.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Barreeffani tokko dhimmaa seenaa irratti yemmuu barreeffamu seenaa dhugaa irratti hundaa'ee barrreeffamuu qabu.

- Kitaabileen barnootaafi barruuleen garaa garaa yommuu qopha'uu waa'ee goototaafi namoota bebbeekkamoo ilaalchisee iddoon itti dhalatanii hiddi latiisa isanii sirnaan qoratamee ragaa dhugaa irratti hundaa'uun ofeeggannoon qophaa'uu qaba.
- Seenaan namoota bebbeekkamoo akka hin dagatamne yeroo adda addaatti yaadannoon isaanii kabajamuu qaba. Akkasumas hundeeffama garaagaraa qopheessuun yaadannoon isdaanii dhalootaaf darbuu qaba.
- Ragaan qabatamaafi dhugaa irratti hundaa'ee namoota bebbeekkamoo biyyaaf bu'aa guddaa buusaan seenaa isaanii qindaa'ee barreeffamuun dhalootaaf darbuu qabu.
- Sabqunnamtiifi miidiyaan hawaasaa garaagaraa waa'ee namoota bebbeekkamuu osoo sirritti hin qoratiiniifi hin beekiin hawaasaaf tamsaasuu irraa of qusachuu qabu.
- Biroon aadaafi turizimii aanaa jiddaa seenaa namoota bebbeekkamoo aanichaa kanneen raga sirrii irratti hunda'anii hinbareeffaneefi seenaa isaanii jal'atee barreeffame akkasumas kitaabilee barnootaa irratti barreeefffaman akka sirreeffamuufi haqame hordofuun qaama dhimmi ilaaluuf dabarsuu qabu.
- Afawaloowwaan aanaa jiddaa keessatti beekkaman hedduun kanneen ergaa bal'aa of keessaa qaban qinda'ee barreeeffamuun dhaloota dhufuuf darbuu qaba.
- Maqaafi seenaan namoota bebbeekkamoo hojiilee jabduu garagaraa hojjatan maqaan isaanii dhaabbilee garaagaraa dandiiwwanfi iddoowwaan garaagaraa maqaa isaaniitiin moggaafamuun dhaloota dhufuun yaadatamuu qabu.
- Waajjiri aadaafi tuurizimii aanaa jiddaa safseenaafi afwalaloon warra jiddaa bifa qindaawaa ta'eefi sirrii ta'een galmeessuun dhalootadhufuuf dabarsuu qaba.
- Ogeeyyiin Afaanii hojii Afseenaafi Afwalaloo irratti akka hojjetaniif, qaamni dhimmi Kun ilaallatu hirmaachisuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, namoonni kunniin afseenaafi afwalaloo Afaan Oromootiin gulaaluun barreessitoonni akka barreessan gochuun barbaachisaadha. Kun gama tokkoon carraa hojiillee banuun madda galii waan uumuuf, itti gaafatamummaa fudhatanii akka hojjetan taasisuun rakkoolee jiran furuuf ooluu danda'a. Gamabirootiin, ogeeyyiin afaanii adda ddaa qorannoo geggeessuudhaan, galmee Afwalaloofi Afseenaa qopheessuu, kitaabota seenaafi afwalaloo , seenaa dogoggora uumaman ittiin madaalan qulqullinaafi baay‟inaan qopheessuun karaa hawaasni fayyadama afseenaafi afwalaloorratti hubannoo argatan babal'isuun muteessaadha.

## WABILEE


Addunyaa Barkessaa. (2011). Akkamtaa. Yaad Rime Qorannoo Hujoo: Finfinnee Oromiyaa

______________. (2016). Semmoo Oromiyaa Finfinnee

Alice Mortan (1975). Rethinking And Symbolisim. Cambridge University Press.

Asafaa Tafarraa. (2004) .Theorizing The Present Towards A Sociology Of Oromo Literature : Jaarsoo Waaqoo Poetry. Finfinnee Branna Printing Enterprise.

______________. (2009). Eela Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee Far East Trading PLC.

Awoonor,K. (1975) .The Breast Of The Earth. A Survey Of The History, Culture And Literature Of Africa South Of The Sahara. Nigeria: Nok Publishers International

Bartle Lambent.(1883) .Oromo Religion Myths And Rite Of The Western Oromo Ethiopia

Bascom W. (1965) Four Functions Of Folklore, In Dundus A, (1965) The Study Of Folklore. Burkelay: Printice-Hall, Inc.\

Beekaan Gulummaa .(2015). Koomtoo, Finfinnee Oromiyaa

Ben Amos Dan .(1975). Towards A Difinetion Of Folklore Incontext Reading In American Folklore South.

BERG B. (2001). Qualitative Research Methods For Social Sciences, Califonia Staqte University, Long

Campat Arthu L.(1995). Folklore And History, Westen Folklore. Published By Western States Of Folklore Societyurl.

Canonici, Noverino N. (1996). Zulu Oral Traditions . Zulu Language And Literature Durban: University Of Natal.

Dastaa Dassaaleny. (2002). Bu’uura Qorannoo. Addis Ababaa. Mana Maxxansaa Boolee.

______________. (2013). Bu’uura Qorannoo Finfinnee Far East Trading PLC.

Dirribii Damusee. (2012) Ilaalcha Oromoo. Barruu Aadaa Seenaafi Amantaa Oromoo. Finfinnee

Dorson M, (1972). Folklife And An Introduction. Chicago And London: The Yuniversity Of Chicago Press.

Dorson, Richard (1972) Folklore And Folk Life. Chicago And London: The University Chicago Press

Dundus, A. (1965) .The Study Of Folklore. Englewood Cliffs: N.J Prentice Hall, Inc

Eshete G (2008) African Egalitarian Values And Indigenous Genres: The Function And Contextual Studies Of Oromo Oral Litareture Inistitute Forv Literature , Kultur Og Medier.

Fedhasaa Taaddasaa (2013) .Bu'uura Hogbarruu Oromoo. Finfinnee: Subu Printing Press.

Fekade Azeze. (1999). Yasinaqal Mamriyaa. Addis Ababa: Alfa Printers.

Fekede Azeze (1991) Introduction To Oral Literature 4$^{th}$ Ed. Addis Ababa: Artistic Printing Press

Filee Jaalataa (2016) . Beekumtaa Oromoo. Raajii Finfinnee

Finneng R, (1970) Oral Literature In Africa. Oxford Yuniversity Press Eastern Africa

________ (1992) .Oral Tradition And The Verbal Art, Aguide Research Practice. Newyork. Asia Publisher Ltd. New Delhi.

Georg, R.Afi Jones, M.O. (1995). Folklostic: An Introduction, Biloomingonton And India Polis. India University Press.

Giddu Gala Aadaa Oromoo. (2012) Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa. Mana Maxxansaa Boolee

Hayiluu Hundee (2016). Xiinxala Adeemsa Sirna Gadaa Oromoo Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu, Waraqaa Qorannaa Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qopha'e Yuniversiitii Finfinnee Kan Hin Maxxanfamne

Henare, A. (2007) Thinking Through Things. Theorizing Artefacts Ethnographically. London: New York

Josef Walmanbeg . (2004). Classic Of Semiotics. Newyork: Free Press.

Marzoph. (1998). Whats Folklore Good For? Indian University Press.

Masfin Tashoomaa. (1995). Tapha Ijoolleev Wiirtuu Jildii-7 Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turizimii Oromomiyaa: Finfinnee

Misgaanuu Gulummaa. (2011). Naatoo Duudhaa Gaa'ela Oromoo. Finfinnee: Subi Pirinting Press

Okpewho, I. (1992) African Oral Litareture. Backgrounds, Character And Continuity. Blooming: Indian University Press.

Oring, E. (1986). Folk Group And Folklore Genres. An Introduction Logan Utaha: Utaha University Press.

Oromia Region Education. (2005). Physical Education Student Text Book Grade 10. Mega Publishing Interprise: Addis Ababa.

Rabbiraa Tafarraa. (2009). Gadaa Finfinnee Oromiyaa.

Sims C.M And Martine, S. (1965). Living Folklore. An Introduction To The Study Of People And Their Traditions. Logan Utah: Utah University Press.

Sumner, Cloude. (1996).Oromo Wisdom Literature. (Volume III) Folktels Collection And Anaiysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundations.\

Tondoror, Tzventan. (1972). Symbolism And Interpretation: Cornell University Press.

Vansina Jan. (1985) .Oral Traditions As History, The Bord Of As History Regent Of The University Of Minsconsion System.

Wood Ward. (2007) . Understading Material Culture. Los Angeles: Page Publication.

የኦሮሚያ ክልል ትምህርት ቢሮ. (2014). አማርኛ እንደ ሁለተኛ ቋንቋ የተማሪ መጽሐፍ 7ኛ ክፍል፡ Printed By Mppp S.C

YUUNIIVERSIITII ADDIIS ABABAA
KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANOO AFANOTA A, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII

**Dabalee A. Gaaffii Afaanii Manguddoota Naannoofi Ogeeyyii Seenaa, Aadaa, Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa Beekaniif Dhiyaate.**

Kajamoo maanguddootaafi Beektota Seenaa Aanaa Jiddaa iddattoo qorannoo kanaa taatan hunda keessaniif hojiin koo inni ijoon yookiin Kaayyoon qorannoo kanaa barnoota Afaan Oromoo Ogbarruufi Fooklooriitiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa (MA) guuttachuuf mata duree "Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa: Afwalaloofi Afseenaa Namoota Bebbeekkamoo Ija Afoolessaafi Seengooreetiin Xiinxaluun Dhiyeessuu" jedhu irratti ragaa funaanudhaafi.

Gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuudhaan odeeffannoon isinnirraa argamu qorannoon gaggeessuf guutuu akka taasisun amanama. Kanaafuu odeeffannoo dhugummaafi qabatmummaa ta'aan akka ibsa naaf kennitan kabajaan isin gaafadha. Deeggarsa keessaniif durseen isin galateeffadha.

Qajeelfama: Gaaffilee armaan gadii haala gaaffichaa irratti hundaayuun deebii keennaa.

1. Afseenaan namoota bebbeekkamoo Aanaa Jiddaa Keessatti argaman kan eenyu fa'i?

2. Afwalaloowwaan namoota bebbeekkamoo Aanaa Jiddaa keessatti beekkamana maal maali?

3. Namootni bebbeekkamoo aanaa kana keessatti argaman biyyaaf bu'aa maalii buusan?

4. Hojiileen namoota bebbeekkamoo aanaa kana keessatti biyyaaf bu'aa buusaan yaadachuuf hojiileen hojjatamana maal fa'i?

5. Namootni bebbeekkamoon aanaa kana keessatti argaman eenyu fa'i?

6. Afwalaloowwaan bebbeekkamoon bal'inaan aanaa kana keessatti beekkaman kam kam fa'i?

7. Iddoon yookiin gandi dhalootaa namoota bebbeekamoo aanaa kana keessatti argaman eessa?

8. Hiddi latiinsa namoota bebbeekamoo ganda kana shanan jiddaa keessaa kami?

9. Afwalaloowwaan naannoo yookiin ganda kana keessatti argaman ergaa yokiin fayidaa maalii qabu?

10. Afseenaafi afwalaloon namoota bebbeekamoo aanaa jiddaa bifa qindaawaa ta'een bareeffamee dhalootaaf taa'eraa?

YUUNIIVARSIITII ADDIIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANOO AFANOTA A, JOORNAALIZIMIIFI

QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI

FOOKLOORII

## Dabalee B. Gaaffii marii garee Manguddoota Naannoofi Ogeeyyii Seenaa, Aadaa, Afseenaafi Afwalaloo Warra Jiddaa Beekaniif Dhiyaate.

Kajamoo maanguddootaafi Beektota Seenaa Aanaa Jiddaa iddattoo qorannoo kanaa taatan hunda keessaniif Gaaffilee armaan gadii bu'uura godhachuudhaan odeeffannoon isinnirraa argamu qorannoon gaggeessuf guutuu akka taasisun amanama. Kanaafuu odeeffannoo dhugummaafi qabatmummaa ta'aan akka ibsa naaf kennitan kabajaan isin gaafadha. Deeggarsa keessaniif durseen isin galateeffadha.

II. Odeeffannoo Qorannichaa

1. Namootni bebbeekkamoon aanaa kana keessatti argaman eenyu fa'i?

2. Hojiileen namootni bebbeekamoon aanaa kana keessatti ittiin beekaman maal fa'i?

3. Qorannoon namoota bebbeekamoofi afwalaloo aanaa kana irratti hojjatame jira?

4. Dhaabbileen garaaraga maqaa namoota bebbeekkamootiin aanaa kana keessatti moggafame jiraa? Yoo jiraate dhaabbilee kam fa'i?

5. Seenaafi hojilee namootni bebbeekamoon hojjatan beeksiisuuf akka aanaa kanaatti hojiileen hojjataman maal jira? Yoo jiraate maal fa'i?

6. Afwalowwaan namoota bebbeekamootiin hojjataman yookiin isaan hojjatame jiraa? Yoo jiraate kam fa'i

**Dabalee C. Cheekliisiitii daawwaannaa**

| Lakka. | Qabxiilee daawwannaa | Guyyaa daawwannaa |
|---|---|---|
| 1. | Gandoota namootni bebbeekkamoon keessatti argaman daawwachuu | 19/04/2016 |
| 2. | Iddoo dhalootaa namootni bebbeekkamoon itti dhalatan daawwachuu | 19/04/2016 |
| 3. | Maatii namoota bebbeekkamoo iddoo mana jireenyaa isaanii deemuun daawwachuu | 07/06/2016 |
| 4. | Afawalaoowwaan Aanaa Jiddaa keessatti himaman maal akka jedhan hirmaattoota biratti argamuun daawwachuu | 21/06/2016 |

**Dabalee D. Maanguddotafi beektota seenaa marii garee irratti hirmaata**

| Lakk. | Maqaa | Umrii | Hojii | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Asaminnoo Birraatuu | 45 | Hojjetaa waajjira aadaafi turizimii | Jiddaa | Dagaa Golbaa |
| 2 | Fiqaaduu Hundee Bulchaa | 71 | Maanguddoo | Jiddaa | Ayiddaa |
| 3 | Daamxoo Rattaa Baqqalaa | 40 | Barsiisaa | Jiddaa | Ayiddaa |
| 4 | Tadla Ayyaanoo Galatuu | 85 | Maanguddoo | Jiddaa | Magaalaa Sirxii |
| 6 | Biraanuu Hordofaa Roobii | 60 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Siibaa Sirxii |
| 7 | Gammadaa Maangashaa Galaan | 85 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Horoo Aaabbuu |
| 8 | Obboo Guutaa Tufaa | 76 | Abbaa gadaa | Jiddaa | Dagaa golbaa |
| 9 | Obboo Mokonnin Bayyanaa | 87 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Gaangoo |
| 10 | Obboo Tadlaa Ayyaanuu | 83 | Manguddoo | Jiddaa | Gaangoo |

**Dabalee E. Maanguddotafi Beektota Seenaa Marii Garee Irratti Hirmaata**

| Lakk. | Maqaa | Umrii | Ibsa | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Asaffaa Waaqjiraa Gammadaa | 88 | Jaarsa Biyyaa | Jiddaa | Dagaa Golbaa |
| 2 | Yirdaa Guddaa | 78 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Siibaa Sirxii |
| 3 | Aaddee Walashee Daadhii | 69 | Maanguddoo biyyaa | Jiddaa | Siibaa Sirxii |
| 4 | Shifarraa Arfaasee | 74 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Ayiddaa Daawoo |
| 5 | Baalchaa Abdii Araddoo | 76 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Siibaa sirxii |
| 6 | Biraanuu Adaraa | 78 | Jaarsa biyyaa | Jiddaa | Siibaa Sirxii |
| 7 | Xilaayee Tumsaa | 92 | Jaarsa biyy | Jiddaa | Ayiddaa Daawoo |
| 8 | Obbo Simee Biqilaa | 90 | Obboleessa Atileetkumalaa Abbabaa | Jiddaa | Gaangoo |
| 9 | Aaddee Xiggee Biqilaa | 71 | Obboleettii Atileet kumalaa Abbabaa Biqilaa | Jiddaa | Gaangoo |
| 10 | Obbo Kabbadaa Taklee | 78 | hiriyaa Atileet kumalaaAbbabaa | Jiddaa | Gaangoo |
| 11 | Obbo Gammadaa Maangashaa | 84 | Abbaa Gadaa Jiddaa | Jiddaa | Gaangoo |


**Suuraa1. Ajejaa Dhibbaa Haylamaaram Gammadaa**



**(Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jiddaa Bara 2016)**

## Suuraa 2. Waaqjiraa Gammadaafi Haadha Manaa Isaanii Addee Urgee Galatee

**(Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jiddaa bara 2016)**





**Waaqjiraa Gammadaa, Goota Bara Xaaliyaanii Addee urgee galatee haadha manaa waaqjiraa gammadaa**


## Suuraa3. Haadha Manaa Wasanuu Diidoo, Muluu Masqalee

**(Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jiddaa 2016**)




## Suuraa 4. Artiist Wasanuu Diidoo

**(Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jiddaa**)



**Suuraa 5.  Kumalaa Atileet Abbabaa Biqilaa**

**(Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jiddaa**)





**Suuraa 6. Obboo Simee Biqilaa Obboleessa Abbabaa Qa'ee Warraa Abbabaa Biqilaa.**



**(Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Jiddaa bara 2016)**